# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII QUUNNAMTII OGEEYYII FAYYAAFI WAL'AANAMTOOTA HOSPITAALA AAYIRAA

**SUUTUMAA NAGGASAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**
**AFAAN OROMOOFI OGUBARRUU BARSIISUU**
**GAMISAAN  GUUTTACHUUF MUUMMEE**
**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI**
**FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII WALQUNNAMTII OGEEYYII FAYYAAFI WAL’AANAMTOOTA HOSPITAALA AAYIRAA

SUUTUMAA NAGGASAATIIN

GORSAAN:ADDUNYAA BARKEESSAA(PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIIMIIFI QUNNAMTIITTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA,2011/ 2019

FINFINNE

**Yuuniversiitii addis ababaa**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun Guuttachuuf Suutumaa Naggasaan Mata-Duree "Xiinxala Fayyadama Afaanii Quunnamtii Ogeeyyii Fayyaafi Wal'aanamtoota Hospitaala Aayiraa" jedhuun qophaa'e, sadarkaa yuunivarsitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa__________________Mallattoo_________________Guyyaa________________

Qoraa Keessaa________________Mallattoo________________Guyyaa________________

Gorsaa______________________Mallattoo________________Guyyaa________________

---

Dura Ta'aa Muummee Yookaan Walittiti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA

## Axereera

*Qorannoon kun fayyadama afaanii Walquunnamtii ogeeyyiin fayyaafi wal'aanamtoonni hospitaala Aayiraa taasisan xiinxaluu irratti xiyyeeffate. Kaayyoon qorannoo kanaa walquunnamttii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoonni taasisan : gama fayyadama afaaniitiin xiinxaluudha. Akaakuun qorannoo dhiimma itti ba'aame akkamtaa yeroo ta'u, Malleen funaansa ragaalee immoo afgaaffiifi daawwannaadha. Bu'uuruma kanaan argannoowwan qorannoo kanaa akka ogeeyyii fayyaafi wal'aanamtoonni dubbatanii akka walhubachuu hin dandeenye godhe, ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoonni afaan walii beekuu dhabuu, jechoota bakka adda addaatti hiikaa garaagaraa qaban fayyadamanii walitti dubbachuu, kanneen mallattoolee miti dubbii fayyadaman ogeeyyii fayyaa quunnaman walhubachuu dhabuu, namoota sammuun isaanii dhukkubsatan, namoota nama hubachuu hin dandeenyeedha. Rakkoo afaaniin walhubachuu dhabuu tajaajila ogeeyyiin fayyaa kennan irratti, ogeeyyiin fayyaa odeeffannoo wal'aansaaf barbaadan wal'aanamtoota irraa argachuu waan hin dandeenyeef dhukkubsattootaaf tajaajila gahaafi qulqulluu ta'e kennuu dhabuu. Rakkoon afaaniin walhubachuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti walitti bu'iinsa waan uumuuf hariiroon gidduu isaanii jiru laafaa ta'uu. Sababa kanaan dhukkubsattootarra rakkoowwan kanneen akka tajaajila gaarii argachuu dhiisuu, tajaajila godhameefitti gammaduu dhiisuu, dhukkubarraa osoo hin fayyiin hafuudhaan qabeenya hedduu baasuufi yeroo isaanii qisaasessuun miidhamu. Bu'aa qorannoo kanaa booda furmaata ta'a jedhee kan qoratichi eere keessaa:-ogeeyyii fayyaa afaaan dhukkubsattootaa hin beekneef hospitaalichi osoo leenjii laateefi yookaan afaan naannichaa osoo barsiisee gaarii ta'ee mul'ata.*

# Galata

Waan hundumaa dursee nagaafi fayyaa naaf kennuun hojii qorannoo kana akkan geggeessu isa godhe Waaqayyoof galanni koo yoomiyyuu hindhumu. Itti aansuudhaan, qorannoo kana milkeessuuf bifa ammaa kana qabatee akka qophaa'uuf yeroo isaanii aarsaa gochuun nuffiifi muffii tokko malee deeggarsa ogummaa naaf kennaa, na sirreessaafi na jajjabeessaa kan turan gorsaa koo Addunyaa Barkeessaa (PhD) guddaan galateeffadha.

Jalqabaa kaasee akkan barumsa kana baradhuuf haala hundaa naaf mijeessuun akkasumas sagantaa baafame keessatti akkan raawwadhuuf na jajjabeessaa kan turan b/saa Ittaanaa Oljirraa fi warra manaa isaanii, b/saa Fiqiruu Nagaasaaf galatan qaba. Odeeffannoo qorannoo kootiif na barbaachisu fudhachuuf yeroon gara HospitaalaWaliiga Aayiraatti deddeebi'aa turetti ogeeyyii fayyaa yeroo isaanii naaf kennanii odeeffannoo barbaachisu naaf kennan, akkasumas dhukkubsattoota utuu miirri dhukkubbii itti dhaga'aamuu odeeffannoo na barbaachisu naa kennuun deggersa naa godhaa turaniifi dhowwaa tokko malee yaadasaanii ifa baasanii hamma beekan odeeffannoo kanneen naaf kennan mara isaanii, akkasumas bulchiinsa hospitaalichaa obbo Malkaamuu Ayyaanaa akkan ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoota irraa odeeffannoo fudhadhuuf waan naa eeyyamaniif utuun hingalateeffatin bira hindarbu. Barreeffama qorannoo kanaa jalqabaa kaasee hanga dhumaatti 'Lap top' naaf ergisuun nuffii tokko malee yeroon barbaadetti naaf kennuun qorannoo kanarratti qooda kan fudhate Barsiisaa Mitikkuu Tasammaa utuun hin galateeffatiin hindarbu. Akkasumas, hiriyyoottankoo yaadaanis ta'e gochaan gumaacha guddaa naaf taasisan Wubaayyoo Olaanii,Asaffaa Mokonniin, Tacaanee Aliifi Taarikuu Fiqaaduu galanni koo onneerraa madde bakka jirtanitti isin haa qaqqabun jedha.

## Baafata

**Qabiyyyee** **Fuula**

Axereera....................................................................................................i
Galata.................................................................................................... ii
Boqonnaa Tokko: Seensa ....................................................................1
1.1. Ariirrata Qorannichaa ....................................................................1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ....................................................................3
1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa ....................................................4
1.4. Kaayyowwan Qorannichaa ............................................................4
1.4.1. Kaayyoo Gooroo ........................................................................5
1.4.2. Kaayyowwan Gooree ..................................................................5
1.5. Faayidaa Qorannichaa ....................................................................5
1.6. Daangaa Qorannichaa ....................................................................6
1.7. Hanqina Qorannichaa ....................................................................6
1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa ............................................................6
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ........................................................9
2.1. Yaadrimee Quunnamtii ..................................................................9
2.1.1. Qunnamtii Akka Mallattootti ....................................................10
2.1.2. Qunnamtii Akka Qoodduu Yaadaatti .........................................10
2.1.3. Qunnamtii Akka Hiikaatti ........................................................11
2.2. Yaaxxina Quunnamtii ....................................................................11
2.2.1. Yaaxxina Hawaasummaa ............................................................12
2.2.2. Yaaxxina Sirnaawaa ..................................................................12
2.3. Akaakuu Qunnamtii ......................................................................12
2.3.1. Qunnamtii Afaaniin Taasifamu ..................................................12
2.3.2. Qunnamtii Mallattooleen Taasifamu ..........................................13
2.4. Wantoota Qunnamtii Milka'aaf Gufuu Ta'aan .................................13
2.4.1. Rakkoo dubbatanii Walhubachuu Dhabuu ....................................14

2.4.2. Rakkoo Xinsammuu ........ 14
2.4.3. Rakkoo Sirnaa ........ 15
2.4.4. Rakkoo Amala Nama Dhuunfaa ........ 15
2.5. Yaadrimee Fayyadama Afaanii ........ 15
2.6. Afaaniin Waliigaluu (walqunnamuu) ........ 17
2.7. HaalotaFayyadama Afaanii Murteessan ........ 19
2.7.1. Haala Dinagdee ........ 20
2.7.2. Haala Teekinooloojii ........ 20
2.7.3. Haala Aadaa Hawaasaa ........ 21
2.8. Fayyadama Afaanii Qunnamtii Bakka Garaagaraatti Taasisamu Keessatti ........ 21
2.8.1. Daree Barnootaa Keessatti ........ 22
2.8.2. Mana Murtii Keesaatti ........ 22
2.8.3. Tajaajila Fayyaa Keessatti ........ 23
2.9. Rakkoolee Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Ogeeyyii Fayyaafi Wal'aanamtoota Gidduutti Uumamu ........ 24
2.10. Qorannoowwan Aantee ........ 25
Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa ........ 28
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 28
3.2. Madda Ragaa Qorannichaa ........ 29
3.2.1. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname ........ 29
3.2.1.1. Afgaaffii ........ 30
3.2.1.2. Daawwannaa ........ 30
3.3. Mala Iddattoo Qorannichaa ........ 31
3.3.1. Mala Akkayyoo ........ 33
3.3.2. Mala Hammargee ........ 34
3.4. Mala Ragaan Ittiin Qaacceffame ........ 35
3.5. Naamusa Qorannichaa ........ 35
Boqonnaa Afur: Dhiyeessiifi Xiinxala Ragaalee ........ 37
4.1. Xiinxala FayyadamaAfaanii Ogeessa Fayyaafi Wal'aanamaa Gidduutti Mul'atu ........ 37

4.1.1. Wantoota Quunnamtii Afaanii akka ogeeyyiin fayyaa wal'aanamtoota hin Hubanne Taasisan ........ 37
4.1.1.1. Rakkoo Jechootaan Walhubachuu Dhabuu ........ 37
4.1.1.2. Rakkoo Xiinsammuu ........ 40
4.1.1.3. Rakkoolee Quunnamtii Mallattooleen Taasifaman ........ 41
4.1.2. Wantoota Quunnamtii Afaanii Wal'aanamtoonni Akka Ogeeyyii Fayyaa Wajjin Wal Hinhubanne Taasisan ........ 42
4.2. Ergaa Fayyadamni Afaanii Ogeeyyii Fayyaafi Wal'aanamtoota Gidduutti Qabu ........ 46
4.2.1. Ergaa Fayyadamni Afaanii Ogeeyyii Fayyaa Wal'aanamtoota Biratti Qabu ........ 46
4.2.2. Ergaa Fayyadamni Afaanii Wal'aanamtootaa Ogeeyyii Fayyaa Biratti Qabu ........ 48
4.3. Fayyadama Afaanii Garaagarummaa Aangoo Ogeessaafi Wal'aanamaa Gidduu Jiru Agarsiisu ........ 51
4.3.1. Fayyadama Afaanii Aangoo Ogeeyyii Fayyaa Agarsiisan ........ 51
4.3.2. Fayyadama afaanii aangoo wal'aanamtootaa argisiisan ........ 52
4.4. Rakkoolee Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Ogeeyyii Fayyaafi Wal'aanamtoota Gidduutti Uumu. ........ 53
4.4.1. Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Tajaajila Fayyaa Ogeeyyiin Fayyaa Kennan Irratti Dhiibbaa Inni Qabu ........ 53

4.4.2. Rakkoo Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Wal'aanamtoota Irratti Qabu..........56
4.4.3. Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Hariiroo Ogeeyyii Fayyaafi Wal'aanamtootaa Gidduutti Dhiibbaa Inni Uumu..........57
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo..........63
5.1. Cuunfaa..........63
5.2. Argannoo..........65
5.3. Yaboo..........66
Wabii..........68
Dabaleewwan..........

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan tajaajila hawaasaa keessatti ga'ee olaanaa qaba. Tajaajilli kun ammoo iddoo garaagaraatti haala adda addaa keessatti hojiirra oolchaniidha. Tajaajilaafi haala afaan keessatti tajaajilu kana ilaalchisee hayyuun Hudson (1996:230) yoo ibsu, "The social functions of language are the ways in which we use language to give our view of our relationships to people" jedha. Akka yaada kana irraa hubannuutti afaan tajaajila hawaasaa keessatti karaa yaada keenya ittiin ibsannuufi hariiroo namoota biroo waliin qabnu itti cimsannuudha. Afaan meeshaa waliigaltee dhala namaa kan hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa guyyuu keessatti karaa adda addaa dhimma itti bahuudha.

Waliigaltee karaa ifa ta'een ilmaan namaa gidduutti uumamu keessattis afaan idoo olaanaa qaba. Hayyoota garaagaraa wabeeffachuun akka Addunyaan (2012) ibsutti hayyoonni xinqooqaa tokko tokko (some linguists) sagalee dubbiirratti xiyyeeffachuun, afaan kan dhalli namaa sagalee dubbii walitti qindeesuun ittiin walii galu waan ta'eef, meeshaa wal-quunnamtiiti jedhu. Akka hayyoota xinqooqa hawaasaatti (as to socio linguists) ammoo, afaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti (Fishman 1968; Thomas and Wareing 1999). Kanneen walitti dhufeenya afaaniifi aadaa qoratanis (anthropologists) gama isaaniitiin afaan baattuu aadaati jedhanii hiikuu yaalu Lyons (1981). Yaada hayyootaa kanarraa waanti hubatamu, afaan qindoomina sagalee dubbiirrraa ka'ee walitti qindaa'uun meeshaa waliigaltee dhala namaa akka ta'e, ibsituu eenyummaafi baattuu aadaa saba tokkoos ta'ee akka tajaajilu nu hubachiisa. Akkuma kana, tajaajilli afaanii jiruufi jireenya hawaasaatiin walqabatee adeema waan ta'eef, haala fayyadama isaatiinis dhimmoota hawaasichaa hunda keessatti hiikaafi ergaa bal'aa ta'e qaba.

Wantoonni jireenya hawaasaatiif barbaachisan kan ittiin ibsaman karaa afaaniitiin ta'a. Haalli fayyadama afaanii kun ammo iddoowwan garaagaraatti bifa adda addaatiin hojiirra oola. Akka hayyuun Halliday (1994)akka ibsuutti namoonni haala jireenya isaanii irratti hunda'aanii fayyadama afaanii kanneen akka iddoo daldalaa, mana yaalaa, iddoo taphaa, dirree siyaasaafi kkf keessatti haala garaagaraatiin dhimma itti ba'u. Gama birootiinis itti fayyadamni afaanii ilaalchaafi raawwii namootaatiin kan walqabatu ta'uudha. Yaada kanaas

Hodgefi Kress (1993:257) yoo ibsan, “language is to treat as ideology, actional and rational classification of thoughts and ideas should be taken into consederation” jedhu. Akka yaada ibsame kanaatti fayyadamni afaanii namoota yaada garaagaraa qaban karaa giddu galeessa ta’een walitti fiduun kan wal taasisu ta’uu hubanna.

Yaadota gubbaaatti dhiyaate kanneen irraa ka’uun afaan haala iddoo garaagaraatti dhimmoota adda addaatiif karaa garaagarummaa qabuun hawaasni waliigalteef kan itti fayyadamu ta’uu hubachuun ni danda’aama. Namoonni yeroo afaanitti fayyadaman haala afaan iddoo sanii beekuufi beekuu dhabuun walqunnamtii gidduu isaaniitti taasifamu irratti dhiibbaa geessisuu danda’a. Kana malees, akka Timmins (2002) jedhuutti, dhukkubsataan yookiin dhukkubsattuufi ogeessi fayyaa yookiin ogeettiin fayyaa yoo dubbatanii wal hin hubanne rakkoon mul’atu hedduudha jedha. Isaan keessaa muraasni, odeeffannoo quubsaa dhukkubsattoota irraa argachuu dhabuu, rakkoo hordoffii, bu’aa yaalii irraa argameefi of eeggannoo dhukkubsattoonni gochuu qaban ibsuu dhabuu fa’i, jechuun barreesseera. Yaada kana irraa waanti hubatamu walqunnamtiin qaamota lachuu gidduutti taasifamu walhubachuun gidduu isaanii hin jiru yoo ta’e rakkoo guddaan akka uumamu namatti agarsiisa.

Bischoff (2010) afaan qunnamtii dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduuti raawwatamuufi odeeffannoowwan garaagaraa waa’ee dhukkubsattootaafi mallatoo dhukkubichaa funaannachuuf tajaajila jedha. Akkaataa ogeeyyiin fayyaa odeeffannoowwan kana itti funaannatan ammoo dhukkubsattootaafi maatii dhukkubsattootaa wajjin waliin dubbii taasisuun qorannoo geggeessuudhaan haala dhukkubsattootaa ilaaluufi malleen birootti fayyadamuudhaan ta’uu danda’a. Ogeeyyiin fayyaa kunneen odeeffannoo walitti qabatan irratti beekumsa isaanii dabaluun dhukkubicha erga adda baasanii booda qaamota birootiif beeksisu. Qaamoleen isaan itti beeksisan kunneenis dhukkubsattoota, kutaa qorichaafi qaama biroo ta’uu danda’u.

Walumaa galatti, itti fayyadamni afaanii mana yaalaa keessatti qunnamtii dhukkubsattootaafi ogeeyyi fayyaa gidduutti taasifamu cimsuudhaaf qulqullina tajaajila fayyaatiif faayidaa olaanaa qaba jechuun ni danda’aama. Habloms (2007) rakkoon dhuunfaa, garaagarummaan aadaa, afaan walii beekuu dhabuun dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa, hanqinni hubannoofi

kan kana fakkaatan dhukkubsattoonniifi ogeeyyiin fayyaa akka afaaniin wal hubachuu hin dandeenyeef sababa ta'uu ni danda'a  jedha.

Kanarraa ka'uun, qunnamtiin dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti raawwatamu sababa rakkoo afaaniin walhubachuu dhabuutiin dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti sababoota garaagaraatiin mul'achuu ni danda'a (Sabriya, 2014). Qugen (2007) akka ibsutti, ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni afaaniin yoo wal hin hubanne rakkoon uumamuu danda'u dhukkubsattootaaf yaalii qulqulluu ta'e kennuu dhabuufi tajaajila kennameefitti gammaduu dhiisuu dhukkubsattootaafaa ta'uu danda'a, jedha. Afaan dhaabbata garaagaraa keessatti faayidaa guddaa qaba. Isaan keessaa tajaajilli afaan mana yaalaa keessaatti qabu olaanaadha. Yaaduma kana Beatrice (2013) afaan mana yaalaa keessatti qaamolee garaagaraa kan akka dhukkubsataafi ogeeyyii fayyaa, ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattootaa akkasumas, ogeeyyii fayyaa ga'ee garaagaraa qaban wal qunnamsiisuuf shoora olaanaa taphata jetti.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Fayyadama afaanii ilaalchisees, namoonni bakka garaagaraatti dhimma adda addaaf afaanitti fayyadamanii dhimma isaanii dhiyeeffatu. Fayyadamni afaanii dhimma, haalaafi iddoo itti tajaajiluu wajjin walqabatee jijjiiramaa kan deemuudha. Kana irraa ka'uudhaan quunnamtiin afaanii daldala keessaatti, mana murtii keessaatti, dhaabbilee amantaa keessaatti, dhaabbilee fayyaafi k.k.f keessaatti rakkoon itti fayyadama afaanii ni mul'ata. Ka'umsi qorannoo kanaa rakkoo walquunnamtii ogeeyyii fayyaafi wal'aanamtoota gidduutti Hospitaala Aayiraa keessatti darbee darbee yeroo wal'aanamtoonniifi akiimonni walquunnamanmul'atuudha. Ka'umsi qorannoo kanaas ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni quunnamtii afaaniin taasisan keessatti sababoota garaagaraatiin walhubachuu dhabuurraan kan ka'e gidduu isaaniitti rakkoolee hedduutu uumama. Rakkoon uumamu kun immoo dhukkubsattoota irraan miidhaa geessisuu danda'a. Rakkoolee kanneen yeroo garaagaraatti waan argeef mata-duree kana irratti qorannoo akka geggeessu isa taasisee jira.

Qoratichi yeroo dhukkubsatees ta'e, dhukkubsataa geessee hospitaalicha dhaqu ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattootaa wajjin dubbatanii walhubachuu irratti hanqiinni jira. Sababni isaa

ogeeyyiin fayyaa bakka kanaa hojjetan kanneen biyya alaafi bakka garaagaraa irraa dhufan kanneen afaan ingilizii dubbataniifi kanneen afaan amaaraa dubbatan waan jiraniif afaan dhukkubsattootaa beekuu dhabuun rakkoon uumamuu isaa iraa ka'eeti. Kana malees ogeeyyii fayyaa naannoo sanatti dhalatanii kanneen afaan amaaraa hin beekne waan jiraniif dhukkubsattoota afaan Amaaraa qofa dubbatanii wajjin quunnamtii taasisuu hin danda'aan. Kun ammoo akka dhukkubsattoonni of eeggannoo taasisuu qaban ogeeyyiin fayyaa haalaan akka isaanii hin kennine taasisee jira. Dhukkubsatoonnis dhukkuba isaanii akka barbaadanitti himatanii waliigaluun tajaajila barbaachisaa ta'e argachuuf hindandeenye.Tajaajila godhamuufiittis hingammadan. Dabalataan waan itti himamellee adda hin baafatan. Qoratichi wantoota ijaan arge kanarraa ka'uudhaan dubbatanii walhubachuu dhabuutiin dhukkubsattoota irra miidhaa ga'uu danda'u qorannoo kanaan xiinxalee dhiyeesseera. Qorannoon kanaan gaaffilee bu'uuraa deebii argachuu yaalan  kanneen armaan gadiiti.

### 1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebisuu yaala.

1. Hospitaala Ayiraa keessaatti, quunnamtiin afaanii ogeessaafi wal'aanamtoota gidduutti mul'atu maal fakkaata?
2. Fayydamni afaanii ogeessaafi wal'aanamaa gidduutti mul'atu hospitaalicha keessatti ergaa akkamii qaba?
3. Fayyadamni afaanii Hospitaala Aayiraa keessatti mul'atu akkamiin garaagarummaa aangoo ogeessaafi wal'aanamaa agidduu jiru agarsiisa?
4. Dhukkubsattootaafi ogeessi fayyaa afaan walii beekuu dhabuun isaanii dhiibbaa akkamii qaba?

### 1.4. Kaayyowwan Qorannichaa

Kaayyooon qorannoo kanaa bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaaniis kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree jedhamanii qoodamu.

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon qorannoo kanaa fayyadama afaanii quunnamtii Ogeeyyii Fayyaafi Dhukkubsattoonni Hospitaalli Aayiraa taasisan  maal akka fakkaatu xiinxaluudha.

### 1.4.2. Kaayyowwan Gooree

1. Hospitaala Aayiraa keessatti quunnamtii afaanii ogeeyyii fayyaafi wal'aanamtoota gidduu jiru maal akka fakkaatu ibsuuf.
2. Fayydamni afaanii ogeessaafi dhukkubsataa gidduutti mul'atu hospitaalicha keessatti ergaa akkamii akka qabu ibsuuf.
3. Fayyadamni Afaanii Hospitaala Aayiraa keessatti mul'atu akkamiin garaagarummaa aangoo ogeessaafi dhukkubsataa gidduu jiru ibsuuf
4. Hospitaala Aayiraa keessatti ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoota gidduutti fayyadama afaaniitiin wal qabatee rakkooleen jiran maalfa'a akka ta'aan ibsuuf

## 1.5. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu calluma jedhee kan geggeeffamu osoo hintaane, faayidaa mataa isaa qaba. Qorannoon kun geggeeffamuun isaas faayidaalee armaan gadii argamsiisa.

- ✓ Argannoon qorannoo kanaa, Ogeeyyii fayyaa hospitaalichatti hawaasa tajaajilaniif fayyaduu danda'a. Kunis argannoo qorannoo kanaa hospitaalicha keessa bakka ogeeyyiin fayyaa dubbisuu danda'aan kaa'uudhaan hubannoo irraa argatanii tajaajila fayyaa  qulqulluu ta'e hawaasaaf kennuu danda'u. Dhukkubsattoonnis tajaajila qulqulluu argachuu ni danda'u.
- ✓ Koree waaltina Afaan Oromoo irratti hojjetaniif akka madda ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.
- ✓ Namoonni waa'ee xinqooqa hawaasummaa irratti barreessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.
- ✓ Ogeeyyiin fayyaa bu'aa qorannoo kana irraa argamuun yoo fayyadaman qulqullina tajaajila fayyaa fiduu waan danda'aaniif dhukkubsattootaafi hawaasa tajaajila adda addaa hospitaala kana irraa argatan fayyaduu ni danda'a.

- ✓ Namoota qorannoo mata-duree kanaan walitti dhufeenya qabu geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti tajaajiluuuu ni danda'u.

### 1.6. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaa naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Aayiraatti, Itti Fayyadama Afaanii Hospitaala Ayiraa keessatti: Xiyyeeffannoon walqunnamtii ogeeyyii fayyaafi Dhukkubsattoota gidduutti taasifamu irratti kan adeemsifameedha. Kunis adeemsa tajaajila fayyaa kennuu keessatti dhimmoota itti fayyadama afaaniitiin wal qabatan kan bu'uureffateedha. Sababni bakkichi filatameefis qoratichi aanichatti waan dhiyaatuufi dabalataan rakkoon itti fayyadama afaanii yookaan qunnamtii afaanii ogeessa fayyaafi dhukkubsataa gidduutti qofa taasifama osoo hin taane ogeeyyii fayyaafi qaamolee garaagaraa gidduuttis ta'uu danda'a. Kanaaf rakkoon qunnamtii afaanii dhabuutiin wal'aanamtoota irra ga'u cimee waan itti mul'ateef qabiyyee qorannoo isaa kana rakkoo dhukkubsattootarra ga'uu danda'u qofaa irratti daangessee jira. kana malees, yeroofi hanqinni maallaqaallee isa mudachuu waan danda'uuf bakka qorannoo isaa daangesseera. yaadonni qoratichi fudhatees kan qaamota ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattootaa qofaadha.

### 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo geggeeffamu kam keessattuu hanqinni muraasni kanneen armaan gadiiti. Hanqinni maallaqaafi yeroo qoraticha mudachuudha. Akka hospitaalichaatti kanaan dura namoonni qorannoo bakka sanatti geggeessan waan hin jirreef ogeeyyiin fayyaa odeeffannoo kennuuf of qusachuu, dhimmi kun nan ilaallatu jedhanii yaada kennuu dhiisuu, dhukkubsattootaaf maalummaan qorannichaa hubatamuufii dhiisuufi inni biroon qorannoo kana keessatti qoraticha mudate od-himtoonni akkaataa barbaachisaa ta'eetti odeeffannoo qoratichaaf barbaachisu kennuu dhabuu, ogeeyyiin fayyaa tokko tokko odeeffannoo kennuuf fedhii dhabuu, haalli naannichaa rakkoo nageenyaa waan qabuuf qoratichi yeroo barbaachise keessatti deemee odeeffannoo fudhachuuf rakkachuufaan hanqina qoraticha mudateedha.

### 1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Aanaan Aayiraa GodinaWallagga Lixaa keessatti fageenya KM 78 fagaattee kan argamtu yoo taatu, Magaalaa guddittii biyyaa Finfinnee irraa KM 504 fagaattee gara lixa Oromiyaatti

kan argamtuudha. Aanaaleen Aanaa kana daangessanis; karaa Bahaa A/Gullisoo, karaa lixaa A/Daallee sadiifi Laaloo qilee, karaa kaabaa A/Daallee waabaraafi Gullisoo, karaa kibbaan A/Yuubdoon akka ragaan W/Lafaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanichaa ibsutti daangeeffamtee kan argamtuudha.


Akka Aanaatti kan hundeeffamte bara 1999 A.L.I tti akka ta'e, odeeffannoon Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanichaarraa argame (kan hin maxxanfamne) ni mul'isa.

Moggaafama maqaa Aayiraa kan ibsu yaada adda addaatu jira. Innis, bakka amma magaalaan Aayiraa jiru kana namoonni iddoo garaa garaatii achitti Arba ariyanii deebi'aa waan turaniif, "ariyaa arbaa"jedhurraa maqaan "Aayira" jedhu moggaafame yaada jedhutu jira. Yaadi biraan immoo, namootni Ingiliziifi Poortugaal naannoo kana qabatanii waan turaniif, lafa isaa keessaa sibiila "Ayiren" jedhamu akka jiru waan arganiif maqaan "Aayira" jedhu irraa madde kan jedhu ragaan seenaa Aayiraa kan jedhu waajjira aadaafi tuuriizimii Aanichaa jiru ni ibsa.

Aanicha keessa sabaafi sab-lammii kan akka Amaaraafi Guraagee muraasni hojii daldalaatti qabamanii magaalaattii keessa jiraatu. Afaanni aanicha keessatti dubbatamus Afaan Oromoo yoo ta'u Afaan Amaaraas muraasni ni dubbatama.

Waajjiraaleen mootummaafi Mitimootummaa ni argamu. Kolleejjiin mootummaa BLTO fi kolleejjiin miti mootummaa kan akka Kolleejjii Fayyaa *(Nursing school),* Kolleejjii Macaafa qulqulluu *(ONS)*fi Hospitaalli Aayiraa keessatti kan argamaniidha. Hospitaala Waliigala Aayiraa kan hundeessan yookaan kan dhaaban namoota biyya Jarmaniifi Ingilizii irraa dhufaniidha. Isaanis dursa mana yaalaa kana dhaabuudhaaf dhufan osoo hin taane (mission) wangeela namoota naannoo kanaatiin ga'uudhaaf dhufanii achuumaan gaafannaa namoota naannoo sanaatiin hospitaalli kun dhaabbatee namoota keessaafi alaan tajaajila barbaachisaafi hawwataa ta'e hawaasaaf kennaa jira. Manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa 31, sadarkaa lammaffaa 9-10 =4 fi M/B Qophaa'inaa 2 waliigala M/Barumsaa 37 ofkeessaa qaba. Gama eegumsa fayyaan Kellaa fayyaa 15fi buufata fayyaa 2 kan argamuudha. Daandii guddaan aanicha keessa kan darbu yoo ta'u, gandoolee aanicha keessatti argaman mara isaaniitiif daandiin baadiyyaa hojjetamee kan walquunnamsiisuudha. Tajaajilli ibsaa, Baankilee adda addaafi Bishaanni diriiruunsaa aanicha daran hawwataa taasisee jira.

***Fakkii kaartaa haala naannoo qorannichaa ibsu***




Madda:-www.ethiodemographyoeb.org

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana keessatti yaadrimee qunnamtii, yaaxxina quunnamtii, gosoota quunnamtii, wantoota quunnamtii milkawaaf gufuu ta'aan, yaadrimee fayyadama afaanii, haalota fayydama afaanii murteessan, fayyadama afaanii qunnamtii bakka garaagaraatti geggeeffamu, rakkoolee dubbatanii walhubachuu dhabuutiin ogeeyyii fayyaafi dhukkubsata gidduutti taasifamuufi qorannoo aantee kan of keessaa qabuudha.

## 2.1. Yaadrimee Quunnamtii

Qunnamtiin adeemsaadha. Asii jalqabee asitti dhaabbate kan jedhumu osoo hin taane adeemsa walxaxaa qaba. Adeemsi itti fufaan kun namoonni addunyaa kana irra jiran akka walitti dhufan taasisa. Yeroo hedduu qunnamtiin akka waan salphaa tooruma tokkoon ergaan dubbataafi dhaggeeffataa gidduuti taasifamuutti ilaalama. Haata'u malee, qunnamtiin adeemsa mallattoolee garaagaraa gargaaramuudhaan hiika qooddatan yookiin qoodaniidha. Adeemsa qunnamtii keessatti ijoon tokkoo hiika kennuudhaan hiika ergaa barbaaduudha. Hiikni kun kan argamu namoota keessatti malee jecha yookaan mallattoolee keessatti miti (Little, 2002).

Walqunnamtii yookaan waliin haasawaadhaaf hayyoonni garaa garaa hiika garaa garaa kennanii jiru. Kanneen keessaa, Berlo(1960) 'Communication is a process of interacting of ideas between the communicator and the receiver to arrive at a common understanding for a mutual benefit' Akkuma yaada kanarraa hubannuutti, wal qunnamtiin adeemsa yaada wal jijjiiruu dubbataafi dhaggeeffataan hubannaa gahaa itti argataniifi qaama lachuu fayyadamaa kan taasisu ta'uu nu hubachiisa. Kana jechuun, dubbataafi dhaggeeffataan dubbatanii rakkoo tokko malee walii galteerra yoo gahan haasawaa godhan jechuudha. Gama biroon Keyton,(2011) ''Communication is a process of transmitting information and common understanding from one person to another'' jedha. Yaadni kun Walqunnamtiin adeemsa odeeffannoofi hubannoo gahaa namni tokko nama birootiif dabarsuudha jechuun kaa'a. Kanarraas kan hubannu wal qunnamtiin adeemsa ergaa walii dabarsuun walii galtee faayida-qabeessarra (walhubannaa) gaariirra gahan ta'uu isaati. Gama biroon walqunnamtiin kallattii ergaa ittiin waliif kennaniifi walirraa fudhataniidha. Akkasumas, ergaa sanaaf dubbiidhaan ykn mit-dubbii yookaan mallattooleen hiika itti laatanidha jechuun hayyoonni garaagaraa

kaa'u. Kanaafuu walqunnamtiin waliin haasawaa qofa osoo hin taane hiika itti kennuus ni dabalata jechuudha. Kana jechuun kan namni tokko miira, fedhii, kaayyoo, ilaalcha fi karoora isaa sagaleewwan dubbii waliigalteef gargaaranitti fayyadamuun yaadasaa kan itti ibsuufi meeshaa namoota waliin ittiin walii galuuf itti gargaaramaniidha.

### 2.1.1. Qunnamtii Akka Mallattootti

Qunnamtiin mallattoodha yeroo jedhamu mallattoolee kunneen ergaa dabarsuuf oolu jechuudha. Mallattooleen nama, bakka, wantaafi yaada bakka bu'uu danda'u. Jechoonni yookiin wantoonni afaaniin ibsaman mallattoo sirriitti hubatamaniidha. Mallattooleen jechaaf miti jecha ergaa uumuuttis ta'e akka ergaa hiikuutti mallattoolee jiran keessaa kan sirriidha jedhanii filuudhaani. Akka fudhataa(daawwataatti) immoo mallattoolee kanaan yaada wal jijjjiiruun waanuma dabarsaniif hiika kennina. Mallattoolee kanaan yaada waljijjjiiruun salphaa fakkaatee ilaalamuu danda'a. Garuu yeroo baayyee adeemsa qunnamtii keessatti walhubannaa dhabuudhaan mallattooleen bifa hin yaadamneen hiikamanii yeroo rakkoon uumamu ni mul'ata. Qunnamtiin irra caalaa bu'a-qabeessa kan tahu, yoo kanneen ergaa dabarsan mallattoolee sirrii ta'an filachuudhaan namoota mallattoolee kan haalaan hiika itti kennuu danda'aaniif yoo darbeedha. Kanneen qunnamtii irratti hirmaatan,lachuu dubbataafi dhaggeeffataan ergaa mallattooleedhaan waljijjjiiranirratti hiika fakkaatu kennuu warra danda'aan osoo tahanii qunnamtichi milkawaa ta'a. Kana jechuun garuu qaamoleen lamaan kunneen qunnamtii keessatti guutumaan guutuutti waliigaluu jechuu miti (Little, J.2002).

### 2.1.2. Qunnamtii Akka Qoodduu Yaadaatti

Quunnamtiin akka qoodduu yaadaatti yeroo jedhamu dubbataafi dhaggeeffataan walii isaaniif ergaa barbaachisu yoo dabarsaniifi yaadi barbaadame akkaataa yaadameetti qaamota lamaaniif hojii yoo hojjeteedha. Akka Mortensen (1994) ibsetti, jechoonni dubbataafi dhaggeeffataa jennu qunnamtii keessatti yeroo hedduu kan tajaajilanis yoo ta'aanis qunnamtiin ergaa asii fudhanii achi kaa'uu miti. Adeemsa keessa, walitti dhufeenyi cimaa yoo deeme, adeemsi qunnamtii walxaxaa deema. Haalli itti namni tokko isa biraa hubatuufi namni biroo sun isa hubatu, hariiroo isaanii gidduutti garaagarummaa uumuu ni danda'a.

### 2.1.3. Qunnamtii Akka Hiikaatti

Mallattooleen jechaafi miti jecha waan yaanneefi nutti dhaga'aame akka ibsannuuf kan nu gargaaru yoo ta'aanillee hiikichas haalaan hubachuuf mallattoowwan qunnamtii irratti tajaajilan qaamota garaagaraa lamaaniin kan beekaman ta'uu qaba. Mallattoowwaniif ulaagaan hunda-galeessa ta'e hin jiru. Hiika kan kennu jechoota yookaan mallattoowwan osoo hin taane, namootaadha. Muuxannoo namootaa, haalli qaamaa, haalli aadaafi muuxannoon addaa haala itti addunyaa kana hubannuufi mallattoowwan garaagaraaf hiika laannurratti ga'ee guddaa qaba. Adeemsa qunnamtii keessatti maatiifi manni barumsaa isa duraati. Muuxannoo mallattoowwaniif hiika kennuun haala itti maatiin hiika kennurra hubannoo argamu irratti bu'uura (Sigband,1981). Yaada kana bu'uura godhachuudhaan quunnamtiin afaanii maatiirraa ka'ee hanga mana barnootaatti ballachaa akka deemu akkasumas bakkeewwan garaagaraa keessatti kanneen iddoofi yeroo itti dubbatamuu wajjin ballachaa akka deemu namatti agarsiisa.

## 2.2. Yaaxxina Quunnamtii

Addunyaa kana irra kanneen walqunnamtii yookaan walii galtee hin taasifne hin jiran kaan sagalee dubbiitiin, kaan immoo mallattooleedhaan waliif galu. Yaaduma kana bu'uura godhachuun Glushkov (1983) akka barreessetti, yaaxxinni qunnamtii bara (1980) tti namicha S.F.Scuder jedhamuun wixineeffamuusaa erga ibsee booda lubbu-qabeeyyiin lafa kana irra jiran hundi karaaleen isaan qunnamtii taasisan gargar haata'umalee, qunnamtii ni taasisu. Fakkeenyaaf dhalli namaa sagalee dubbiittiin, bineensonni sagaleedhaan, akkasumas biqiloonni baala isaanii irratti jijjiirama mullisuun, rakkoo, fedhiifi gammachuu isaanii ibsachuu danda'uu isaanii dabaluun ibsee jira.

Qunnamtiin karaa kamiinuu haata'u namoota lama gidduutti yaada waljijjiiruun ragaa yookiin odeeffannoo jiraachuu isaa agarsiisa. Qunnamtii raawwachuuf ergaa qaamni ergaa dabarsu qaamni ergaa fudhatu malli ergaan ittiin darbuufi wal hubannoon akkasumas deebiin jiraachuu qaba. Qunnamtii namoota gidduutti bifoota ittiin geggeeffamu keessaa kan yeroo baay'ee hojiirra oolu karaa itti fayyadama afaaniitiini. Qunnamtii afaanii keessatti kan yaada wal jijjiiran ammoo namoota qofaadha. Kunis sagaleelee qaamolee dubbiitiin uumaman seeraan walitti qindeesssuun itti fayyadamu.

### 2.2.1. Yaaxxina Hawaasummaa

Xiyyeeffannoon yaada kanaa quunnamtii akka walitti dhufeenya nama ergaa erguufi fudhatuutti ilaaluudha. Akka yaada kanaatti hiikni quunnamtii qabiyyee dubbii taasifamu irratti hundaa'a. Kana jechuun qabiyyeen quunnamtii keessatti argamu hangam walitti dhufeenya namoota quunnamtii taasisanii cimsuu danda'a kan jedhu bu'uura godhata. Akka yaada kanaatti quunnamtiif kan hiikaan kennamu gahee inni walitti dhufeenyi hawaasaa irraatti taphate irratti hundaa'uudhaani(Scudder,1980).

### 2.2.2. Yaaxxina Sirnaawaa

Akka yaada kanaattimmoo quunnamtiin dhugaadhaan kan hiika argachuu danda'u erga qaamni odeeffannoo fudhate sun odeeffannoo fudhate sanaaf hiika mataa isaa erga kenneefii boodaadha. Ergaan dubbataataarraa qaama isa fudhatuutti karaalee adda addaatiin darbuu danda'a. Qaamni ergaa fudhatu hiikaa ergaa sanaa qaamni ergaa dabarsuun alatti akka hubannoo isaatti ergichaaf hiika kennuu mala. Kanaaf, akka yaadiddamni kun jedhuutti quunnamtiin kan hiika argatu erga qaamni ergaa fudhatu akka hubannoosaatti ergichaaf hiika kenneen boodaadha. Yaaxxina kana keessatti hubannoon qaama ergaa fudhatuu xiyyeeffannoo guddaa qaba(Scudder,S.1980).

## 2.3. Akaakuu Qunnamtii

### 2.3.1. Qunnamtii Afaaniin Taasifamu

Hawaasa garaagaraa keessattis ta'e dhaabbilee garaagaraa keessatti namoonni karaa waliin dubbii, haasaafi waliin mariitiin odeeffannoo waljijjiiruu danda'u. Akka Werburg (1996) ibsetti, gosti qunnamtii kanaa karaa odeeffannoon jechaan yookiin dubbiidhaan daddarbuu. Qunnamtii afaaniin taasifamu keessti namni tokko yaada isaa dabarfachuu yookaan ibsachuu kan danda'u sagalee dubbii qindeessuun yookiin jechatti fayyadamuudhaan. Dabalataanis, Sollier (2005) qunnamtii karaa kanaan taasifamu keessatti hammi sagalee dubbataa yookiin dubbattuufi qulqullinni jechoota isaan ittiin dubbatan ga'ee guddaa taphatu. Dubbiin qindaayinaafi duraa duuba hin qabne akka namni waan dubbatamu sanaa sagalee ol fuudhuun akkasumas qixa sirrii ta'een ibsuu qaba yookaan qabdi. Walumaagalatti qunnamtii afaaniin

taasifamu keessatti faayidaa jechootaafi akkaataa itti fayyadama jechootaa dubbii keessatti xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha

### 2.3.2. Qunnamtii Mallattooleen Taasifamu

Quunnamtiin kan taasifamu dubbataafi dhaggeeffataan yoo jiraateedha. Namoonni quunnamtii afaanii karaa adda addaa taasisuu ni danda'u. warri dubbatanii namootaan quunnamtii taasisan barreeffamaafi afaan dubbiitiin ta'uu danda'a. Kanneen dubbatanii nama waliin waliigaltee dubbii afaanii gochuu hin dandeenye immoo mallattoolee garaagaraa fayyadamuudhaan quunnamtii yeroo isaan taasisan ni mul'ata. Kunis nyaara gudunfuun yookaan sochoosuun, harka sochoosuun, mataa raasuuniifi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a. Akka Clark (1996) ibsetti, qunnamtiin kun namoota lamaafi lamaa ol gidduutti jechootaan ala kanneen akka:-sochii qaamaa, harka sochoosuu, nyaara sochoosuufi kan kana fakkaataniin taasifamuudha.

Karaa birootiin qunnamtiin haala kanaan taasifamu qunnamtii dubbii afaaniitiin ala taasifamu jedhama. Kunis ta'uu kan danda'u yoo qabiyyeen dubbatamu jechootaan hin qindoofne ta'e, mallattoolee waliigaltee garaagaraatiin ibsuuf kan fayyaduudha. Fakkeenyaaf, nama mataan dhukkubu tokko dhukkubsachuu isaa osoo hin gaafatin mataa isaa irra harka kaa'uun akka dhukkubsate yookiin haala gaarii keessa akka hin jirre adda baasuun ni danda'aama. Crystal (1997:384) ''language is the systematic, conventional use of sounds, sign or written symbols in a human society for communication, interaction and self expression'' jedha. Akka ibsa yaada kanaatti, afaan walqunnamtiin ilmaan namaa fayyadama mallattoolee kan of keessaa qabu ta'ee mallattooleen kunis waan akka jechaa, sagalee dubbiifi wantoota mallattoon ibsaman bakka bu'uuf kan dhaabbate ta'uusaa ibsa.

## 2.4. Wantoota Qunnamtii Milka'aaf Gufuu Ta'aan

Qunnamtiin namoota gidduutti taasifamu sababoota garaagaraatiin gufachuu danda'a. Sababoonni kunneenis, rakkoo afaaniin walhubachuu dhabuu, xinsammuu, fageenyaafi adeemsa ergaan ittiin darbuufi amala namootaa ergaa dabarsaniifi fudhataniiti.

### 2.4.1. Rakkoo dubbatanii Walhubachuu Dhabuu

Qunnamtiin qaamota garaagaraa gidduutti taasifamu sababa rakkoo afaaniin wal hubachuu dhabuutiin gufachuu ni danda'a. Rakkoon afaaniin walhubachuu dhabuummoo sababoota garaagaraatiin namoota adda addaa gidduutti mul'achuu mala. Fakkeenyaaf garaagarummaa afaanii, gabajeewwan garaagaraa, kan namoota hunda biratti ergaa ifaa ta'e hin aqabneefi jechoota dhaabbata tokko qofaa keessatti namoonni muraasni itti fayyadaman jiraachuu ni danda'u. Haaluma kanaan qunnamtiin afaaniin dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti taasifamu sababa afaaniin wal hubachuu dhabuutiin yookiin itti fayyadama afaaniitiin qunnamtiin bu'a-qabeessa ta'e gidduu isaaniitti akka hin uumamne taasisuu danda'a. (Thomas,2005).

### 2.4.2. Rakkoo Xinsammuu

Quunnamtiin tokko quunnnamtii sirriidha kan jedhamu dubbataan tokko qixa sirrii ta'een yoo dubbateefi akkasumas dhaggeeffataan haala gaariin yoo dhaggeeffate quunnamtii gaariin gidduu isaaniitti uumamuu ni danda'a.Garuu dubbataan waan dubbachuu barbaade akkaataa barbaadameen hin dubbanne yoo ta'e, akkasumas qaamni ergaa fudhatu ergaa darbaa jiru sanaaf xiyyeeffannoo hinkennu yoo ta'e quunnamtiin gidduu isaaniitti taasifamu gufachuu danda'a. Nielsen (2004) akka ibsetti, qaamni ergaa dabarsu yookiin fudhatu xiyyeeffannoon isaa iddoo biraa yoo jiraate ergaa dabarsus ta'e fudhatu karaa hubatamuu qabuun dabarsuus fudhachuus hin danda'u. Ergaan darbuu qabu yoo hin darbine ammo qunnamtii gaariin namoota gidduutti taasifamuu dhiisuu ni danda'a. Fakkeenyaaf namni ergaa fudhatu tokko kan dhiphatu yoota'e, ergaa fudhachuu qabu osoo hin fudhatin hafuu ni danda'a. Kana malees aariin qunnamtiin qaamota garaagaraa gidduutti hin milkoofneef sababa ta'uu ni danda'a. Haaluma kanaan dhukkubsattoonni sababii miirri dhukkubbii itti dhaga'aamuuf dhiphachuu ni danda'u. Kanaaf, gorsaafi ajaja ogeeyyii fayyaatiin kennamuuf osoo hin hubatin hafuun dhukkuba isaanii irraa osoo hin fayyiin hafuu malu. Walumaagalatti, aariin, dhiphachuufi xiyyeeffannoo dhabuun qunnamtii taasifamuuf gufuu ta'uu ni danda'a.

### 2.4.3. Rakkoo Sirnaa

Odeeffannoon darbu haala qindoominaafi duraa duuba hin qabneen yoo dhiyaate namoota qunnamtii taasisan gidduutti rakkoon hubannoo uumamuu danda'a. Rakkoon kun yeroo baayyee kan uumamu qaamni odeeffannoo dabarsu mata duree dubbii irratti beekumsa yoo hin qabaanne, qophii ga'aa yoo hin taasisneefi ofitti amantaa yoo hin qabaanneedha. Namoonni waan dubbatan irratti ofitti amanamummaa hin qabne immoo karaa hubachuun danda'aamuuf waan hin dubbanneef namoonni ergaa fudhatanis waan jedhame hubachuu dhiisuu danda'u (Winickoff,2006). Haaluma kanaan, ogeeyyiin fayyaa yeroo ajajaafi of eeggannoo dhukkubsattoonni taasisuu qaban kennaniif karaa hubatamuu danda'uun yoo hin kennineef hanqina hubannoo irraan kan ka'aan, osoo hin fayyin hafuufi dhibee biraatiif saaxilamuu malu.

### 2.4.4. Rakkoo Amala Nama Dhuunfaa

Namoonni tokko tokko uumamuma isaaniitiin waan namni dubbatu kan hin hubanne jiru. Waan namni dubbatus jallisuun quunnamtiin gidduu isaaniitti akka hin adeemsifamneef gufuu ta'uu ni danda'u. Akka Davidson (2006) ibsutti, dhalli namaa uumamaan amala garaagaraa qabaachuu danda'a. Namoonni tokko tokko amala dafanii aaruu, jarjaruuf kan kana fakkaatan qabaachuu ni danda'u. Dhukkubsattoonni tokko tokko sababa amala dhuunfaa isaaniitiin tajaajila barbaadan osoo hin argatin hafuu ni danda'u. Amalli dhuunfaa dhukkubsattootaa kun immoo akka isaan ogeeyyii fayyaa wajjin walii hin galle waan taasisaniif hariiroo ogeeyyii fayyaa wajjin qabani irratti dhiibbaa geessisuudhaan akka haala gaariidhaan hin tajaajilamne isaan taasisa

## 2.5. Yaadrimee Fayyadama Afaanii

Ilmaan namaa jiruuf jireenya isaa keessatti wantoota isaan walitti fidan qabu. Wantoota kanneen keessaa tokko fayyadama afaaniiti. Fayyadamni afaanii kallattii dubbiitiin irra caalmaa geggeeffama. Akkaataa itti geggeeffamu garuu wal hinfakkaatu. Sababiin isaas haalli namoonni keesatti fayyadaman, bakkaan, umuriifi saala, akkasumas, sadarkaa barnootaatiin yookaan jireenyaatiin garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kana qofa osoo hin taane, afaanuma tokko keessattillee garaagarummaan afaanii ni jiraata.Kana irraa ka'uudhaan

dhimmootaafi kaayyoowwan adda addaatiif looga afaanichaa keessa jiran akka isaa mijatuutti jijiiruun namoonni afaanitti fayyadamu.

Afaanichatti fayyadamuuniifi haalli haalli hawaasummaa keessa jiraannu, caalaatti immoo dhiyeenyiifi fageenyi kaayyoo afaanichaatiin walitti hidhatu murteessummaa qaba (Meetham,1969). Itti fayyadamni afaanii dhimma, haalaafi iddoo itti tajaajiluu wajjin walqabatee jijjiiramaa kanadeemuudha. Itti fayyadama afaanii ilaalchisee Wolff (2000) akka ibsutti gaaffilee ijoo xinqooqa hawaasaatti kanneen akka eenyuutu eenyuuf maal dubbata? yoomiif eessatti dubbata? Maaliif? akkamitti dubbata? Kan jedhu adda baafachuu qabna jedha. Waa’ee itti fayyadama afaanii ilaalchisee Addunyaan (2010:27) irratti yoo ibsu, “gaaffileen bu’uura afaanii hawaasa kan hubachiisan eenyuutu eenyuuf maal dubbata kan jedhu haala hirmaattonni waliin dubbii isaanii irratti qaban kan agarsiisu yoota’u yoomiifi eesatti kan jedhu yeroof bakka dubbiin sun itti dubbatame ilaalltuudha Maaliif akkamitti kan jedhu immoo afaan dubbatamu sun haala qabatamaa tajaajila maaliitiif akka oolaa jiru kan agarsiisuudha”jedha.

Yaada gubbaatti dhiyaate kanarraa waanti hubannu namoonni afaan tokkotti fayyadaman mataduree irratti dubbatan bakkaafi haalli akkasumas sirni dubbii keenyaa kan jijjiiramu ta’uusaati. Fayyadamni afaan tokkoo hawaasa sana keessatti umuriidhaan, saalaan, iddoo jireenyaatiin, ogummaa yookiin hojiidhaan, sadarkaa barumsaatiin garaagarummaa ni mullisu. Kana malees itti fayyadamni afaanii akkuma mata duree sanatti iddoo itti hubatamu, eenyummaa namoota dhaggeeffatanii garaagarummaa agarsiisuu ni danda’a. Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu, asxaa hawaasaa (sanyii, aadaa) isa olaanaa akka ta’eetti ibsa. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu danda’a.

Kanarraa ka’uun Columas (1997), Tabouret-Keller (1985) wabeeffachuun akka ibseetti; Itti fayyadama afaanii irratti hundaa’uun amala afaanii namichi dubbatu irraa miseensa garee kamii akka ta’e adda baasuu akka danda’u ibsaniiru. Akka ibsa hayyoota kanaatti, fayyadamni afaanii amala afaanii keessaa isa guddaafi salphaatti namni tokko garee hawaasaa kamii akka ta’e ittiin addaan baafannu ta’uu hubachuun ni danda’aama. Fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta’uu isaa Coulmas (1997) Labov(1972) wabeeffachuun ibseera. Kunis fayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa

hawaasichaa calaqqisiisa. Afaan kan dhalli namaa qofti, miira, yaadaafi fedhii isaa mallattoolee walii galteedhaan uumamaniitti fayyadamuun kan ittiin waliigaluudha. Kan namoonni qindaa'ina sagaleelee akka tasaa uumamaniin jireenya gamtaa isaanii keessatti kan itti fayyadamaniidha. Block,(1997) Afaan tooftaa hawaasni tokko sagaleelee akka tasaa uumamaniifi dubbatamanii dhaga'aamanitti fayyadamuun kan ittiin waliigalaniidha. Fayyadama afaanii kana ilaalchiee Clark (1996) akka ibsetti qabxiilee hojiirra oolmaa jahan armaan gadii tarreesseera.

Yeroo hunda fayyadama afaanii keessatti ergaan dubbataadhaan darbu isa dhaggeeffatu biratti hubatamaa ta'uu qaba. Kana ta'uu baannaan fayyadamni afaanichaa gati dhabeessa ta'a. Afaanitti fayyadamuuf yoo xiqqaate bakka bu'oota of danda'anii dhaabbatan lama barbaachisa. Isaan immoo, walitti dhufeenya qabaachuu qabu. Kunis yeroofi iddoo murtaa'e keessatti qaamaan ykn fuulaafi fuulaan wal arguun ykn waliif barreessuun ta'uu qaba.Yoomessi bu'uura fayyadama afaanii kan murteessuudha. Fayyadamni afaanii yeroo baay'ee gocha boqonnaa tokkoon ol ta'e qaba. Fayyadamni afaanii kan inni adda ba'uu danda'u gosoota /eenyummaa hirmaattotaa, iddoo, yeroofi gocha irratti hundaa'uudhaani. Qo'annoon itti fayyadama afaanii Saayinsii beekumsa hawaasaati jechuun ibseera.

### 2.6. Afaaniin Waliigaluu (walqunnamuu)

Tajaajilli afaanii inni duraa walquunnamtiif yookaan waliigalteef ooluudha. Afaan meeshaa walqunnamtiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruuf jireenya hawaasa tokko keessatti qabu olaanaadha. Kanaafuu hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hin danda'u. Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9, (2005:4). Yaaduma kana kan cimsu Hoffman (1991)…''Language has always been used both as a means of communication and as a symbol and group identity' jedha. Akka yaada kanaatti, afaan yeroo mara akka meeshaa walqunnamtiifi mallattoo eenyummaa saba tokkoo ta'ee tajaajiluu isaa hubanna.

Afaan faayidaa wal quunnamtii kenna yeroo jennu hawaasni jiruuf jireenya isaa fooyyessuuf bu'ee ba'uufi kufee ka'uun akka walhubatu taasisa jechuudha. Kana irraan kan ka'e hawaasni afaan walii beekuun walirraa bitee walitti gurgura; waliin ba'ee waliin gala. Ga'umsa namoonni afaan tokkotti dhalatanii guddatan qaban walii galtee kana keessatti ga'ee guddaa qaba. Kanneen afaan walii barachuun walquunnamtii geggeessaniifis gumaacha

guddaa kan taasisu afaaniidha. Egaan akkuma simmintoon ijaarsa mana dhagaa keessatti bu’uura ta’uun cirrachaaf dhagaa walitti qabsiisu, afaanis quunnamtii hawaasaa keessaatti isa dursaadha. Bu’uura kanaan, afaan haphee hawaasummaati jechuun ni danda’aama Addunyaa,(2018). Afaan meeshaa walquunnamtiifi eenyummaa ibsuun alattis faayidaalee hedduu kenna. Akka Home,(1992) ibsutti, faayidaan afaanii filannoofi mata-duree dhimma sirrii ta’e irraatti eenyummaa dhuunfaa sadarkaa fuulleetti waliigaltee irra caalaatti hubatamuu kan danda’uudha. Afaan walitti dhufeenya hawaasaa keessatti iddoo guddaa qaba. Akka hawaasichi yaada ibsatu dhageettiifi dandeettii qaban calaqqisiisuuf ni gargaara jedha.

Nama dhuunfaas ta’e akka waliigalaatti kan afaanitti hinfayyadamne hinjiru. Kanumaan walqabatee faayidaan afaanii qorannoofi qu’annoo dhimma hawaasummaan walqabate ifa baasuuf, beekumsa dhokataa sammuu keessa jiru ifa godhee agarsiisuuf, miira keessaa, gammachuu, gadda, roorroo ittiin ibsachuuf, aadaa, duudhaa hawaasa tokkoo ifatti baasuuf, siyaasa hawaasa tokkoo olkaasee dubbachuufi kan kana fakkaataniif fayyaduu danda’a. Akka Crystal,(1987:17) Yaada kana yoo ibsu, “language is to communication our ideas is a usually answer to question and indeed this must survival be the most widely recognized function of language when ever we tell people about our self or our circumstance or ask information about our selfes and circumstance we are using language in order to exchange facts and opinions” jedha. Kun ammo afaan yaada waljijjiiruuf, waliigaltee gochuuf, yaada barbaadame tokko ittiin dabarsuuf akka gargaaru hubachiisa.

Afaan waanta sirnawaa, kan waliigaltee sagaleewwanii yookaan mallattoolee barreeffamaa ilmaan namaa walqunnamtiifi of ibsuuf itti fayyadamaniidha. “language is the systematic, conventional use of sounds, sign or written symbols in a human society for communication, interaction and self expression” Crystal (1997:384). Akka ibsa yaada kanaatti, afaan walqunnamtiin ilmaan namaa fayyadama mallattoolee kan of keessaa qabu ta’ee mallattooleen kunis waan akka jechaa,sagalee dubbiifi wantoota mallattoon ibsaman bakka bu’uuf kan dhaabbate ta’uudha. Dabalataanis Mehl (2003:67) irratti waa’ee afaanii yoo ibsu, “The ways people use words convey a great deal of information about them selves,their audience and the situation they are beyond it is communicative function’’ jedha. Akka ibsa

kanaatti, afaan namni tokko eenyu akka ta'e, eessaa akka dhufe, duuba isaa hubachuuf kan nama gargaaruudha jedha.

Afaan yaada namaa kan ibsu ta'uu isaa ilaalchisee Holmes (1992:319) 'language enables people to express idea, feelings, attitudes during social interactions' jedha. Kunis afaan waliin dubbii keessatti kan yaada, fedhii, ilaalchaafi kan kana fakkaatan ibsachuun hawaasa keessatti waliigalteen akka jiraatu kan taasisu akka ta'e nama hubachiisa. Faayidaa afaan kennu ilaalchisee Finch (2003) yoo ibsu, 'language functions are two catagories. One is micro function which covers the particular individual use and the other is macro function which relates to the large or more general language' jechuun ibseera. Akka yaada kanaatti, tajaajila afaanii micro jalatti, tajaajila odeeffannoo waraabuu, waa addaan baafachuu, yaada, fedhii, ilaalcha ofii ibsachuu, walitti dhufeenyayookaan hariiroo namoota gidduutti uumuu, miira dadhabbii ibsuu, aarii, gadda ibsuu, miira gammachuu, hawwa namootaa ibsuufaa ibseera.

Tajaajilli afaanii filannoo fayyadama afaanii irratti kan hundaa'uufi haala hawaasaan bakkaan kan wal qabatu ta'uu Fishman (1971) ibsee jira. Akka waliigalaatti fayyadamni afaanii filannoofi mata-duree sirrii ta'e irratti eenyummaan dhuunfaa sadarkaa fuulleetti walii galteen ta'urra caalaatti hubatamuu kan danda'uudha. Dabalataani filannoon fayyadama afaanii bu'aa barbaadameef kutaa hawaasa itti fayyadamuuf yeroo wajjin kan walitti hidhateedha.

## 2.7. HaalotaFayyadama Afaanii Murteessan

Afaanni addunyaa kana irra jiran sabab adda addaan garaagarummaa adda addaa akka qaban beekamaadha. Garaagarummaan kun kan dhufuu danda'uus sababa garaagarummaa seenaa, iddoo, siyaasaa,teekinoolojii,amantaa,aadaafi kan kana fakkaatan iraa kan uumameedha. Yaada kana ilaalchisee, Crystal (1987:84) 'Language is very enormously in global importance because of historical demographical, political, technological and social uses' jechuun ibsa. Akka ibsa kanaatti haallan fayyadama afaanii murteessan:- dinagdee, aadaa, seenaa, iddoo jireenyaa, siyaasa, tekinooloojii, safuu hawaasaafi kan kana fakkaataniin garaagarummaa qabaachuu akka danda'u nutti agarsiisa.

### 2.7.1. Haala Dinagdee

Afaaniif diinagdeen wantoota addaan bahanii hin ilaalamneedha. Namni yeroo diinagdeetti dhimma bahu dirqama afaan isaatti dhimma baha. Afaan isaa kanatti fayyadamuun kun immoo eenyummaaa hawaasa sanaa of keessatti hammata. Guddina afaan biyya tokkootiif barnoonni, dinagdeen, siyaasniifi hariiroon hawaasaa hidhata guddaa qabu. Kanaafuu, fayyadama afaaniifis haalli dinagdee biyya tokkoo dhiibbaa geessisu qaba jechuudha. Kana jechuun ammoo, haalli guddina dinagdee biyyi tokko irra jirtu fayyadama afaan biyyattii keessatti shoora guddaa waan qabuuf murteessaa akka ta’e hubachuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, dinagdeen biyya tokkoo kenninsa barnootaa irratti gahee mataasaa taphata. Biyyi barnootaafi dinagdeedhaan guddatte fayyadama afaaniitiinis cimina yoo qabaattu, biyyoonni gama kanaan guddina hin qabne garuu, garaagarummaa bal’aa qabaatu. Yeroo diinagdeen hawaasa tokko irraa gara hawaasa birootti deemu afaanis diinagdee faanawaan deemuuf afaan duraan ture sana keessatti waan makamuuf sababa diinagdeen afaanichi hanga tokko jechoota afaan biroo of keessatti ni qabaata (Marshack,1965.

### 2.7.2. Haala Teekinooloojii

Ilmi namaa yeroo mara guddina faana adeema. Kanaafis meeshaalee teekinooloojiitti dhimma baha. Meeshaaleen tekinooloojii kenneenis yeroo ammaa hawaasa addunyaa baay’ee qaqqabuurratti argama. Meeshaalee kanneen keessaa kanneen akka TV, Moobaayilii, Kompiitera, Interneetii raadiyoo fifi kkf. maqaa dhahuun nidanda’ama. Namoonnis akkaatuma beekumsiifi hubannoon isaanii meeshaalee tekinooloojii kana waliin guddachaa deemeen fayyadama afaaniis gonfachaa waan deemuuf dhimma murteessaadha. Waa’ee teekinoolojii ilaalchisee Warshauer,(2003) ‘‘in this world, we are now firmly embedded in atime when digital technologies, in daily life in many parts of the world, not amongst all people as there are digital divisions every where’’jedha. Akka yaada kana irraa hubatamuutti addunyaan yeroo ammaa akka ganda tokkootti ilaalamaa jira. Kana irraan kan ka’e jaarraa amma keessa jirru bara teekinoolojiin itti baballateedha. Namoonni yoo waa’ee tajaajilaafi fayyadama meeshaateekinoolojii kanaa waliif ibsan afaan teekinoolojii kana faana hawaasa duraan tureetti makaa waliigaltee taasisuudha. Hayyuun Motteram(2009) yaada kana gama isaan akka ibsuutti ilmi namaa yeroo mara guddina faana adeema. Kanaaf meeshaalee

teekinoolojiitti dhimma baha. Meeshaaleen teekinoolojii kunnen yeroo ammaa hawaasa addunyaa baayyee bira qaqqabee jira. Meeshaaleen teekinoolojii jedhaman ammo kanneen akka kompiiteraa, moobaayilii, televizyinii, raadiyoofi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun ni danda'aama. Namoonni fayyadama meeshaalee kanaa afaaniin ibsaa hubannoo fayyadama isaa gabbifatu. Si'a kana namoonni waan isaanii in galle mirga gaafachuu, kan hubannoo qaban immoo ibsa kennuun isaanii waan jiruudha. Namoonni yoo waa'ee tajaajilaafi fayyadama meeshaa teekinoolojii kana waliif ibsan afaan teekinoolojii kana faana hawaasa duraan tureetti makaa waliigaltee taasisu jechuudha.

### 2.7.3. Haala Aadaa Hawaasaa

Wantoota fayyadama afaanii murteessan keessaa aadaan hawaasaa isa tokkodha. Fayyadamni afaaniifi caasaan aadaa namoota bara duriifi kan yeroo ammaa/ yeroo qaroominaa/ kana gidduu garaagarummaa guddaan akka jiru ibsa. Levy-Brljia Lcien (1985). Aadaa hawaasaa ilaalchisee Wallace,(1974:21) ‘people from diffirent cultural or linguestics background think differently and it even make fairly good social scienticense’ Akka yaada kanaatti dhimmoota haalaan fayyadama afaanii murteessan keessaa aadaan isa tokko ta'uun beekamaadha. Kanaaf aadaan hawaasa tokkoo yemmuu jijjiiramaa adeemu, haalli fayyadama afaaniis walfaana jijjiirama agarsiisaa kan deemu ta'uu isaa nuhubachiisa. Fayyadamni afaanii akkuma mata duree kanaatti iddoo itti dubbatamutti eenyummaa namoota dhaggeeffataniin garaagarummaa agarsiisuu waan danda'uuf itti fayyadama afaanii taasisnu keessatti dhimmoota kanaaf xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha.

## 2.8. Fayyadama Afaanii Qunnamtii Bakka Garaagaraatti Taasisamu Keessatti

Dhimmoonni hawaasaa bakkaafi haala garaagaraa keessatti raawwatamu. Bakkaafi haala kanneen keesattis itti fayyadama afaanii garaagaraatu jira. Isaan keessaa: mana murtii, bakka daldalaa, yeroo gammachuu, yeroo gaddaa, yeroo eebbaa, yeroo abaarsaa, mana yaalaa, bakka taphaa, dirree lolaa, dirree siyaasaa, mana nyaataafi dhugaatiifi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama.Isaan kanaafi kanneen birroo hunda hubachuufi keessatti dhimma bahuuf ammoo eenyummaan hawaasaa, aadaafi safuu beekuun dhimma dagatamuu hinqabnedha. Bakkaafi haala afaan keessatti dhimma itti bahamu sirnaan beekuu dhabuunis

walqunnamtiifi ergaa jiru hubachuurratti dhiibbaa inni qabu akka salphaatti waan ilaalamu miti.

### 2.8.1. Daree Barnootaa Keessatti

Dubbataan tokko walquunnamtii taasisuuf sagaloota afaaniitti fayyadama. Addunyaa (2010:5) "Haasaa jechuun kan namni tokko miira, fedhii, kaayyoo, ilaalcha fi karoora isaa sagaleewwan dubbii waliigalteef gargaaranitti fayyadamuun yaadasaa kan itti ibsuufi meeshaa namoota waliin ittiin walii galuuf itti gargaaramaniidha." Maalummaa haasaa daree keessa ilaalchisuun, Davies, Barbara (1993) yoo ibsu, haasofni daree keessatti taasifamu waligaltee, barataafi barsiisaa, barataafi barataa gidduutti ergaa waljijjiruuf kan yeruma sana keessatti akka tasaa uumamu ta'uu isaa lafa kaa'a. Haasaan daree barnootaa keessatti barsiisaafi barataa ykn barataafi barataa gidduutti battaluma kan uumamu ta'uun isaammoo, ergaan dubbataa dhaggeeffataaf yoo ifaa ta'uu baate gaafachuun dhimmicha akka hubatuuf karaa saaqa.

Daree barnootaa keessatti barataafi barsiisaan haasaa yeroo taasisan callisaniituma akkanumaan kan haasa'an osoo hin taane kaayyoofi galma of keessaa qaba. Walqunnamtiin daree keessatti taasifamuu kan inn irratti xiyyeeffatu ergaa dabarsuu barbaadame irratti hundaa'uun, barsiisaa fi barataa gidduutti jijjirama beekumsaa fi hubannoo fiduu yoo ta'u innis bakka gurguddoo lamatti qoodama.Isaanis:-walqunnamtii afaaniin taasifamuufi mallattoo waliigalteedhaan taasifamuudha. Walqunnamtiin afaanii kan afaaniin ykn jechaan dubbataafi dhaggeeffatan ergaa walii dabarsuun walii galteerra gahanidha. Kunis daree barnootaa keessatti barsiisaafi barataan akkasumas, barataafi barataan haasawaadhaan yaada isaanii wal jijjiruun adeemsi baruufi barsiisuu adeemsifamudha.

### 2.8.2. Mana Murtii Keesaatti

Manni murtii bakka seerri biyya tokkoo keessatti iddoo olaanaa qabuufi itti hojiirra ooluudha. Seerri kunis ittiin hojiirra kan oolu, afaaniitti fayyadamuudhaan. Haalli itti fayyadama afaan seeraas kan isa biraarraa adda. Waliin dubbii mana murtii keessatti himataa, himatamtootaafi abbootii seeraa gidduutti geggeeffama. Abbootiin seeraa yeroo barbaadan dubbachuufi callisuu, himataafi himatamtoonni garuu yoo hayyamameef malee dubbachuu

akkasumas callisuu hin danda'aan. Walitti dhefeenya seeraafi afaanii ilaalchisee hayyuun Heutger (2003:23) 'law often enforces the existing system through the use of language' yoo jedhu, Maher (1996:89) ammoo… "law is about language and it is almost impossible to have law with out language'' jedheera. Akka yaada gubbaatti ibsameetti beekumsi seeraa afaaniin kan ibsamu, seera jechuun dhimma afaanii bakka afaan hin fayyadamneetti seera hojiirra oolchuun hangam rakkisaa akka ta'e ibsa. Afaan waanta sirnawaa, kan waliigaltee sagaleewwanii yookaan mallattoolee barreeffamaa ilmaan namaa walqunnamtiifi of ibsuuf itti fayyadamaniidha.'language is the systematic, conventional use of sounds, sign or written symbols in a human society for communication ,interaction and self expression' (Crystal,1997:384). Akka ibsa yaada kanaatti, afaan walqunnamtiin ilmaan namaa fayyadama mallattoolee kan of keessaa qabu ta'ee mallattooleen kunis waan akka jechaa, sagalee dubbiifi wantoota mallattoon ibsaman bakka bu'uuf kan dhaabbate ta'uudha.

### 2.8.3. Tajaajila Fayyaa Keessatti

Dhaabbilee fayyaa keessatti qunnamtiin afaanii tajaajila qulqulluu, quubsaa, haqa-qabeessaafi walqixa ta'e dhukkubsattootaa kennuuf baay'ee barbaachisaadha. Mana yaalaa keessatti qunnamtiin akkaataa walitti dhufeenya dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa ittiin cimsaniifi qindeessaniidha. Gidduu isaaniitti walitti dhufeenya cimsuuf to'achuuf immoo itti fayyadamni afaanii baay'ee barbaachisaadha (Andrews and Boyle,2008). Kana malees, Andrews and Boyle (2008) akka ibsanitti, qunnamtiin dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti taasifamu odeeffannoo garaagaraa akka isaan wal jijjiiraniif daandiidha. Qunnamtiidhaaf mallattooleen garaagaraa sagalee dubbiitiin ala taasifaman, kanneen akka sochii qaamaa, nyaara guuruu, harka raasuu mataa sohoosuufi kan kana fakkaatan ni jiru. Haata'u malee afaan amala baratamaa hawaasaaf odeeffannoo waljijjiiruuf kan daangaa hin qabneedha. Afaan mana yaalaa keessatti qaamota garaagaraa walqunnamsiisuuf fayyada. Qaamoleen kunneenis dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa, ogeeyyii fayyaafi maatii dhukkubsttootaa ogeeyyii fayyaa tajaajila adda addaa kennaniifi kan kana fakkaatan ta'uu danda'u (Fishman,1968).

Qunnamtiin dhukkubsataafi ogeeyyii fayyaa gidduuti umamu odeeffannoowwan garaagaraa waa'ee dhukkubaa ogeeyyiin fayyaa akka argataniifi dhukkubsattoonni dhukkuba isaanii

wajjin walqabatee gorsaafi ajaja ogeeyyii fayyaatiin kennamuuf akka argataniif barbaachisa. Akkaataa ogeeyyiin fayyaa odeeffannoo barbaadan dhukkubsattootaafi maatiin dhukkubsattootaarraa funaannatan; waliin dubbii taasisuudhaan,qorannoo geggeessuuniifi dhukkubsattoota ilaaluun tilmaamuudhaan akkasumas mala birootti fayyadamuun ta'uu danda'a. Ogeeyyiin fayyaa kunneen odeeffannoowwan argatan san beekumsaafi muuxannoowwan isaanii itti dabaluudhaan dhukkubicha adda baafachuudhaan qaamolee garaagaraatiif beeksisu. Qaamoleen kunneenis, dhukkubsataa yookiin dhukkubsattuu mana qorichaa akkasumas ogeeyyii fayyaa kanneen birootiif ta'uu mala. Odeeffannoowwan kun kan darbuu danda'aan karaa dubbiitiiniifi karaa barreeffamaatiini (David and Koss,2007). Kanaafuu afaan qunnamtii dhukkubsataafi ogeeyyii fayyaa keessatti karaa odeeffannoon ittiin wal jijjiiramuudha.

Jay (2007) faayidaa afaan mana wal'aansa fayyaa keessatti qabu beektonniifi qorattoonni xinqooqa hujoo hedduun ibsamaniiru, jedha. Isaan keessaa Paul (2007) faayidaa afaanni hospitaala keessatti qabu akka armaan gadiitti ibseera.

> *The clinician and other members of hospital collect the necesserly information through conversations with patients and patients 'family,observation of the patient.The treatment team the synthesize these patient specific data with the evidence based information in the available knowledge to treat them*

Yaada kana irraa waanti hubatamu ogeeyiin fayyaa qaamota kanneen akka dhukkubsataa yookiin dhukkubsattuufi maatii dhukkubsattootaa irraa odeeffannoo yeroo funaannatan waliin dubbii taasisuuniifi daawwachuudhaani.Sana booda odeeffannoo funaaname sana irra dhaabachuudhaan. Akkasumas, beekumsa ofii itti dabaluudhaan dhukkubsataa wal'aanu.

### 2.9. Rakkoolee Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Ogeeyyii Fayyaafi Wal'aanamtoota Gidduutti Uumamu

Rakkoon qunnamtii dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti kan uumamuu danda'u dhukkubsattoonniifi ogeeyyiin fayyaa aadaa, sabummaa, hawaas-dinagdee, sadarkaa barnootaatiin adda adda yoo ta'aaniidha (Luckman, 1999). Haaluma kanaan Ciof (2003) akka ibseetti, tajaajila fayyaa keessatti dhukkubsattoonnifi ogeeyyiin fayyaa afaan tokko kan

hindubbanne yoo ta'e hanqinni hubannoo uumamuu danda'a. Hanqinni hubannoo sababa afaan walii hubachuu dhabuutiin uumamu kuni dhukkubsattoonni akka dhiphataniifi ogeeyyii fayyaatiif ilaalcha gaarii akka hin qabaanne taasisa. Menter (2003) dhukkubsattoonni dhukkuba isaanii irraa fayyuu kan danda'aan yoo gorsaafi ajaja ogeeyyii fayyaa dhaga'uun yoo hojiitti hiikaniidha. Haata'u malee dhukkubsataan yookiin dhukkubsattuun afaan ogeessi fayyaaa dubbatu yookaan dubbattu sana yoo hin beekne ta'e waan jedhame raawwachuu dhiisuu ni danda'a yookaan ni dandeessi.

Kanaafuu, dhukkuba irraa osoo hin fayyin hafuufi rakkoo birootiif saaxilamuu ni danda'a yookaan ni dandeessi. Rakkoo afaaniin walhubachuu dhabuudhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti mul'atu waggoota dheeraadhaaf yaadrimeewwan adda addaatiin mata-dureewwan qorannoowwan hedduu ta'ee jira. Akka bu'aawwan qorannoo kanneen irraa argamaniitti rakkoon afaaniin walhubachuu dhabuu dhukkubsataafi ogeeyyii fayyaa gidduutti guyyaarraa guyyaatti dabalaa adeemee jira(Zimmermman,2007). Akkasumas White head(1985) Yoo ibsu, rakkoon afaaniin walhubachuu dhabuu tajaajila walqixa ta'eefi loogii hin qabne hawaasa hundaaf akka hin kennamneef gufuu ta'uu ni dand'a. Tajaajila walqixa ta'e hawaasa hundaaf kennuu jechuun ogeessi yookaan ogeettiin fayyaa tajaajila kennu yookiin kennitu ogummaa isaa irratti yookaan ishee irratti hundaa'uudhaan tajaajilamtoota hundaaf kennuu jechuudha.

### 2.10. Qorannoowwan Aantee

Qorannoowwan mata-duree kanaa wajjin walitti dhufeenya qaban keessaa hammi tokko kan dhiyaataniidha. Emine Kalit (2002) mata-duree "Challenges in health care in multi-ethinic societies communication as barrier of achieving health equity" kan jedhu Hospitaala Yuunivarsiitii Noorweeyi keessaatti adeemsifameedha. Argannoo qorannoo kanaattis hawaasa sabaafi sablammoota hedduu qabu keessatti garaagarummaan afaaniifi garaagarummaan aadaa ni mul'ata.Garaagarummaawwan kunneen immoo dhukkubsattoonni yeroo ogeeyyii fayyaa aadaafi afaan isaanii hin beekneen yaalaman dhukkuba isaanii sodaa malee himachuu hin danda'aan. Akkasumas afaan ogeessi yookaan ogeettiin fayyaa dubbatan sana dubbachuu dadhabuu isaaniitiif ni dhiphatu. Kanaafuu hawaasa sabaaf sablammoota hedduu qabu keessaatti yaala fayyaa haqa-qabeessa ta'e kennuun rakkisaa akka ta'e bu'aan

qorannoo kanaa ni ibsa. Qugen Mooreen(2003) Mata-duree “The effect of language barriers on the treatmentof HIV AIDS in Namiibiyaa”tti hojjetame qorannoo kanaa wajjin walitti dhufeenya qaba. Argannoon qorannoo kanaatis miidhaan rakkoo afaanii Namiibiyaa keessatti namoota dhukkuba kanaan qabamaniif wal’aansa gochuufii irratti dhukkubsttoonni waan itti himame hubachuun ofeeggannoo taasisuu qaban osoo hin raawwatin hafu kan jedhuudha. Akkasumas afaan naannoo tokkoo beekuu dhabuun namoota HIV/AIDS qabaman tajaajiluuf rakkisaa ta’uusaa argannoo qorannoo kanaa irraa ni hubatama.

Gammachiis Zawudee .(2016). Mata duree “Xiinnxala haasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee” jedhu irratti hojjete kaayyoon qorannoo isaa rakkoo barreeffamaafi dubbii irratti namoota mana murtii kanatti fayyadaman xiinxaluudha. Qorannoo kanaa wajjin waanti wal isa fakkeessu,walquunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoonni taasisan:gama fayyadama afaaniitiin taasifamu xiinxaluudha. Waanti adda isa godhu immoo kan isaa barreeffamaafi afaan dubbii mana murtii irratti yeroo ta’u kan koo immoo quunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoota gidduutti taasifamu irratti kan xiyyeeffateedha. Anne,(2009). Living with diabetes within the frame work of Swedish primary health care and Somalian and professional prospective jedhu qorannoo kanaan hidhata ni qabaata. Argannoon qorannoo kanaatis tajaajiloonni fayyaa dhukkubsattootawajiin quunnamtii kan taasisan odeeffannoo dhukkuba isaanii qofa argachuuf osoo hin taane of eggannoo gochuu qaban akeekkachiisuudha. Haaluma kanaan dhukkubsattoonni dhukkuba shukkaaraa qaban kanneen somaliyaa irraa baqatanii siwiidiniin jiraatan sababa afaan siwiidinnii sirriitti hin beekneef amala dhukkubichi qabuufi of eeggannoo taasisuu qaban yeroo ogeeyyiin fayyaa itti himan hin hubatan kan jedhuudha.

Timmins,(2002). Language Barrier Adversely Impact Health Care Quality qorannoo jedhu irraa argannoon isaa dhaabbilee fayyaa keessatti ogeeyyii fayyaafi dhukkubasttoonni afaan garaagaraa dubbatu yoo ta’e tajaajila wal’aansaa qulqulluu ta’e kennuufi kaayyoo dhaabbata sanaa galmaan gahuuf rakkoo akka ta’e ibsee jira. Dabalataan qorannoo Qugen(2007)tti geggeeffame akka ibsuutti ogeeyyiin fayyaa hedduun hospitaala keessatti afaan mana yaalaa( jargons)tti waan fayyadamaniif dhukkubsattoonni waan jedhame hubachuu hojiirra oolchuu irratti hanqinni ni mul’ata. Kanaaf dhukkubsattoonni dhukkuba isaaniirraa osoo hin fayyiin

hafu jedha. Walumaa galatti qorannoolee armaan olii kunneen garaagarummaan aadaafi afaanii tajaajila fayyaa irratti rakkoo akka qaban haa ibsaniyyuu malee xiyyeeffannoon isaanii baqattoota irrattiidha.

Haata’u malee rakkoon afaaniin walhubachuu dhabuu baqattoota qofaa irratti osoo hin taane biyyoota aadaafi afaan hedduu qaban akkasumas namoota afaan tokko dubbatan gidduuttis ni mul’ata. Haaluma kanaan hospitaala Aayiraa keessatti garaagarummaan afaaniifiogeeyyii fayyaa naannoo kan biraa iraa dhufan afaan dhukkubsattoonni naannoo sanaafi kanneen naannoo kan biraa irra dhufan caalmaatti dubbatan waan hin beekneef rakkoon afaaniin walhubachu dhabuu gidduu isaaniitti uumamuu danda’a. Rakoon uumamu kun immoo hanqina hubannoo fiduudhaan dhukkubsattoota rakkoo baayyeedhaaf saaxiluu waan maluuf xiyyeeffannoo qorannoo kanaatis kanaadha.

# Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa

Boqonnaa kana keessatti saxaxa qorannichaa, madda ragaalee qorannichaa, mala funaansa ragaalee qorannichaa, mala iddattoo qorannichaa, mala qaacceessa ragaalee ittiin raawwatamantu duraa duubaan dhiyaate.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Adeemsi saxaxa qorannoo karoora hojii kan qorataan beekuu qabu, kan eessaa akka inni ka'ee eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga'u kan murteessudha. Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessattis iddoo guddaa qaba. Qorannoo qulqulleeffataas ta'e hammamtaa, keessatti malli ittiin odeeffannoon sassaabuufi seecca'amu murteessaadha. Qorannoowwan jiran keessaa qorataanis qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun mala qaaccessa ibsaatti dhimma baheera. Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaa yemmuu ta'u akka madda ragaa tokkoffaatti kan filatamanis ogeeyyii fayyaa hospitaalichaafi dhukkubsattoota hospitaalichatti wallaanamuu dhufaniidha. Meeshaan funaansa ragaalee qorannoo kanaaf itti gargaarame afgaaffiifi daawwannaadha. Kanaaf qorataanis mala qorannoo akkamtaa ta'ee addeessaatti dhimma bahuun quunnamtii ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni Hospitaala Aayiraa taasisan: xiinxala gama fayyadama afaaniitiin taasifamu kallattiidhaan ogeessaafi dhukkubsataa bira deemuudhaan odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa ta'e funaaannateera. Qorannoo akkamtaa ilaalchisee Creswell (2009:178) yammuu ibsu, "The idea behind qualitative research is to be purposefully selected participant or sites (documents or visual material) that will best help the researcher understand the problem and the research question" jedha. Yaanni kunis qorannoo qulqulleeffataafi maddi ragaa xiyyeeffannaan filatamuu akka irra jiraatu addeessa. Yaada armaan oliitti dabalee Addunyaan(2011:64) "Qorannoo tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu kaayyoo isaafi akaakuuwwan odeeffannoo argannuuti." jechuun kaa'ee jira. Yaadotni ogeeyyii armaan olii akkuma ibsutti, saxaxni mala qorataan qorannicha ittiin gaggeessu, akkaataa filannoo iddattootaa, tooftaalee odeeffannoon ittiin guuramuufi maal maal akka ta'e qaacceffama.

### 3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaadha. Qorannoo kana keessatti ragaa qorannoo kanaaf barbaachisu argachuuf qoratichi madda ragaa tokkoffaatti fayyadameera. Dhimma kana ilaalchisee, Kotheri (1990) akka barreesseetti, odeeffannoon madda ragaa tokkoffaan ibsamu mala odeeffannoon odhimtoonni hundi kennan irratti kan xiyyeeffatuufi odhimtoota deebii kennuuf hawaasa bakka bu'aniin kan walqabateedha. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti, qoratichi odeeffannoo qaamolee lama irraa funaannate. Isaanis:- wal'aanamttootaafi ogeeyyii fayyaa Hospitaala Waliigala Aayiraa keessatti argamaniidha. Sababni wal'aanattoonni akka madda ragaa tokkoffaatti filamaniif rakkoo fayyadama afaanii dhibuutiin kan miidhamu isaan waan ta'aaniif, odeeffannoo barbaachisu kennuu danda'u jedhamanii waan yaadamaniif, akkasumas rakkoon kun ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoota gidduutti waan umamuuf muuxannoofi mudannoo isaanii irraa ka'uudhaan odeeffannoo kennuu waan danda'aaniif akka madda raga tokkoffaatti filateera. Haaluma kanaan afgaaffii hin caaseffamne kan baayinni isaa ja'a ta'e odhimtootarraafi daawwannaatti gargaaramuun odeeffannoo funaannateera.

#### 3.2.1. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Mala Odeeffannoon ittiin funaanamu ilaalchisee, Kumar (1999) akka ibsuutti, Malli odeeffannoon ittiin funaanamu kaayyoofi bifa odeeffannoo qorannichaa irratti hundaa'a, jedha. Haaluma kanaan, qoratichi kaayyoo qorannoo isaatii odeeffannoo galmaan isaaf ga'u argachuuf afgaaffiifi daawwannaatti gargaarameera. Meeshaaleen kunniin lamaan kanneen biroorra fooyya'oo akka ta'an Goldstein (1964) sababa waliin yoo ibsu qorataan aadaa hawaasa tokkoo ibsuuf odeeffannoo guurrachuuf dirree hojiitti yoo bobba'u meeshaalee funaansa ragaa garaagaraa kanneen akka afgaaffii fa'ittii fayyadamuun filatamaa akka ta'eedha. Sababni isaa immoo qoratichi rakkoo qorannichaaf odeeffannoo qabatamaa furmaata fiduu danda'a jedhu kan ittiin argatu waan ta'eefiidha. Kanaaf, yeroo ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan funaanaman meeshaalee olitti tuqaman kanneen yeroofi bakka barbaachisetti gargaaramuun dhimma itti baheera.

#### 3.2.1.1. Afgaaffii

Agaaffiin, gaaffii qorataan odeeffattoota filataman gaafatuudha. Haaluma kanaan Punch (1978:38) bu'aa afgaaffiin qorannoo qulqullaa'inaa keessatti qabuun wal qabsiisee yoo ibu "interview is one of the main data collection tool in qualitative research. It is very good way assessing people perception" jechuun lafa ka'a. Kunis afgaaffii qorannoo qulqullaa'inaa keessatti odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaanuuf meeshaa baayyee barbaachisaa ta'uu isaa agarsiisa. Sababa kanaaf qoratichi gaaffii banaatti gargaaramuun ogeeyyii fayyaa hospitaalichatti argaman baayinni isaanii kudhan(10) kan ta'aan yeroo isaan dhukkubsattoota yaaluuf kutaa (OPD)tti waamanii qorannoo erga taasisaniifii booda afgaaffii hin caaseffamneetti gargaaramuudhaan dubbatanii walhubachuu dhabuutiin rakkoowwan dhukkubsattoota irra ga'aaniifi wantoota quunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattootaa akka hin milkoofne godhan gaafata. Kanneen kana irra dhaabbachuudhaan akkasumas dhukkubsattoota baayinni isaanii kudha afur(14) ta'aan irraa afgaaffii hin caaseffamneetti gargaaramuun hospitaalichatti yaalamuuf dhufan irraa odeeffannoo wantoota ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni akka walhin hubanne taasisan funaannate. Qoratichis meeshaa kana kan inni filateef kallattiin qaamota odeeffannoo isaaf kennan bira deemuudhaan kan odeeffannoo walitti qabateedha. Malli kun mala odhimtoonniifi qorataan kallattiin wal arganii yaada waljijjiiran waan ta'eef dandeettii dubbisuufi barreessuu odhimtootaa kan gaafatu miti. Kunis qorannoo kana keessatti mala filatamaa akka ta'u kan taasise keessaa tokkodha. Dastaa (2013:112) gaarummaa mala kanaa yommuu ibsu, "Odeeffannoon afgaaffiin dhiyaatu yoo ifa hinta'in qorataan keessa deebi'ee fooyyessuu danda'uufi odeefkennitoonnillee waan hingaliniif gaafachuuf carraa qabaachuunsaanii meeshaa kana filatamaa taasisa." jedha. Qoratichiis meeshaalee ragaa ittiin funaannatu keessaa tokko afgaaffiitti dhimma ba'uun nama 24 irraa odeeffannoo funaannateera.

#### 3.2.1.2. Daawwannaa

Daawwannaan ragaa bu'uuraa qorannichaa cimsuu danda'aan funaannachuuf mala qaamaan argamuun yoomessaa uumamaa keessatti hirmaachaa odeeffannoo funaannataniidha. Qoratichis yeroo dhukkubsattoota ogeeyyiin fayyaa yaalan, ogeeyyii fayyaa eyyamsiisuun dhukkubsattootas haala qorannoo sanaa hubachiisuun isa booda yeroo ogeeyyiin fayyaa

qorannoo afaanii taasisaniif quunnamtii gidduu isaaniitti taasifamu dhaggeeffachuudhaan waan argeefi dhaga'e galmeeffataa deeme. akkasumas kutaa hordoffii ulfaafi yaala gadameessaa keessa jiran yeroo isaan quunnamttii taasisan hordofuun, akkasumallee dhukkubsattoota afaan ogeeyyii fayyaa hin beekneefi ogeeyyii fayyaa afaan dhukkubsttootaa hin beekne eeguudhaan, namoota rakkoo xiinsammuu qabaniifi kanneen miti dubbiitti dhimma bahaan hordofuudhaan yeroo isaan walquunnamtii isaan taasisan marsaa shaniif daawwannaa taasisee waan arge galmeessee xiinxaleera.

Yaada kana Dastaan (2013:118) irratti akka ibseetti, "daawwannaan mala odeeffannoon qorannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti geggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti geggeessu sana hordofaa waan arge tokko ragaa akka sassaabbatu kan taasisuudha" jedha. Haaluma kanaa qoratichi meeshaalee funaansa ragaa kanatti gargaaramuun odeeffannoo barbaachisu kallattiin madda ragaa tokkoffaa irraa qaamaan hospitaala Aayiraa keessatti yeroo ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni waliin dubbii taasisan argamee walquunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattottaa gidduutti taasifamu odeeffannoo funaannateera. Akka Sarantakos( 1998) ibseetti, daawwannaan mala odeeffannoon ittiin funaanamu ta'ee qofaa isaa osoo hin ta'iin qorannoo dokumentii afgaaffii waliin ta'uu danda'a. Akkasumas malli kun odeeffannoo afgaaffiidhaan iddattoo irraa funaannatu daawwannaadhaan waan sirrii ta'eefi sirrii hin hintaane, yeroo dhukkubsataan dhukkuba isaa ogeessa fayyaatti himatu,yeroo ogeessi fayyaa dhukkubsataaf qorannoo taasisu, akkaataa ogeessi afaanitti fayyadamee dhukkubsataa dhukkuba isaa itti gaafatuufi dhukkubsataan haala inni itti dhukkuba isaa ogeessatti himatu, waliin dubbii gidduu isaaniitti taasifamu daawwachuun ragaawwan walitti qabate qorannoo akkamtaatti gargaaramuun qaaccesseera.

## 3.3. Mala Iddattoo Qorannichaa

Qorannoon kun wal quunnamtii Ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoonni Hospitaala Aayiraa taasisan: gama fayyadama afaaniitiin taasifamuu xiinxaluu irratti gaggeeffame. Qoratichi ragaalee maddoota adda addaarraa argaman qaacceessuuf mala akkamtaatti gargaarame. Sababni mala kana filateefis, qoratichi rakkoolee arge galmeessuudhaan mala addeessaatiin ibse. Akka Cohen (2006) ibsutti, "research design is governed by the notion of fitness for

purpose. The purpose of the research determine the methodology and design of the rsearch"jedha. Ergaan yaada kanaa qorannoo tokko haala xiyyeeffannoo isaa bu'uura godhachuun saxaxni isaa filatamuu isaati. Haaluma kanaan qorannoon kun qorannoo akkamtaa yommuu ta'u, malli qaaccessa ragaa isaa immoo mala ibsaadha. Gama birootiin mata duricha irratti hundaa'uun malleen iddatteessuu miti carraa jalatti kanneen argaman iddatteessuu akkayyoofi hammargee fayyadame.

Qorannoo tokko geggeessuuf odeeffannoon barbaachisaadha. Odeeffannoo immoo nama hundaa irraa funaanuun waan nama rakkisuuf iddattoo filachuun dirqama ta'a. Beektonni qorannoo akka ibsanitti iddattoo filachuuf tooftaalee hedduutu jiru. Tooftaaleen akka qorannoo isaa waliin deemutti kan filatu immoo qorataadha. Kaayyoon iddattoo filachuu kun qorannoo keessatti bakka tokko qofaatti kan gaggeeffamu otuu hintaane sadarkaa adda addaatti kan mul'atudha. Yaada kana Flick(2002:61) irratti yoo ibsu,

> *The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is concerned to the decision about which persons to interview (case sampling) … furthermore, it emerges with the decision about which the interviews should be further treated, i.e., transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings. (presentational Sampling).*

Akka yaada kanaatti wayitii qorannoon gaggeeffamu iddattoon kan filatamu bakka sadiittidha. Dura namoota ragaa kennuu danda'an filachuun kan danda'amu iddattoodhaani. Ragaan erga argameen booda immoo hiikuufi qaacceessuuf iddattoon ragaa barbaachisaadha. Ragaan argame erga qaacceffamee bu'aan qorannoo erga beekamee booda ammoo qaama dhimma ilaallatuuf dhiyeessuufi agarsiisuuf iddattoon dhiyyeessaa barbaachisaadha. Kana jechuun qorataan qorannoo isaa dhiyeessee amansiisuuf yeroo kennamuuf keessatti kan qaacceffaman keessaa kaayyoo isaa kanneen mul'isan filachuu qaba jechuudha. Sarantakos (2005:174) iddatteessuu yeroo ibsu,"sampling is the process of choosing of the respondents of the study"jedha.Yaada kana irraa waanti hubatamu, iddatteessuun adeemsa qorannoo tokkoof odhimtoonni itti filamaniidha.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessattis malleen iddatteessuu qoratichi itti fayyadame mala miti carraa keessaa mala akkayyoofi mala hammargeetti fayyadameera**.** Akka

Singh(2006) ibsutti, gosoonni iddattoo ittiin filataman isaan beekamoon lamadha. Isaanis; iddattoo carraafi miti carradha. Qorannoo kana gaggeessuuf kaayyoo qorataa galmaan ga'uu danda'a jedhee qoratichi itti dhimma bahe iddatteessuu miti carraadha. Iddatteessuu miti carraan gosoota iddatteessuu keessaa tokko ta'ee, gosoota afur of keessaatti kan hammatedha. Isaanis; iddattoo akka tasaa (accidental sampling), akkayyoo (Purposive Sampling), kootaa kennuu (quota Sampling)fi darbaan dabarsaa (Snow-ball) dha. Akkuma armaan dura ibsuuf yaaletti qorannoo kana keessatti qoratichi kan dhimma itti ba'e iddatteessuu akkayyoofi hammargeedha.

### 3.3.1. Mala Akkayyoo

Malleen iddattoo jiran keessaa kan qoratichi mala kana filateef qorannookoo bakkaan naaf gaha jedhee kan yaade keessaa isa tokko ta'ee kan qoratichi ragaalee barbaachisu irraa nan argadha jedhee kan murteesse qoratichi kan filateedha. Akka Addunyaan (2011:67) ibsutti, "malli akkayyoo mala miti carraa keessaa tokko ta'ee kan qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qabu irraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata" jedha. Iddatteessuun akkayyoo fiixa ba'insa kaayyoo qorannoo irratti hundaa'uun kan filatamuudha. Akka Singth (2006,) ibsutti iddatteessuun akkayyoo kan qorataan kaayyoo isaa irratti hundaa'ee kaayyoosaa sana galmaan ga'uuf ofiisaa iddattoo kan murteessudha. Iddatteessuun akkayyoo odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuuf kan gargaaru ta'ee odhimtoota irraa odeeffannoo qorataan fudhatu murteessuuf illee qorataa kan gargaarudha.

Qoratichis mala kana kan fayyadameef kutaalee dhukkubsattoonni keessatti tajaajilamaniifi ogeeyyii fayyaa iddatteessuufidha. Sababni kutaalee kunniin mala kanaaf filamaniif dhukkubsattoonni kamiyyuu jalqaba irratti ogeeyyii fayyaa wajjin qunnamtii kan taasisan kutaa qorannoo keessatti waan ta'eef. Rakkoon itti fayyadama afaanii kutaa kana keessatti caalaatti mul'achuu waan danda'uufiidha. Dabalataan kutaa hordoffiif yaala gadameessaafi kutaa qorichaa keessatti rakkoon kun jiraachuu isaa waan argeef mala kanatti fayyadamuu filate. Erga kutaaleen kun filamanii booda ogeeyyii fayyaattis maluma kanatti fayyadamuun kanneen muuxannoo hojii waggaa lamaa ol qaban filateera. Sababni isaa ogeeyyiin fayyaa hospitaala kana keessaa yeroo dheeraadhaaf tajaajilan rakkoon itti fayyadama afaanii yookiin

walhubachuu dhabuurraa ka’uudhaan dhukkubsatoota irra miidhaa ga’u danda’uuf mudannoo isaaniifi kan ogeeyyii fayyaa biroo qabaachuu danda’aan jedhee waan yaadeefiidha. Haaluma kanaan, qoratichi ogeeyyiin fayyaa kunneen mudannoo isaanii wajjin walqabsiisuun odeeffannoo qorannoo kanaaf na barbaachisu naaf kennu jedheeti. Baay’inni ogeeyyii kutaa sadanii waliigalatti 35 yeroo ta’u, isaan keessaa akka iddattootti kanaan filadhu, dhiira 5 fi dhalaa 5. Waliigala (10)dha.

### 3.3.2. Mala Hammargee

Mala kanatti itti fayyadamuu kan filateef qoratichi dhukkubsattoonni yeroo ogeessi fayyaa waamu kutaa adda addaa waan seenaniif isaan argachuudhaaf baayyee rakkisaa waan ta’eef mala kanatti dhimma ba’uuf filateera. Mala kana ilaalchisee, Addunyaan (2011:67) “Malli hammargee mala miti carraa keessaa tokko ta’ee kan qorataan yookiin qorattuun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu qaama dhimmi ilaallatu keessaa hammuma argaterraa yookiin argatterraa funaanuun kan qorannoo geggeessu yookiin geggeessituudha”, jedha. Haaluma kanaan kutaalee sadan keessaa dhukkubsattoota iddatteesssuuf mala kanatti qoratichi  kan fayyadameef dhukkubsattootatti sababii miirri dhukkubbii itti dhaga’aamuuf tajaajila argachuuf kutaa adda addaa waan seenaniif murteessuudhaan isaan argachuun baay’ee rakkisaa ta’a. Kanaaf odeeffannoo barbaachisu dhukkubsattoota irraa hanga argatuutti mala kanatti fayyadameera. Baayinni dhukkubsattoota iddatteeffamanii waliigalatti 14 yeroo ta’u, dhiira 7 fi dhalaa7 dha.

**Baayina iddattootaa**

| T/L | Gosa iddattoo | Saala | | |
|---|---|---|---|---|
| | | Dhiira | Dhalaa | Ida’ama |
| 1 | Ogeeyyii fayyaa | 5 | 5 | 10 |
| 2 | dhukkubsattoota | 7 | 7 | 14 |
| | Waliigala | 12 | 12 | 24 |

### 3.4. Mala Ragaan Ittiin Qaacceffame

Mata duree kana jalatti gosti qorannoo kanaa maal akka ta'eefi mala akkamiin akka qaacceffametu dhiyaate. Odeeffannoo qorannoo kanaaf gama afgaaffii hin caaseffamneefi daawwannaan funaaname mala akkamtaatiin qaacceffameera. Faayidaa mala kana ilaalchisee Creswell (2009:176) yoo ibsu, "Qualitative data analysis is a form of interpretive inquiry in which researchers make an interpretation of what they see, hear and understand" jedha. Yaada kana irraa akkuma hubatamuutti odeeffannoo qorannoo akkamtaa qaaccessuufi hiikuuf qorataan waan arge, waan dhaga'eefi waan hubate jechootaan qindeessee (non-numerical) ibsuudhaan kan dhiyeesssuudha. Yaaduma kana bu'uura godhachuun qorannoo kanaaf odeeffannoowwan gama afgaaffii hin caaseffamneefi daawwannaadhaan argame mala akkamtaatiin qaacceffameera.

Qorannoon kun odeeffannoo afgaaffiifi daawwannan argame tartiiba isaanii eegachuun tarreeffamanii qaacceffamu. Dastaan (2013) kana jechuun ibsa, odeeffannoo ykn ragaalee qorannoon akkamtaa qorattoonni haaluma isaanii mijateen kan deeman akka ta'e mulisa. Kana malees, Addunyaan (2011: 62-63) qaaccessa ragaa yoo ibsu "malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsuudha. Mala odeeffannoon itti hiikamu keessaa mala akkamtaa (Qualitative data analysis) fayyadamee kanneen deebii walfakkaatan kanneen kennan yaada bu'uura fudhachuun irra deddeebii hambisuun qacceefama. Tartiibolee armaan gadii hordofuun qacceeffamu.

- ✓ Iddattoon odeeffannoo qulqulluu kennuu isaanii adda baafachuu
- ✓ Yaadolee gaaffilee bu‟uuraa adda baasuu
- ✓ Odeeffannoo walitti dhufeenya qabaniifi hin qabne adda baafachuu
- ✓ Yaadolee hin barbaachifne keessaa hambisuu.
- ✓ Yaadolee walsiman walitti fiduun yaada cuunfuu goolaba irra gahuu.

### 3.5. Naamusa Qorannichaa

Hojii qorannoo keessatti naamusni qorannoo gahee guddaa qaba. Neuman (2007) akka barreessetti seeraafi naamusa karaa seera qabeessaan eeguun qorataan icciitii irraa qoratu

eeguufi hawaasa isaa qoratu kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuuf kan adeemsisu ta’uu ibsa. Kunis qorannoo geggeeffamu keessatti icciitii hawaasichaa eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun hawaasichaaf akka oolu gochuu keessatti qooda guddaa qaba. Kanaafuu, qorataan ragaa kennitootaaf of ibsuufi xalayaa seeraa qorannichaa akka gaggeessuf kennameef qabachuun barbaachisadha. Kana malees, aadaa, duudhaafi safuu hawaasa naannoofi odhimtootaa kabajuufi eeguun dirqama qorataati.

# Boqonnaa Afur: Dhiyeessiifi  Xiinxala Ragaalee

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoo odhimtoota irraa funaanamantu qaacceffamuun dhiyaate. Haaluma kanaan afgaaffiifi daawwannaadhaan ogeeyyii fayyaafi wal’aanamtoota irraa funaanaman mala qaaccessa akkamtaatti fayyadamuun qaacceffamanii jiru. Afgaaffileen qaacceffaman kunneen ja’a yeroo ta’an deebiiwwan odhimtoota wal’aanamtootaafi ogeeyyii fayyaa ta’aanii akkaataaa wal fakkeenya isaaniitiin qindaa’uudhaan mala ibsaatiin erga qaacceffamanii booda odeeffannoowwan daawwannaadhaan argamanis itti aanuun qaacceffamuudhaan jechaan ibsamanii jiru.

## 4.1. Xiinxala FayyadamaAfaanii Ogeessa Fayyaafi Wal’aanamaa Gidduutti  Mul’atu

Kutaa kana jalatti dhimmoota fayyaa wajjin wal qabatan karaa fayyadama afaaniitiin raawwataman xiinxalamuun kan ibsameedha. Kunis karaa fayyadama afaanii yeroo ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni quunnamtii taasisan akkaataa ogeeyyiin fayyaa afaanitti fayyadamanii dhukkubsataaf yaala fayyaa godhaniifi dhukkubsattoonni afaan fayyadamanii dhukkuba isaani himaatan kan ilaalamuufi fayyadama afaanii kana keessatti immoo wantoota mul’atan kan ibsamaniidha. Haata’u malee quunnamtiin dubbataafi dhaggeeffataa gidduutti godhamu haalota garaa garaan gufachuu danda’a. Kanaan walqabatee hospitaala Aayiraa keessatti fayyadamni afaanii kan akkamiiti yookaan wantooni akka ogeeyyii fayyafi wal’aanamtoonni akka wal hin hubanne taasisan maali? jedhu ragaawwan argaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

### 4.1.1. Wantoota Quunnamtii Afaanii  akka ogeeyyiin fayyaa wal’aanamtoota hin Hubanne Taasisan

Afgaaffin kun  quunamtii afaanii ogeeyyiin fayyaa taasisan keessatti wantoonni akka isaan wal’aanamtoota hubachuu hin dandeenye isaan taasisan maali jedhu? ogeeyyii fayyaa gaafaachuun ragaa isaan kennan xiinxaluun akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

#### 4.1.1.1. Rakkoo Jechootaan Walhubachuu Dhabuu

Quunnamtiin tokko adeemsifameera kan jedhamu dubbataafi dhaggeeffataan dubbatanii yoo walii galaniidha. Dubbatanii waliif hin galan yoo ta’e quunnamtiin akka gidduu isaaniitti hin

adeemsifamneetti ilaalama. Kanaaan wal qabatee akka hospitaala Aayiraatti rakkoowwan quunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattootaa gidduutti mul'atu, ragaaleewwan funaanamanirraa yaada dhiyaate qaacceffamuun akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Akka yaada namoota ragaa kennan irraa hubatamuutti, wantoonni akka ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattoota hinhubanne godhu inni hangafaa afaan walii wallaaluudha. Akkasumas jechoota dhukkubsattoonni fayyadamanii dhukkuba isaanii himatan ogeeyyiin fayyaa sirriitti hin beekan taanaan gidduu isaaniitti walhubannaan uumamuu dhiisuu danda'a. fakkeenyaaf ogeeyyiin fayyaa dhukkubsataa tokkoon *keeziin* dhukkubakee maali? jedhanii dhukkubsataa hiika jecha kanaa hin beekne gaafatamee yeroo inni callisee ilaalutu jira. Ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni immoo akka hospitaala kanaatti afaan walii beekuu dhabuufi jechoota bakka garaa garaatti hiika adda addaa qaban fayyadamuun gidduu isaaniitti baayinaan waan mul'atuuf yeroo baayyee rakkoon ni uumama. Yaada kana irraa waanti hubatamu, afaan walii beekuu dhabuufi jechoonni dhukkubsataan itti gargaaramee ogeessa fayyaatti himatuufi ogeessi fayyaas akka waan dhukkubsataan afaan isaanii beekuu yoo itti dubbate dhukkubsataan sababa afaanicha hin beekneef jalaa cal jedha; ogeessi fayyaa immoo akka waan dhukkubsataan beekaa calliseetti fudhatee ilaala. Yeroo kana ogeessi fayyaa dhukkubsattoota hubachuu dhiisu.

Kana malees,wal'aanamtoonni jechoota garaagaraa fayyadamanii yeroo isaan dhukkuba isaanii ogeessatti himatan ogeeyyiin fayyaa waan isaan himatan sana kallattiin hiika isaa hubachuu dhabuufaadha. Kunis yeroo mallattoo dhukkuba isaanii himatan *"ol na deebisaa, na teessisaa, halkan uleedhuma fudhatee natumaa bule, dhagnakoo keessa deemee na qoroxxoma,buusaa buusaatti na alanfata, halkan kana guutuu na hunkuraa bule, dhaqnikoo daakamaaadha, danda'ee oljedhee gadi hin jedhu"* faa jedhanii yeroo isaan itti himatan ni jira. Ogeessi yaada isaanii kana hin beeku taanaan walhubachuu dhiisuu danda'u jechuun kanneen yaada isaanii ibsan jiru. Hawaasni amaleeffannaa naannoo isaa keessatti qabu irraa ka'uudhaan waan manatti amaleeffate yookaan hawaasa keessatti wantoota jedhanii ibsatan yeroo mana yaalaa ogeessa bira deemaniis jechoota mallattoo dhukkuba sanaa dhiisanii waan hawaasa keessatti jedhanii dubbatan fayyadamanii ogeessa fayyaatti himatu. Ogeessi

sun fayyadama afaan dhukkubsataa sanaa hin beeku yoo ta’e, Kunillee akka walhin hubanne isaan taasisa jechuudha.

*Fakkeenyaaf jechoota dhukkubsataan fayyadamee dhukkuba isaa himate*

*Halkan uleedhuma fudhatee na tumaa bule, dhagnakoo keessa deemee na qoroxxoma, halkan kana guutuu na hunkuraa bule,dhaqnikoo daakamaadha.*yeroo isaan itti jedhan jira. Jechoota kana ogeeyyiin fayyaa tokko akka ogummaa baratanii ba’aniitti dhukkubni hunkuraa, dhaqna daakaa hin jiru. kun illee akka ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattoota hin hubanne taasiseera.Yaada kanaa irraa waanti hubatamu, ogeeyyiin fayyaafi wal’aanamtoonni quunnamtiin gidduu isaaniitti taasifamu akka gufatu kan godhu wal’aanamtoonniifi ogeeyyiin fayyaa jechoota bakka tokkoo bakka birootti hiika wal hin fakkaatne qabaniifi afaan hawaasni sun itti fayyadamee himatu ogeeyyiin fayyaa wallaaluudha. Kana malees wal’aanamaan “halkan kana guutuu na hunkuraa bule” jechuun isaa sababa baayyee na dhukkubuuf hin rafiinan bule, baayyee na dhukkuba jechuu barbaadeti. Dhagnakoo na daakaa bule jchuun isaanii immoo dhagnakoo keessa deemee na caccabsaa jechuu barbaadeeti. Ogeeyyiin hiika fayyadama afaan kanaa hin beekne wal’aanamaa wajjin walhubachuu hin dandeenye. Sababni isaas jechoonni kun mallattoo dhukkuba nama sanaa kan ibsu ogeessichi baratee waan hin baaneef akkaataan aadaa hawaasaa illee quunnamtii afaanii gufachiisuu danda’eera. Wal’aanamtoonni jechoota hawaasa keessatti fayyadamanii dubbatan ogeeyyiin fayyaa haala aadaa hawaasa sanaaa hin beekne dhukkubsataa sanaaf tajaajila barbaachisu akka isaan hin laanne godheera.

Hospitaalli kun bal’aa waan ta’eef wal’aanamtoonni bakka garaa garaatii dhufanii bakka kanatti ni wallaanamu. Keessumaa namoonni naannoo gambeelaa, kamashii, Asoosaa dhufanii bakka kanatti tajaajilaman Ogeeyyiin fayyaa tokko tokko afaan isaanii wallaaluufi jechoota bakka bu’aa hiika dhukkuba isaanii wallaaluun akka ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattoota sana hin hubanne gochuu danda’eera. Kana malees dubbaattootuma afaan tokkoo gidduu garaa gararummaan loogaa jiraachuun akka ogeeyyiin fayyaa wal’aanamtoota hin hubanne isaan taasise. Fakkeenyaaf Dhiirri qaama saalaa isaa dhukkubu yeroo dhukkubsatee ogeettii fayyaa shamarranii biratti yaalamuuf dhufan sodaa irraan kan ka’e dhukkuba isaanii sirriitti hin himatan. Kana malees, namoonni uumamuma isaaniitiin kan

nama hin hubannee yookaan hin dhaggeeffanneefi akkasuma sadarkaa barnootaan wal caaluun illee adeemsa quunnamtii keessatti gufuu uumuu waan danda’uuf kunillee akka ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni walhin hubanne ni taasisa jechuudha.

Inni kan biraan akka hospitaala kanaatti rakkoo guddaan kan mul’atu walaanamtoonniifi ogeeyyiin fayyaa jechota garaagaraa dubbachuu isaaniidha. Sababni isaa namoonni bakka garaagaraatii dhufanii hospitaala kanatti wal’aanaman jechoota garaaa garaa waan dubbataniif akkaataa barbaadanitti tajaajila fayyaa argachuu hin danda’aan. Kana malees loogi dhukkubsataan beekuufi ogeeyyiin fayaa beekan adda adda ta’uun ni mul’ata. Fakeenyaaf ogeettiin tokko aadaafi looga namoota machaaraa jiraatanii hubachuu dhiisuun taa’i marfeen si waraanaa yoo ittiin jettu inni immoo kan inni beeku marfee diruu jechuu beeka malee waraannachuu hin beeku. Kun immoo dubbattootuma afaan tokkoo gidduutti yeroo itti garaagarummaan loogaa yookaan loqodaa uumamu ni jira. Uummanni achii kan inni itti beeku marfee *nadiri* yookiin marfeen diradha jedhu malee marfeen waraannadhaa hin beekan, marfee yoo fudhatan ammo dhaabbatanii malee ta’aanii hin fudhatan. Isheen jecha diruu jedhu hiika kan biraatti beekti. Akka ogeettii kanaatti jecha “diruu”jedhu kan isheen itti beektu mukatti yookaan sibiilatti waa fannisuutti beekti. Kun illee ogeessi tokko looga dhukkubsataa sanaa hubachuu hin dandeenye.

#### 4.1.1.2. Rakkoo Xiinsammuu

Walquunnamtiin tokko haala gaariidhaan geggeeffamuu kan danda’u namoonni waliin dubbatan sun yoo akkaataa barbaadamuun dubbatanii walhubataniidha. Kanuma irraa ka’uudhaan quunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattootaa kanneen daangessan keessaa kanneen rakkoo xiinsammuu qabanii wajjin dubbatanii walhubachuu dhabuu irratti argaman ragaaleen funaanaman akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Yaada odhimtootaa iraa akka hubatameetti, ogeyyiin fayyaa akka wal’aanamtoota hin hubanne kan godhan namoonni tokko tokko gara hospitaala kanaa kan dhufan namoota sammuun isaanii xuqamee jiruudha. Namoonni akkasii sirriitti yaada isaanii baasanii dubbachuu waan hin dandeenyeef Ogeeyyiin fayyaa illee waan isaan dubbatan hubachuu hin dandeenye. Yeroo dubbatan waanuma barbaadan sababa dubbataniif hubachuun rakkisaadha. Ogeeyyiin fayyaa namoota rakkoo xiinsammuu qabanii wajjin dubbatanii walhubachuu

dhiisuudhaan akkasuma tajaajila barbaachisaa illee akka hin gooneef kan taasiseedha. Ogeessi tokko dhukkubsataa tokko wallaanuu kan danda'u yoo dhukkubsataan sun ogeessa sanaa wajjin dubbatee yaada isaa wal jijjiiire malee akkasumaan yaaluu hin dandeenye. Kana malees, akka ogeeyyiin fayyaafi wal'aanamtoonni wal hinhubanne kanneen taasisan keessaa tokko wal'aanamtoonni sodaan guutamuun afaanitti fayyadamanii dhibee isaanii himachuu dadhabuudha. Inni kan biraan immoo wal'aanamtoonni tokko tokko miira aariin guutamanii dhukkuba isaanii yeroo isaan himatan jira. Kana malees, namoonni tokko tokko miira keessa galanii kan dubbatan, dubbannaan isaanii tartiiba kan hin qabne yeroo baayyee quunnamtii irratti rakkina qaba. Namoonni rakkoo xiinsammuu qaban qixa sirrii ta'een dubbatanii ogeeyyii fayyaa wajjin walquunnamuu waan hin dandeenyeef quunnamtiin gidduu isaaniitti taasifamu gufataadha. Kana malees, akka ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattootaa wajjin walhin hubanne kan godhu, dhiibbaa miira namootaafi namoonni giingee ta'an danda'aanii si'aa'inaan waa ibsachuu irratti rakkoo waan qabaniif ogeeyyiin fayyaa yeroo tokko tokko namoota akkasii wajjin walhin hubatan. Namoonni uumamumaan rakkoo waa hubachuu qabaniifi rakkoo sammuu qaban akkasumas giingummaan kan rakkatan akkaataa barbaadanitti dubbatanii ogeessaa wajjin walquunnamuu waan hin dandeenyeef rakkoon walhubannoo dhabuu gidduu isaaniitti uumama. Kunis quunnamtii gaariin ogeessa fayyaafi dhukkubsataa sana gidduu akka hinjiraane argisiisa.

#### 4.1.1.3. Rakkoolee Quunnamtii Mallattooleen Taasifaman

Quunnamtiin yookaan waliin dubbiin karaa adda addaa geggeeffamuu danda'a. Quunnamtiin kun yeroo geggeeffamu immoo adeemsa keessa darbee kan raawwatuudha. Adeemsa kana keessa immoo gufachuu danda'a. ogeessi fayyaa tokko immoo tajaajila wallaansa fayyaa kennuuf dhukkubsataa wajjin dubbatee yoo odeeffannoo waljijjiire tajaajila qulqulluu kennuufii danda'a malee ijaan ilaaluu qofaan yookaan bu'aa qorannoo laabii iraa argame qofaan tajaajiluu hin danda'u. Kanuma bu'uura godhachuun akka ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattoota hinhubanne wantoota taasisan keessaa yaada odeef kennitootaa akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Akka ogeeyyiin fayyaafi wal'aanamtoonni wal hin hubanne kanneen taasisan keessaa kan biroon immoo dhukkubsattoota dhibee gurraa qaban yookaan duudaa ta'aaniifi kanneen

arrabni isaanii dubbachuu hin dandeenye mallattoo gargaaramanii dhibee isaanii himatu. Yeroo isaan mallattoo gargaaramanii dhibee isaanii kana himatan immoo ogeessi fayyaa tokko yaada isaanii hubachuu irratti hubannaa gahaa hinqabu. Fakkeenyaaf namni arrabni isaa dubbachuu hin dandeenyeefi kan gurri isaa hin dhageenye tokko dhibee garaa kasaan qabamee yaalamuuf ogeessa bira yeroo dhufu ammaa amma akka mana booliitti deddeebi'u harkaan harkasaatiin itti himatee ture, garuu ogeessi fayyaa mallattoo dhukkuba isaatii bira ga'uu dadhabee nama isa isa fide waamee waa'ee dhukkuba nama sanaa gaafatee isa booda wal'aane. Ogeeyyiin fayyaa namoota akkasii  wajjiin dubbatanii odeeffannoo waa'ee dhukkuba isaanii hubachuun baayyee rakkise. Dhukkubsattoonni dhibee isaanii mallattoodhaan himatan kanneen akka arrabni isaanii hin dubbanne, kanneen rakkoo dhageettii gurraa qabaniifi dhibeedhaan gurri isaanii dhaga'uu kan hin dandeenyee mallattoodhaan himataniif ogeeyyiin fayyaa isaan hubachuu hin dandeenye.. Fakkeenyaaf dhukuubsataan mallattoodhaan garaa isaa keessi akka dhukkubu ogeessatti himachuu yoo barbaade harkasaa garaarra ka'aatee itti agarsiise. yeroo kana ogeessichi garaa isaa keessi akka dhukkubu beeke malee dhibeen isaa attam akka isa godhu adda baasee beekuu hin dandeenye. Akkasumas dhukkubsattoonni kunis ogeeyyiin fayyaa waan isaan hin hubanneef tajaajila wal'aansa fayyaa argachuu irratti miidhamu. Kanaaf adeemsa walquunnamtii keessatti immoo dubbataafi dhaggeeffataan yoo yaada wal jijjiiran quunnamtiin tokko qixa sirriin raawwatama.

Haata'umalee ogeessi tokko dhukkubsattoota mallattoolee fayyadamanii dhibee isaanii himatanii wajjin akka namoota afaan dubbiitti gargaaramanii isaan faana hubachuu hin dandeenye. Ogeessi fayyaa tokkos dhukkubsataa tokko yaaluuf  bu'aa qorannoo laabii qofaa irraa argameen tajaajiluu hin dandeenye;yoo waliin dubbatee walii gale qofaa yaala sirrii ta'e tokko geggeessa.

### 4.1.2. Wantoota Quunnamtii Afaanii Wal'aanamtoonni Akka Ogeeyyii Fayyaa Wajjin Wal Hinhubanne Taasisan

Quunnamtiin tokko milkaa'eera kan jedhamu dubbataanfi dhaggeeffataan tokko yoo qixa sirriin dubbatanii walii galan ergaan barbaachisu yoo darbe quunnamtiin uumameera jechuu dandeenya. Kanuma sababeeffachuun  wal'aanamtoonni yeroo tokko tokko ogeeyyii fayyaa

waliin waliigaluu yookaan walhubachuu dhabuun ni mul’ata. Akka hospitala kanaatti immoo rakkoowwan kanaan walqabatanii wal’aanamtoonni akka ogeeyyii fayyaa wajjin walhin hubanne wantoota taasisan ragaawwan funaannachuudhaan xiinxalee akka kanaa gadiitti dhiyeesseera.

Akka dhukkubsattoonni Ogeeyyii fayyaa hinhubanne wantoonni godhan, wal’aanamtoonni afaan ogeeyyiin fayyaa gargaaramanii dubbataniifi akkasumas jechoota ogummaa fayyaan walqabatan ogeeyyiin fayyaa  baayinaan yoo fayyadaman dhukkubsattoonni hubachuu dhiisuu. Jechoota ogeeyyiin fayyaaa fayyadamanii wal’aanamtootatti dubbatan keessaa yeroo baayyee kan wal’aanamtoonni hubachuu dadhabanii akka dhukkubsattoonni burjaja’aan kanneen taasisan keessaa yaada odhimtootni kennan yeroo ilaallu:-Gastrick dhukkubsattee beettaa? Kanaan dura hypertantion qabduu? Tirfi anjatiikeetu si dhukkuba ,katatarii siif galchina, kutaa maternity biratti eggadhu,kkf kanneen jedhaman ogeeyyiin fayyaa fayyadamanii wal’aanamtootatti yeroo dubbatan ogeeyyii fayyaa hubachuu dhabuufa’i. Kun immoo afaan yookaan jechoota ogeeyyiin fayyaa fayyadamanii wal’aanamtootatti dubbatan akka dhukkubsattoonni ogeeyyii fayyaa hin hubanne taasisee jira. Kana malees jechoota bakkaa  bakkatti hiika adda addaa qaban dubbachuufi hospitaala kanatti immoo faranjoonni biyya alaatii namoota wal’aanuuf dhufanillee dhukkubsataan afaan isaanii beekuu dhabuufa’i. Ogeeyyiin fayyaa afaan dhukkubsattootaa kan hin beekneefi dubbattootuma afaan tokkoo fayyadaman gidduu garaagarummaan loogaa jiraachuun akka walhin hubanne godha.

Kana malees akka hospitaala kanaatti lammiileen biyya alaa dhufanii bakka kanatti dhukkubsattoota yaalan afaan dhukkubsattootaa waan hin beekneef namoota isaan yaalanii wajjin walhubachuu dhabuun gidduu isaanii jira. Ogeeyyiin fayyaa akka waan dhukkubsattoonni beekanii,jechoota gabajee gargaaramuudhaan ajaja kennaniifiitu jira. Fakkeenyaaf ogeettiin fayyaa tokko dhuftee wal’aanamaa tokkoon kutaa (ICU)tti kottu yoo ittiin jettee adeemtu, dhukkubsataan sun sababa hiika gabajee sanaa yookaan jechichaa hin beekneef ajaja kennameef raawwachuu hin dandeenye. Sababni isaa wal’aanamtichi hiika waan itti dubbatame sanaa waan hin hubanneef jechuudha. Hiika jecha fayyadama kanaa yoo ilaalle, ***(ICU)***’ kan jedhamu kun gabajeedhaan kan barreeffameedha. Gabajee jecha kanaa

***ICU** jechuun intensive care unit yookaan kutaa qiilleensaa* jechuu barbaadameeti. Bakka kanatti fayyadamni afaanii ergaa dabarsuu barbaade akka hindabarsine agarsiisa. Kun immoo kan nama hubachiisu ogeeyyiin fayyaa namni kamiyyuu akkumakoo afaanicha beeku jedhanii dubbachuun quunnamtiin taasifamu akka hin milkoofne godha. Quunnamtiin hin milkoofne taanaan walhubannaan qaama dubbatuufi qaama ergaa fudhatu gidduu akka hin jirre argisiisa.

Kana malees, Ogeeyyiin fayyaa tokko tokko kan bakka biraa irraa dhufan Afaan Oromoo hin beekan. Ogeeyyiin fayyaa kun immoo dhukkubsattootaa wajjiin yeroo dubbachuu barbaadan sababa afaan isaanii hin beekneef waan barbaadan waliin mari'achuu hindanda'aan. Keessumaa dhukkubsattoonni Dr.Daani'eeliifi Dr.Herick biratti yaalaman kan afaan Amaaraafi afaan Ingilizii hin beekne baayyee rakkatu. Akkasumallee kutaa karoora maatii keessaa kan hojjetu ogeessi biyya alaa dhufee kutaa sana kessatti namootaaf wal'aansa godhu Mr Tapio dha. Isaan immoo caalaatti kan dubbatan afaan ingiliziiti malee afaan oromoo furgaasanii hin hindubbatan.Afaan oromoo xiqqoo xiqqoo waan dubbataniif dhukkubsattootaaf waanti isaan jedhanii itti himan hubatamuufii dhiisuu danda'a. Akkasumallee kutaan ogeeyiin kun keessaa hojjetan turjumaannii yoo jiraate malee waliin dubbiin isaanii galma gahuu hin dandeenye.

Jechoonni ogeeyyiin fayyaa tokko tokko dhukkubsataatti dubbatan ifaa ta'ee hinhubatamu. Fakkeenyaaf *ultra sound ilaalamtu, sity scun kaatu* jedhanii yeroo isaan dhukkubsattootti himan jira. Kun immoo akka dhukkubsattoonni jechoota kana hin hubanneefi burjaja'aan taasisee jira. Sababa fayyadama jechoota kanaatiif dhukkubsattoonni jechoota mana yaalaa kana beekuu dhabuudhaan walhubannaan gidduu isaaniitti akka hin uumamne taasise jechuudha. Walhubannaan hin jiru taanaan immoo quunnamtiin hinjiru. Ogeeyyiin fayyaa waan ifaa hin taane dhukkubsattootatti yeroo himan dhukkubsattoonni hubachuu dhiisuun burjaaja'u. Odeeffannoowwan kanneen mirkaneeffachuudhaaf qoratichi daawwannaa taasisee jira. Wantoota quunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoonni akka wal hinhubanne taasisan adda baafachuuf daawwannaa marsaa lama taasisee waan arge akka armaan gadiitti dhiheesseera.

Qoratichi akka daawwannaa isaarraa hubateetti garaagarummaan hiika jechootaa hanga afaan walii beekuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa cimaa ta'uu dhiisuyyuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti quunnamtiin afaaniin taasifamu akka hin milkoofne akka taasisu hubatee jira. Garaagarummaan jechoota sagaleessuu haa jiraatu malee dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti rakkoo walhubannoo akka hin uumne daawwannaa isaa keessatti argee jira. Kana malees, namoota dhibee sammuun qabamanii jiranii fi sadarkaa barnootaa, umurii, sodaa, aari, giingummaa, kanneen nama caqasuu hindandeenye, arrabni isaanii kan hin dubbanneefi rakkoo dhageettii gurraa kan qabanii wajjin quunnamtiin milkaa'aa akka gidduu isaaniitti hin adeemsifne hubatee jira. Kanneen mallattoodhaan fayyadamanis ogeeyyiin fayyaa wallaanuudhaaf yeroo rakkatan daawwannaa isaatiin adda baasee jira. Daawwannaa isaa irraa akka hubateetti immoo ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni warri mallattooleedhaan fayyadamanii wajjin walhubachuu dhabuudhaan qulqullinni tajaajila fayyaa ga'aa ta'e akka hin kennamneef adda baafatee jira.

Walumaagalatti, Hospitaala waliigala Aayiraa keessatti rakkoon dubbatanii walhubachuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaaf wantoonni sababa ta'aan afaan walii beekuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa, ogeeyyiin fayyaa jechoota ogummaa fayyaa wajjin walqabatan fayyadamanii dhukkubsattootatti dubbachuu, jechoota godinaalee garaagaraa keessatti hiika adda addaa qaban fayyadamuu, garaagarummaan loogaa jiraachuu, namoonni dubbii namaa hin caqasne jiraachuu, kanneen giingee ta'aanii wajjin wal hubachuu dhabuufi dhukkubsattoota dhibee sammuu qabaniifi kanneen mallattoolee qofa fayyadamanii ergaa isaanii dabarfachuu barbaadan ta'uu isaaniifi ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattootatti afaan waliin makanii dubbachuu isaanii qaaccessa  kanaan adda baasee jira.

Ogeeyyiin fayyaa tokko tokko sababa iddoo biroo irraa dhufaniif afaan hawaasni naannoo kanaa caalmaatti dubbatu hin beekan. Ogeeyyiin fayyaa biyya alaatii dhufanii dhukkubsattootaaf tajaajila wal'aansa fayyaa kennan afaan dhukkubsattootaa fayyadamanii tajaajila barbaachisu kennuu dadhabuu isaanii yookaan fayyadama afaanii hawaasa achitti tajaajilamanii wallaaluun jira. Kana malees ogeeyyiin fayyaa kan naannoo kanatti dhalatanii kan afaan oromoo malee afaan amaariffaa hin beekne yookaan hin dubbanne jiru. Ogeeyyiin fayyaa kunneen dhukkubsattoota yeroo qorannoo taasisuuf jedhan afaan dhukkubsattootaa

waan hin beekneef baayyee rakkatu. Yeroo kana dhukkubsataa kana wallaanuuf turjumaana isaan barbaachisa. Dhukkubsattonni immoo yeroo turjumaana argan ni rifatu. Sababni isaa namni kan biraan kan afaan hiikuuf waan iccitii isaanii fuudhee bakkeetti haasa'u itti fakkaata.

Kana malees, Ogeeyyiin fayyaa jechoota ogummaa isaanii wajjin kan wal qabatu fayyadamuun dhukkubsattoonni hubachuu dhabuufa'i. Kanaafuu, akka waliigala yaada isaaniirraa hubatamuutti gama fayyadama afaaniin afaan walii beekuu dhabuu, dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa, ogeeyyiin fayyaa jechoota ogummaa isaanii wajjin walqabatu akka waan dhukkubsataan beekuu fayyadamanii dubbachuu, jechoota gabajee wal'aanamaatti dubbachuun akka burjaja'aan taasisu, dubbattoota afaan tokkoo gidduu garaagarummaan looga afaanichaa jiraachuufi bakka bu'aan waan tokkoo hiika garaagaraa qabaachuun isaafi jechoota dhukkubsataan hawaasa keessatti itti faayadamee akkuma jiruun ogeessatti himachuun ogeessi haala bartee hawaasa sanaa hin beekne dhukkubsataa sanaa wajjin walhubachuu dhabuun quunnamtii afaanii gidduu isaanii jiru akka gufatu gochuu danda'a jechuudha

### 4.2. Ergaa Fayyadamni Afaanii Ogeeyyii Fayyaafi Wal'aanamtoota Gidduutti Qabu

Quunnamtiin namoota lamaafi lamaa ol gidduutti taasifamu ergaa dabarsuu danda'uu qaba. Quunnamtiin kun immoo kan raawwatu karaa itti fayyadama afaaniitiin ta'a. namoonni yeroo afaanitti fayyadamanii jedhan ergaan isaanii akkaataa issan itti yaadaniifi eeggatan darbuu yookaan dhiisuu danda'a. Kana immoo adda baafachuuf afgaaffiitti gargaaramee ogeeyyii fayyaafi wal'aanamtoota irraa ragaa funaannatee akka armaan gadiitti xiinxaluun dhiyeesseera.

#### 4.2.1. Ergaa Fayyadamni Afaanii Ogeeyyii Fayyaa Wal'aanamtoota Biratti Qabu

Quunnamtiin afaanii tokko galma yookaan waan barbaadame tokko dabarseera kan jedhamu dubbataan tokko dhaggeeffataatti yeroo dubbatu ergaa inni dabarfachuu barbaade dhaggeeffataan yoo hubatee hojiitti hike, ergaan barbaadamu sun galma ga'uu isaa agarsiisa. Yeroo kana quunnamtiin raawwatameera jechuu dandeenya. Kana bu'uura godhachuun waan ogeeyyiin fayyaa wal'aanamtootatti himuu barbaadan qixa sirrii ta'een dhukkubsattoonni

hubachuuf dhiisuu isaanii yaada ragaa kennitootaa akkaataa walfakkeenya isaaniin akka armaan gadiitti xiinxaluun dhiyeesseera.

Ergaan fayyadama afaanii ogeeyyii fayyaa yeroo tokko tokko wal'aanamtoota biratti haala barbaadameen hojiirra hin oolu. Wal'aanamtoonni ajajaafi gorsa ogeeyyiin fayyaa kennaniif haalaan hojiirra hin oolchan. Waan ogeessi fayyaa tokko itti himees ergaa isaa haala kan biraan hubataeera. Kana malees, dhukkubsataan tokko afaan ogeessi fayyaa dubbatu hin beeku yoo ta'e turjumaana isa barbaachisa. Namni dhufee ogeessa kanaaf hiiku immoo waan ogeessi fayyaa jedhe ergaa isaa guutumaan guutuutti dabarsa jedhamee yaadame dhukkubsataaf hiika. Yeroo hiiku kana keessatti immoo waanti ogeessi wal'aanamaa sanaan jechuu barbaade wal'aanamaa sana biratti ergaan barbaadame darbuu hafee kan biraa godhateera. Ergaa ogeessi sun dabarfachuu barbaade karaatti hafeera. Akkasumallee waan ogeessi fayyaa itti himu wal'aanamtoota biratti hiika addaa qaba.

Namni turjumaana ta'ee ogeessa fayyaaf afaan hiike tokko waan ogeessi fayyaa dubbate turjumaanni sun akkaataa ogeessi sun dhukkubsataa sanaan jechuu barbaadeetti ergaa isaa hin dabarsine. Ergaan fayyadama afaanii ogeeyyii fayyaa wal'aanamaa biratti qabu ogeeyyiin fayyaa jechoota ogummaa fayyaatti fayyadaman ergaan isaa wal'aanamtoota biratti hin hubatamne. Akka hospitaala kanaatti immoo ogeeyyiin fayyaa baayyeen isaanii jechoota ogummaa isaanii ibsutti fayyadamanii dhukkubsattootatti haasa'u. Fakkeenyaaf ogeessi tokko dhukkubsataa tokkoon "kaleenkee infection ta'eera" bishaan baayyee dhuguu si barbaachisa jedhe ajaje. Wal'aanamaan sun kan inni beeku jecha kale jettuufi bishaan baayyee dhuguu qabda kan inni ittiin jedhe qofaadha. Haata'u malee ergaa ogeessi sun dabarfachuu barbaade dhukkubsataa sana biratti hubatamuu hin dandeenye. Akka hospitaala kanaatti, ogeeyyiin fayyaa baayyeen isaanii akka waan wal'aanamtoonni afaan ogummaa mana yaalaa kanaa beekaniitti dubbatu. Haa dubbatan malee ergaan isaanii darbuufii akka hin dandeenye hubachuun danda'aamera.

Waanti ogeeyyii fayyaa biratti amaleeffatame akka waan wal'aanamtoonni beekaniitti, yeroo ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattootaan "kutaa injection" deemaa! kutaa faarmaasii dhaqaa! kutaa laabii dhaqaa!kutaa OR dhaqaa! Kutaa ICU dhaqaa jedhamee dhukkubsattootatti himamu dhukkubsattoonni tokko tokko waan ergaan isaa isaaniif hin galiin akka waan

hubataniitti caljedhanii erga biraa deemanii oliif gadi jooraa oolanii booda dhufanii kutaa isaa wallaalee eessa? jedhanii yeroo isaan gaafatanilee jira. Yaada kana irraa waanti hubatamu ergaan ogeeyyiin fayyaa dabarfachuu barbaadan kutaa marfee, Kutaa dawaa, kutaa qorannoo yaalii deemaa jechuu barbaadaniiti. Garuu ergaan barbaachisu darbuu hin dandeenye. Ogeeyyiin fayyaa akka waan dhukkubsattoonni jechoota kana beekanii hubatanii ergaa isaanii dabarfatu. Garuu waanti isaan dubbatan kun wal'aanamtoota biratti ergaa barbaachisu hin dabarsine. Ergaan hin dabarre taanaan quunnamtiin geggeeffameera jechuu hin dandeenyu.

Fayyadamni afaanii ogeyyii fayyaa tokko tokko osoo hin beekin jechoota dhukkubsattoonni hin beekne fayyadamuun dhukkubsttoota biratti yeroo ergaa addaa qabaatu ni jira. Dubbattootuma afaan tokkoo gidduutti garaagarummaan loogaa jiraachuun ergaa barbaadame dabarsuu hin dandeenye. Kun immoo fayyadamtoota afaan tokkoo gidduutti walhubannaan dhibuu isaa kan nama hubachiisuudha. Akka odeefkennitoota irraa hubatamuutti, waanti ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattootatti himan ergaan isaa akkaataa barbaadameen hubachuun hafee yeroo inni itti hiika gara biroo dhukkubsattoota biratti qabu ni jira. Kunis guyyaa beellamaa irraa hafu, ajaja akkaataa daawwaa itti fudhatan dhukkubsattoota biratti hubannaa gahaa dhabuufa'i. Fakkeenyaaf ogeessi tokko guyyoota dhukkubsataa tokkoof akka dafinoo deebi'u barbaadee hojjaa duraa deebi'i jedhee beellama laateefii ture. Dhukkubsatichiis guyyaa ogeessichi beellame kenneef hubachuu hin dandeenye. Waan ogeessi fayyaa dabarfachuu barbaade dhukkubsataa sana biratti ergaan isaa hubatamne. guyyaa gaafa dafinoo akka deebi'an yaadeeti hojjii duraa kan jedhu gargaarame. Wal'aanamaan sun garuu dafinoo malee hojjaa duraa kan jedhu hin beekne. Ogeeyyiin fayyaa jechoota wal'aanamtoonni hubachuu hin dandeenyeetti fayyadamanii ergaa isaanii dabarfachuu barbaadan wal'aanamtoota biratti immoo hiika addaa godhachuun akka burjaja'aaniif isaan saaxileera.

### 4.2.2. Ergaa Fayyadamni Afaanii Wal'aanamtootaa Ogeeyyii Fayyaa Biratti Qabu

Fayyadamni afaanii ergaan dubbataan darbu isa dhaggeeffatu biratti hiikni isaa hubatamaa ta'uu qaba. Kana ta'uu baannaan fayyadamni afaanii qaamolee lachuu gidduutti taasifamu gati dhabeessa ta'a. Kana bu'uura godhachuun ergaan fayyadama afaanii dhukkubsattootaa

ogeeyyii fayyaa wajjin godhan akkaataa barbaadamuun ergaa dabarseeraaf hin dabarsinee yaada odhimtootaa akkaataa wal fakkeenya isaaniifi garaagarummaa isaaniitiin akka armaan gadiitti xiinxalamee dhiyaateera.

Akka yaada odhimtootaatti ergaan fayyadama afaanii wal'aanamtootaa sababoota garaagaraan ogeeyyii fayyaa biratti hiika addaa qabaata. Kunis jechoota wal'aanamtoonni haala bartee hawaasa keessatti jedhanii dhiyeeffataniifi aadaa hawaasichaati. Kana malees jechoonni hawaasni itti gargaaramee ogeeyyii fayyaatti dhukkuba isaanii itti himatan ogeeyyiin fayyaa hiikoo mataa isaanii itti kennuufi looga hawaasni fayyadamee dhukkuba isaa himatu ogeeyyiin fayyaa haala kan biraan hubachuufa'i. Fakkeenyaaf, Wal'aanamtoonni yeroo ogeeyyii fayyaatti dhukkuba isaanii himatan"dhagnakoo na nyaata, halkan ciisee hin bulu" mataakoo immoo na qirixaa bule"faa jedhanii ogeessatti himatu. Ogeessichis namni isin biraa hooxxoo qabu jiraa? jedhee gaafate. Dhukkubsatichis lakkii? jedhee deebiseef. qaama keessan guutummaadhumaa ? jedhee gaafate. Wal'aanamtichis lakki luqqeettuukoofi gatiittiikooti jedhee deebiseef. Ogeessichi waan wal'aanamaan kun dhukkuba isaa itti himate hubachuu hin dandeenye. Waanti dhukkubsataan kun himate ogeessa sana biratti ergaa addaa godhateera.

Haalli dubbii wal'aanamaan itti gargaaramee dhukkuba isaa dhiyeefatu yeroo tokko tokko ogeeyyii fayyaa biratti ergaa addaa waan qabaatuuf ogeeyyiin fayyaa haala dhukkuba isaanii hubachuu irratti akka isaan danqaman taasisee jira. Ogeessi fayyaafi dhukkubsataan afaan adda addaa dubbatu yoo ta'e waliin dubbii isaanii keessatti ergaan dubbataa dhaggeeffataa biratti ergaa addaa uuma.Walquunnamtiin gidduu isaaniitti taasifamuus laafaadha. Akkasumas ogeeyyiin fayyaa afaan ogummaa isaanii ibsu fayyadamanii dhukkubsataatti dubbatan, dhukkubsataan jechoota ogummaa sanaa hin beeku ergaan barbaadame akka hin dabarre taasiseera. Fakkeenyaaf dhukkubsataan qaamni saala isaa tokko dhukkubsatee oggeettii fayyaa tokko bira yaalamuuf dhufe tokko, sodaa irraan kan ka'e yeroo ogeettiin fayyaa qorannoo taasisuuf bakka dhibee isaa dhiisee"qaamakoo na dhukkuba" jedhee himate.Ogeettiin fayyaa kunis qaamumakee guutummaadhaa? Yoom si qabe? Guyyaa meeqa sirra buleera? Ittiin jette. Waan dhukkubsataan kun itti himachuu barbaade ogeettii kana biratti ergaa addaa godhateera. Ogeettiin fayyaa haala ogummaa isheen hordoftee bira geese

malee ergaa dhukkubsataan kun dabarfachuu barbaade ogeessa fayyaa biratti hiika addaa qabaachuu danda'eera.

Sababni isaa kan dhukkubsataan qaama koo na dhukkuba jedhee himate sun ogeettii fayyaa biratti immoo hiika qaama namummaa isaa yookaan nafa isaa akka dhukkubuutti fudhachuu dandeesseetti. Garuu, ergaa wal'aanamaan kun dabarfachuu barbaade qaama saalaakoo na dhukkuba jechuu barbaadeeti. Ergaa wal'aanamaan kun dabarfachuu barbaade darbuufii hin dandeenye. Quunnamtiin tokko immoo raawwateera kan jedhamu yoo ergaan qixa sirrii ta'een darbe yookaan ergaan barbaadamu qaama ergaa fudhatu biratti hiika argateedha. Dhaggeeffataa biratti immoo hiiki hin jiru jechuun ergaan barbadame hin dabarre jechuudha. Akka odhimtoonni jedhanitti, wal'aanamtoonni baayyeen isaanii waan hawaasa keessatti jedhanii dhukkuba isaanii walitti himatan gaafa mana akiimaa dhufanis jechoota sana gargaaramanii himatu. Fakkeenyaaf dhukkubsataan tokko ogeessa fayyaa isa wallaanaa jiruun dhagnakoo keessa deemee na qoroxxoma, cabsaan qaba, nyaattuun godhadhe jedhanii yeroo isaan himatan jira. Fayyadamni jechoota wal'aanamtootaa kan isaan hawaasa keessati fayyadamanii ogeessa fayyaa tokkotti himatan ogeessa fayyaa biratti ergaa addaa qaba. Ergaan barbaachisu hin dabarre jechuun immoo quunnamtiin afaanii gufateera jechuudha.

Wal'aanamtoonni yeroo dhukkubsatanii ogeessa fayaa bira dhaqan akkaataa barbaadameen dhukkuba isaanii himachuu dadhabuufaatu mul'ata. Kun immoo sodaa yookaan naasuu irraa ka'eeti. Fakkeenyaaf dubartoonni baadiyaa irraa kanneen ulfa ta'aanii yeroo ilaalchisuudhaaf mana akiimii dhufan yeroo ogeeyyiin qorannoo taasisaniif "anaan garaatti na hafeera, dadhabbiin qaba," jedhanii himatu malee ulfa ta'eera jdhanii hin himatan. Akiimonni jechoota namoota kanaa hin beekne garuu maal jechuu barbaadaniiti? Yeroo isaan itti jedhan jira. Kun immoo ergaa jechoota sanaa hubachuu dadhabuu ogeeyyii fayyaa sanaati jechuudh. Hiika jechoota kanaa fudhannee yo o ilaalle, "anaan garaatti nahafeera" jechuun isaanii ulfa ta'eera, mucaan garaatti naa hafteetti jechuu barbaadaniiti malee waanti ba'aa turee amma hafe jira jechuu miti. Kana malees "dadhabbiin qaba"jechuun isaanii ani ulfa , mucaan garaakoo keessatti hafteetti jechuu barbaadaniiti malee na dadhabsiisa jechuu barbaadanii miti. Kun immoo ogeeyyiin fayyaa ergaa fayyadama afaan kanaa hin beekan yoota'e ergaan gidduu isaaniitti taasifamu gufataadha.

## 4.3. Fayyadama Afaanii Garaagarummaa Aangoo Ogeessaafi Wal'aanamaa Gidduu Jiru Agarsiisu

Ga'een fayyadama afaanii aangoo ibsuu keessatti qabu, aangoon dandeettii namni tokko nama biroo irratti dhiibbaa geessisu kan agarsiisuudha. Aangoon qaamolee adda addaaf kan kenname yeroo ta'u kunis hawaasa isaanii akka bulchaniif yookaan akka tajaajilaniif kan ta'u, karaan ittiin calaqqisu keessaa tokko ammo karaa gama fayyadama afaaniitiin ta'a. Kanuma sababeeffachuudhaan akka hospitaala kanaatti ogummaa isaanii olkaasuudhaan yookaan agarsiisuudhaan ogeeyyiin fayyaa aangoo qaban yeroo tokko tokko dhukkubsattootatti osoo beekaniis haata'u osoo hin beekin argisiisan yaada odhimtootaa qorannoo kanaan akka armaan gadiitti xiinxalee dhiyeesseera.

### 4.3.1. Fayyadama Afaanii Aangoo Ogeeyyii Fayyaa Agarsiisan

Afaaniifi aangoon hidhata guddaa qaba. Aangoon haala afaanitti fayyadamuun human qabeessa ta'uu yoo agarsiisu ga'umsa itti fayyadama afaanii qabaachuun immoo walquunnamtii taasifamu keessatti hubachuufi hubachiisuu keessatti ga'ee olaanaa qaba. Kanaan wal qabatee ogeeyyiin fayyaa yeroo dhukkubsattoota wallaanan karaa fayyadama afaaniin aangoo ogeeyyii fayyaa dhukkubsattoota irratti qabu akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Akka yaada odhimtootaatti, ogeessi fayyaa tokko yeroo dhukkubsattootaa wajjin quunnamtii taasisu jechoonni olaantummaa ogeessaa mullisan jira. Kun immoo karaa lama raawwata. Isaan kunis tokko itti yaadameeti, inni lammaffaan immoo osoo hin beekin kan dubbatamuudha. Fakkeenyaaf dhukkubsattoonni yeroo dhukkubsatanii yaalamuuf kutaa OPD dhufan namoota umuriin raaganiin *maal taate? Attam si godha? Yoom si qabe? Guyyaa meeqa sirra buleera?* Jechuun gaafatu malee, yeroo baayyee jechoota kabajaa ogeeyyii fayyaa itti hin fayyadaman. Sababni isaa ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattoota amala garaagaraa qabaniifi kanneen sadarkaadhaan isaanii oljiran isaan biratti dhufanii waan yaalamaniif dhukkubsattootaa kabaja kennuun biratti hin mul'atu. Jechoota ogeeyyiin fayyaa fayyadaman namoota umurii isaanii oliitiinis ta'e kan sadarkaa tokkorra jiran kan isaanii gadiitiinis akkaataadhuma walfakkaataa ta'een dhukkuba isaanii gaafatu.

Kana malees quunnamtiin ogeeyyii fayyaafi wal’aanamaa gidduutti taasifamu yeroo baayyee bifa (dialogue) yookaan waliin dubbiitiin waan adeemsifamuuf quunnamtiin jiru madaalawaa miti. Sababni isaa dhukkubsataan miira dhukkubbii keessa waan jiruuf, akkasuma illee ogeeyyii fayyaa baayyee waan sodaataniif ogeeyyiin fayyaas akka barbaadanitti itti dubbachuun ni argama. keessumaa naannoo kutaa da’umsaatti aangoon ogeeyyii fayyaa dhukkubsattoota irratti qaban ni mul’ata. Kunis yeroo ciniinsuun dubartootatti cimee obsuu dadhabuu irraan kan ka’e iyyan akiimonni achi keessa jiran immoo maali maaltu ta’e jechaa dhufanii dubartoota sanatti kolfanii…*“maal afaan bantee iyyita? Sila yeroo jala ciiftu akkas hin seenee?”* jedhanii yeroo isaan ifatan jira. Yaada kana irraa kan hubatamu ogeeyyiin kutaa kana irraa hojjetan hamilee namoota kanaa qooda eegan aangoo isaanii argisiisuuf jechoota kanneen akka *“maal afaan bantee iyyitaafi sila yeroo jala ciiftu akkas hin seenee”* ittiin jedhan aangoo isaanirratti qaban argisiisuuf jedhaniiti. Yaalamtoonni kunis harka isaanii keessa jirra waan ta’eef jedhanii jalaa callisu. Dhukkubsattoonni kun itti deebisuudhaaf illee aangoo akka hin qabne agarsiisa. Jechoonni armaan olii kun illee bakka sanatti olaantummaa ogeeyyii fayyaa argisiiseera. Kana malees yeroo dhukkubsataan bakka dhibee isaatii itti himatee rakkoon koo kana malee kana miti jedhee himatu erga ofiikeetii dhukkuba kee beekteetii maal hojii dhufteree? jedhanii dubbatantu jira. Kana malees yeroo dhukkubsattoonni dhibee isaaniitiin rakkatan ogeeyyiin fayyaa yeroo boqonnaakootu ga’e, yeroon kun yeroo shaayeeti malee yeroo itti dhukkubsataa yaallu hin qabnu jechuun dhukkubsattoota du’aaf jireenya gidduu jiran dhiisanii deemantu jira.

### 4.3.2. Fayyadama afaanii aangoo wal’aanamtootaa argisiisan

Afaaniifi aangoon hidhata guddaa kan qabanidha. Aangoon haala afaanitti fayyadamuun humneessaa ta’uu yoo agarsiisu ga’umsa itti fayyadama afaanii qabaachuun ammoo walquunnamtii taasifamu kessatti hubachuufi hubachiisuu keessatti qooda olaanaa kan qabudha. Kanaaf itti fayyadamni afaanii aangoo ibsa. Kanuma irraa ka’uudhaan akka hospitaala kanaatti dhukkubsattoonni yeroo dabaree isaanii eeggatanii dadhaban ogeeyyii fayyaa bira deemanii anaan maaliif na waamtanii nan wal’aantan? Tolan dhufee isin kadhachaa jiraa? Qarshiikotiinan wal’aanamuuhoo dhufee jedhanii yeroo isaan itti aaranii dubbatan jira. Kana malees yeroo ogeeyyiin fayyaa yeroo barbaanneetti isin wal’aanna yeroo

isaan ittiin jedhan jaallattanii miti dhimma miindaa keessaniif hojjettu jedhanii yeroo isaan dubbatan jira. Haata'u malee aangoon dhukkubsattootaa mana yaalaa kana keessatti hanga kan ogeeyyii fayyaa jabeessanii dubbachuudhaaf hin danda'aan. Hospitaalli kan biraan naannoo sana waan hin jiraanneef bakka dhaqnu hin qabnu jedhanii ogeeyyii fayyaatti dubbachuu ni sodaatu. Aangoo dhukkubsattoonni qaban yeroo ogeeyyiin fayyaa wal'aanuuf waaman akkaataa fedha isaaniitti dhukkuba isaanii himachuuf aangoo qabu. Ogeessi tokko garuu dhukkubikee kana malee akkas miti ittiin jechuu hin danda'u.

## 4.4. Rakkoolee Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Ogeeyyii Fayyaafi Wal'aanamtoota Gidduutti Uumu.

Adeemsa walquunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoota gidduutti taasifamu keessatti ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni dubbatanii walhin hubatan taanaan ogeeyyiin fayyaa tajaajila qulqulluu ta'e tokko dhukkubsattootaaf kennuu hin danda'aani. Akkasumas dhukkubsttoonni ogeeyyii fayaa wajjin dubbatanii walhin hubatan taanaan rakkooleen addaa addaa irra gahuu danda'a. Rakkoolee gama lamaaniin uumaman yaada odhimtootaa akka armaan gadiitti xiinxaluun dhiyaateera.

### 4.4.1. Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Tajaajila Fayyaa Ogeeyyiin Fayyaa Kennan Irratti Dhiibbaa Inni Qabu

Afgaaffiin kun ogeeyyii fayyaa qofaaf kan dhiyaate yeroo ta'u kaayyoon afgaaffii kanaa ogeeyyiin fayyaa wal'aanamtootaaf tajaajila yemmuu kennan rakkoon dubbatanii walhubachuu dhabuu dhukkubsattootaaf tajaajilli kennamuu qabu akka hin kennineef sababa ta'uu danda'uu isaa adda baasuuf kan gaafatameedha. Haaluma kanaan odeeffannoowwan afgaaffii hin caaseffamneen ogeeyyii fayyaarraa funaanaman akkaataa walfakkeenyaafi garaagarummaa isaaniitiin qaacceffamanii jiru.

Namoonni dhukkubsatanii yeroo yeroo ogeeyyii fayyaatti mallattoo dhukkuba isaanii dhiisanii kan biroo yeroo isaan dubbatan jira. Fakkeenyaaf namni garaa kaasaa dhukkubsatee dhufe ammaa amma *"na teessisa, na hollachiisa, ol nadeebisa"* kanneen jedhan jiru. Ogeessi tokko immoo jechoota dhukkubsataan itti gargaaramee waa'ee dhukkuba isaatii himate kana sirriitti waan hin hubanneef tajaajila fayyaa qulqulluu ta'e kennuufii

hindandeenye. Yaada kanaa irraa waanti hubatamu dubbattootuma afaan tokkoo gidduutti fayyadamni afaanii wal’aanamaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti taasifamu haalaan wal hinhubatan taanaan quunnamtiin gidduu isaaniitti gufachuu danda’eera. Fakkeenyaaf jechoota wal’aanamaan mallattoo dhukkuba isaatii himate keessaa *“Ammaa amma na teessisa”* kan jedhu ogeessi fayyaa tokko hiikoo isaa hin hubatu taanaan tajaajila fayyaa qulqulluu ta’e dhukkubsataa sanaaf kennuu akka hin dandeenye argisiisa. Ammaa amma na teessisa jechuun isaa garaa na kaasa, mana booliittan ammaa amma na deddeebisa jechuu isaati malee ammaa amma teessumarra na teessisa, dhukkubikoo jechuu isaa miti. Ogeeyyin fayyaa fayyadama afaanii kana hin beekne yookaan jecha kana hin hubanne tajaajila qulqulluu ta’e dhukkubsataa sanaaf kennuu hin danda’aan jechuudha.

Ogeessi fayyaa tokko mallattoo dhukkubaa qofa dhukkubsataa irratti arguun tajaajiluu hin dandeenye; dhukkubsataan yoo dubbatee bakka dhibee isaa himate malee. Ogeessaafi dhukkubsataan dubbatanii walii hin galan yoo ta’e ogeeyyiin fayyaa tajaajila quubsaa kennuu hindandeenye.Wal’aanamtoonnis yeroo ogeessatti dhukkuba isaanii himatan lamaan isaanii looga tokko dubbachuu dadhabuutu jira. Dubbattootuma afaan tokkoo gidduutti jechoota walhubachuu hin dandeenye fayyadamuun tajaajila barbaachisaa ta’e kennuufi hin dandeenye. Tajaajila wal’aansa fayyaa keessatti odeeffannoon baayyee barbaachisaadha. Ogeessi yookaan ogeettiin fayyaa tokko dhukkubicha adda baafachuuf jalqaba haalaafi amala dhukkubichaa yoom akka jalqabeefi miirri akkamii akka itti dhaga’aamu gaafachuu qaba yookaan gaafachuu qabdi. Kana osoo hin taasisne qorannoo laaboraatoorii qofaan dhukkuba dhukkubsataa tokkoo guutumaan guutuutti argachuun rakkisaadha. Mallattoon dhukkuboota tokko tokkoo baayyee wal fakkaata.

Wal’aanamtoonni amala dhukkuba isaanii adda baasanii yoo hin himne dhukkuba sana adda baafachuun nama rakkisa. Agartee….dhukkuba yoo adda hin baafannemmoo daawaa dhukkubicha fayisuu danda’u ajajuun hin danda’aamu. Dhukkubsattoonni amala dhukkuba isaanii baasanii yoo himatan ogeeyyiin fayyaa odeeffannoo isaanii irra dhaabachuudhaan dhukkuba adda baasuun dawaa kennuufii yookaan ajajuufii danda’u. Kanaafuu rakkoon afaaniin walhubachuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduu yoo jiraate odeeffannoo wal jijjiiruun hin danda’aamu. Odeeffannoo yoo hin taasifnemmoo callisanii

dawaa ajajuun dhukkubsataa irratti miidhaa geessisuu mala. Dhukkubsattoonnis odeeffannoo barbaadamu haala gaafatamaniin hin laatan yoo ta'e rakkoo afaaniin walqabateen miidhamuu danda'u. yeroo baayyee dhukkubsattoonni cimina dhukkuba isaanii irraan kan ka'e abdii kutu.Ogeeyyiin fayyaa ammoo isaanitti dhihaachuudhaan gorsuufi jajjabeessuu qabu.Haata'u malee gorsuufi jajjabeessuun kan danda'aamu yoo Wal'aanamtoonniifi ogeeyyiin fayyaa afaan ittiin walii galaa jiraniin walhubataniidha.

Rakkoon dubbatanii walhubachuu dhabuu dhukkubsattootaaf gorsa, haala dawaa itti fudhatan, of eeggannoo taasisuu qaban, akka hin kennineef nama taasisa. Wal'aanamtootaa wajjin haalaan dubbattee, yoo gorsitee tajaajila kenniteetti ni gammadu.Yoo kana hin hubatiin dhukkubsattoonnis waan ogeeyyiin fayya jedhanii gorsaniifi ofeeggaanoo taasisaa jedhanii kan itti himan hubachuu dhiisuudhaan balaa kan biraatiif saaxilamu. Wantoota akka ogeeyyiin fayyaa tajaajila qulqulluu hin laanne isaan godhu keessaa garaagarummaan loogaa jiraachuufi afaan walii beekuu dhabuudha.

Yaadolee armaan olii kana mirkaneeffachuuf qoratichi daawwannaa taasiseeti jira. Dawwannaa isaa keessaatti waanhubate akka armaangadiitti dhiyeesseera. Tajaajila ogeeyyiin fayyaa kennanirratti dubbatanii walhubachuu dhabauun dhiibbaa qabaaachuu isaa erga afgaaffiidhaan od-himtoota irraa odeeffannoo funaanee booda, odeeffannoo hafaniif yoo jiraataniifi odeeffannoon ogeeyyii fayyaatiin kennaman qabatamaa ta'uu isaa adda baafachuuf kutaalee qorannoo dhukkubsattootaa, kutaa qorichaafi kutaa hordoffii ulfaafi yaala gadameessaa keessatti yeroo lamaaf daawwannaa geggeessee jira. Kutaa kanneen keessaa kutaa qorannoo dhukkubsattootaa keessatti ogeeyyiin fayyaa afaan dhukkubsattootaa hin beekne gaaffiiwwan garaagaraa wal'aanamtoota gaafachuuf yeroo rakkatan argee jira.

Qoratichi daawwannaa isaa keessatti odeeffannoo od-himtoonni kennaniif malee dabalataan waanti inni arge ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattootaa wajjiin sababa afaan isaanii hin beekneen wajjin dubbachuu hin dandeenye ogeeyyiin fayyaa yookaan namoota akka tasaa wal'aanamaa yookiin wal'aanamtuu bira jiran afaan hiiksisu. Kana malees wanti qoratichi hubate garaagarummaa looga hawaasaa irraan kan ka'een yeroo ogeeyyiin fayyaa

wal'aanamtoota hubachuu itti dadhaban argee jira. Yeroo kana ogeeyyiin fayyaa akkaataa barbaadameen tajaajila laachuu hin dandeenye.

### 4.4.2. Rakkoo Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Wal'aanamtoota Irratti Qabu

Afgaaffiin kun dubbatanii walhubachuu dhabuun wal'aanamtoota irratti dhiibbaa inni qabu adda baasuuf wal'aanamtootaafi ogeeyyii fayyaatiif kan dhihaateedha. Haaluma kanaan odeeffannoowwan od-himtootarraa afgaaffii hin caaseffamneen funaanaman akkaataa walfakkeenya isaaniifi garaagarummaa isaaniitiin qindaa'uudhaan xiinxalamanii jiru.

Ogeeyyii fayaafi wal'aanamtoonni dubbatanii walhubachuu dhabuun isaanii rakkoo inni geessisu, walaanamtoonni gorsaaf ajaja kennameef hubachuu dadhabuu. Kanaan walqabatee dhukkuba isaaniirraa osoo hin fayyiin hafuufi dhukkuba birootiif saaxilamu. Yeroo dawaa itti fudhataniifi guyyaatti si'a meeqa akka fudhatan itti himame yeroo jedhameetti fudhachuu dhiisuufi akkaataa ajajamaniin olfudhachuun dhibee kan biraatiif saaxilamuufi daawwaa isaaniillee guyyaa itti xumuruuf qaban hanqisanii fixuufaatu mul'ata. Kun immoo afaan walii beekuu dhabuu duwwaa qofa osoo hin taane namoonni gorsaafi of eeggannoo barbaachisaa ogeessi fayyaa itti himanillee hubatanii kan hojiirra hin oolchine jiru; yeroo baayyees kanaan kan miidhaman namoota umuriin isaanii deemeefi kanneen rakkoo hubannaa qaban miidhaamu. Kutaa hordoffiifi yaala gadameessaa keessatti ispeeshaalistiin naannoo biraa irraa dhufe kutaa kanaa hojjetu Afaan Oromoo gonkumaa hin beeku. Wal'aanamtoota Afaan Oromoo qofa beekan wajjin dubbachuufi gorsa kennuufiirratti baayyee rakkata. Dubartoonni hedduun isaanii tajaajila isaa argachuuf iddoo garaagaraa irraa dhufu. Wal'aanamtoonni kunneen rakkoo isaanii isa qofatti baasanii himachuu barbaadu.

Yeroo tokko tokko akka tasaa wal'aanamtoota akkasii yeroo argan afaanicha hiikuufii yeroo ogeeyyiin fayyaa bira jiran barbaadan hin gammadan. Waanuma iccitii isaanii fuudhanii odeessan itti fakkaata. Osoo dokteerri kun isaanii wajjin dubbatee dhukkubaafii rakkoo isaanii hubatee baayyee gammadu; akkasumas abdii fayyuu of keessatti horatu. Dubbatani afaaniin walhin hubatan yoo ta'e wal'aanamtooonillee tajaajila barbaadanii dhaqan sana utuu hin argatiin galu. Kana malees bakka turjumaanni jiruutti immoo qaamni kan biraan gidduu

seenee afaan isaanii waan hiikuuf tajaajila argatanitti gammadaa, namni afaan nuuf hiku kun immoo iccitii keenya fuudhee bakkeetti haasa'uu danda'a jedhanii dhiphatu.

Wal'aanamtoonni hedduun dhukkubni isaanii kan hordoffii yeroo dheeraa barbaadu ta'uu ni danda'a. Fakkeenyaaf namoota dhukkuba HIV/AIDS, dhukkuba shukkaaraa, daranyoo sombaafi kan kana fakkaataniin qabaman hordoffiif gorsaa, haala nyaataafi of eeggannoo taasisuu qaban ogeeyyii fayyaatiin ni kennamaaf. Dhukkuboota akkasii kanaa wajjin namoonni jiraatan dhukkubsattoota kanneen dhukkuba birootiin qabaman caalaa gorsa argachuu qabu. Sababni isaa dhukkubsattoonni of eeggannoo taasisuu qaban sirriitti osoo hin hubanne yoo gara mana isaaniitti deebi'an fayyaa isaanii irratti rakkoolee hedduu uumuu ni danda'u. Fakkeenyaaf namni vaayirasii HIV/AIDS wajjin jiraatu guyyaarraan dawaa fudhachuu qaba. Yeroo dawaa fudhatu akkaataa dawaa itti fudhatuufi of eeggannoo gochuu qabu. Yoo ogeessa yookaan ogeettii fayyaarraa sirriitti hin hubanne umuriidhaan turuudhaaf carraa hin qabaatan. Wal'aanamtoonni dhukkuba namarraa namatti daddarbuu danda'uun qabaman of eeggannoon ofiisaaniitiifi maatii, akkasumas hawaasaaf gochuu qaban ogeeyyii fayyaatiin ni kennamaaf. Wal'aanamtootaafi ogeeyyii fayyaa kanneen gidduu rakkoon afaaniin walhubachuu dhabuu yoo jiraate of eeggannoo isaaniifis ta'e nama birootiif gochuu qaban hubachuu dhiisuudhaan dhukkubicha maatiifi hawaasa hedduu keessaatti baballisu. Kana jechuun immoo sababa dubattanii walhubachuu dhabuutiin fayyaan hawaasaafi diinagdeen hawaasa tokkoo miidhamuu akka miidhamu taasise.

Yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu dhukkubsattoonni gorsaafi ajaja ogeeyyii fayyaa tuffatanii osoo hin taane waan isaan jedhanii gorsan waan hin hubanneefiidha. Kun immoo fayyadamni afaanii gidduu isaanii jiru garaagarummaa afaaniif loogaatiin kan dhufeedha.

### 4.4.3. Dubbatanii Walhubachuu Dhabuun Hariiroo Ogeeyyii Fayyaafi Wal'aanamtootaa Gidduutti Dhiibbaa Inni Uumu

Dubbataan tokko walquunnamtii taasisuuf sagaloota afaaniitti fayyadama. Haasaa jechuun kan namni tokko miira, fedhii, kaayyoo, ilaalchaafi karoora isaa sagaleewwan dubbii waliigalteef gargaaranitti fayyadamuun yaadasaa kan itti ibsuufi meeshaa namoota waliin

ittiin walii galuuf itti gargaaramaniidha. Haata'u malee Akka hospitaala Aayiraatti ogeeyyiin fayyaa yeroo wal'aanamtootaaf tajaajila wal'aansa fayyaa kennan rakkoon dubbatanii wal hubachuu dhabuun hariiroo ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattootaa gidduutti rakkoo inni uumu yaada odhimtootaa akka armaan gadiitti dhiyeessuun qaaccesseera.

Wal'aanamtoonniifi ogeeyyiin fayyaa dubbatanii afaaniin wal hubachuu dhabuutiin mudannoo qabaachuu danda'u. Fakkeenyaaf, ogeeyyii fayyaatiin walitti bu'uufi walii galuu dhiisuu. Wal'aanamtoonni akkasii kunneen yoo akka tasaa deebi'anii dhukkubsatan ogeessa sana biratti deemanii yaalamuuf fedhii hin horatan. Ogeeyyiin fayyaafi wal'aanamtoonni waanuma salphaatti walii galan sababa waan jechuu barbaadan wal hinhubanneef rakkoo biroo keessa seenuu danda'u. Wal'aanamtoonni tokko tokko ogeessa isaan yaaluu wajjiniin sirriitti dubbachuu waan hindandeenyeef walitti bu'uun waanuma xiqqoo irratti wal lolu. Kunis namoonni dafanii aaran jiraachuu, ogeeyyiin fayyaa osoo hin beekin jechoota dhukkubsattoota biratti qaanii ta'e yookaan hiika addaa biratti qabu dubbatan dhukkubsattoonni rifachuufi saalfachuudha. Jechoonni godinaalee garaagaraa keessatti hiika adda addaa qaban wal'aanamtootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti hanqina hubannoo uumuudhaan walitti bu'iinsaaf sababa ta'eera. Kanneen armaan olitti jedhaman yaada odeefkennitootaa kana mirkaneeffachuuf qoratichi daawwannaa geggeessee waan arge galmeessuun xiinxalee akka armaan gadiitti dhiyeesseera.Rakkoolee walquunnamtii ogeeyyii fayyaafi wal'aanamtoota gidduutti uumaman kanneen odhimtoonni yaada isaan kennan mirkaneeffachuuf Hospitaala Aayiraatti deddeebi'uun kutaalee qorannoo kanaaf filataman keessatti daawwannaa taasisee waan hubate galmeessuun xiinxalee dhiyeessee jira.

*Fakkeenyaaf* yeroo ogeettiin fayyaa tokko kutaa dhukkubsattoonni OPD (Out Patient Department) itti qorataman keessatti wal'aanamaa tokkoof tajaajila kennuuf yeroo waamtu, namichi qufa'aa olseene. Haalaafi amala dhukkubichaa akkasumas yoom akka jalqabe gaafachuun eegalte. Wal'aanamaan kun deddeebi'ee ni qufa'aa. Ijisaas diddiimateera. Ogeettiin kun ijasaa keessa ilaalteetiin akka naannoo kanaatti tamboo xuuxuun baratamaa waan ta'eef isin araada tamboo xuuxuu ni qabdu?jettee gaafatte. Dhukkubsataan kun baayyee rifate. Isheen deebii afaan isaarraa eegdi inni garuu utaalee ba'e. Ogeeyyiin fayyaa osoo hin

beekne jechoota dhukkubsattoota biratti qaanii ta’aan dubbachuun dhukkubsattoonni saalfachuun rifataniiru.

Kun immoo dubbattoota afaan tokkoo gidduu garaagarummaa loogaa irraan kan ka’e dhukkubsataafi ogeeyyii fayyaa gidduutti hariiroon isaanii akka laafu ta’eera. Ogeettiin kun erga dhukkubsataan sun biraa deemee booda namoota naannoo machaaraatii dhufan hiika tamboo yoo gaafattu,akkas jechuun deebiseef; tamboo jechuun akka nu biraatti qaama saala dubartii jechuudha ittiin jedhe. Kun immoo garaagarummaan loogaa jiraachuun bakka kanatti ogeeyyiin fayyaafi wal’aanamtoonni akka isaan walitti bu’aniifillee sababa ta’e. Haaluma kanaan rakkoowwan dubbatanii walhubachuu dhabuun wal’aanamtoota gidduutti garaagarummaa uumuudhaan haqa qabeessummaan tajaajila fayyaa akka hin jiraanne waan taasisuuf wal’aanamtootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti rakkoo walii galtee uumuu isaa argee jira. Fakkeenyaaf rakkoo dubbatanii walhubachuu dhabuu wajjiin walqabatee kutaa yaala gadameessa dubartootaa keessatti dubartiin tajaajila argachuu qabdu sababa afaan ogeessa fayyaa sun dubbatu hin dandeenyeef hanga nama afaan hiiku argattuutti eeguudhaan dabaree ishee dhiiftee eegaa turte. Ogeessi fayyaa kun ispeeshaalistii waan ta’eef yeroo baayyee dhukkubsattoota rakkoo ciccimoo qaban isatu hordofa.

Haata’u malee dhukkubsattoota kanneen afaan inni dubbatu hin beeknee wajjin quunnamtii afaanii taasisuu hin danda’u. Akkasumas kutaa karoora maatii keessaa kan hojjetu ogeessi biyya alaa dhufe afaan wal’aanamtootaa guutumaan guutuutti waan hin beekneef kan isa waliin hojjetan hamma tokko kanneen isa biratti tajaajilaman sanaaf afaan yeroo hiikan jiru. Garuu, akkaataa barbaadameen tajaajila barbaachisu akka hin gooneef daawwannaa isaatiin hubatee jira. Haata’u malee dhukkubsattoonni namoota afaan hiikan kanatti, hin gammadan. Kana malees dhukkubsattoonni yaala caba lafeetiif kan dhufan kan yaalu Dr.Herick. ogeessi kun  Afaan Oromoo gonkumaa waan hindubbanneef dhukkubsattoonni yeroo yaalamuuf bira deeman akka rakkatan daawwannaa isaatiin hubatee jira.  Daawwannaa kanarraa waanti hubatamu afaan dhukkubsattootaa beekuu dhabuun ogeeyyii fayyaa dhukkubsattoota gidduutti garaagarummaan tajaajila fayyaa akka jiraatu taasisuu isaarraan kan ka’e dhukkubsattoonni ogeeyyii fayyaa kanneeniif ilaalcha gaarii akka hin qabaanne ni taasisa. Dabalataan kutaa kana keessatti dubartoonni afaan ogeessi dubbatu dubbatan yaadaafi gaaffii

gaafachuu barbaadan akka barbaadanitti waan himataniif isaa wajjin walitti dhufeenya cimaa qabu. Kanneen afaan inni dubbatu hindubbanne immoo rakkoofi dhukkuba isaanii karaa nama birootiin himatu waan ta'eef odeeffannoo isaanii ogeessa fayyaa bira ga'uu isaa ni shakku. Kanaan wal qabatee yeroo isaan nama afaan hiikeefitti deddeebi'uun yaanni isaanii akka bira ga'e gaafatan qoratichi argee jira.

Walumaa galatti, rakkoon afaaniin wal hubachuu dhabuu dhukkubsattoonniifi ogeeyyiin fayyaa odeeffannoo akka wal hin jijjiirre walitti dhufeenyi isaanii akka laafu, walitti bu'iinsi gidduu isaaniitti akka uumamu ni taasisa. Akkasumas tajaajilli fayyaa loogii hin qabne ogeeyyii fayyaatiin akka hin kennamne waan taasisuuf dhukkubsattoota keessatti jibbi ni uumama. Kana malees, akka yaada odhimtoota kanneenirraa hubatamuutti wal'aanamtoota fayisuuf dawaan kennamuuf qofti dhukkuba isaaniirraa fayisuuf ga'aa miti. Kanaafuu ogeeyyiin fayyaa gorsuu, abdii fayyuu itti horuufi jajjabeessuu qabu. Kun immoo kan ta'uu danda'u dhukkubsattoonniifi ogeeyyiin fayyaa waliin dubbii yookiin marii yoo taasisaniidha. Dabalataan ogeessi yookaan ogeettiin fayyaa tokko dhukkubsattootaa wajjin haasa'uuf kolfuun ofitti madaksuudhaan sodaa malee akka dhukkuba isaanii himatan taasisuun fayyuu isaaniittif iddoo guddaa qaba. Haata'u malee dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa tokko tokko gidduutti rakkoon walii galtee afaanii waan jiruuf ogeeyyiin fayyaa wal'aanamtootaa wajjin akka barbaadanitti marii taasisuu hin danda'aan. Sababa kanaaf wal'aanamtoonniifi ogeeyyiin fayyaa akka haala gaariidhaan odeeffannoo yaala fayyaatiif barbaachisu wal hin jijjiirre taasisa.

Hospitaala kana keessa ogeeyyii afaan hiikan lamatu jira. Isaanis:-dhiira tokkoofi dubara tokko.Lakkoofsi tajaajilamtoota afaan hiiksifachuu barbaadaniifi lakkoofsi afaan hiikanii wal hin gitu. Dhukkubsattoonni hospitaala kana keessatti tajaajilaman harki caalaan isaanii Afaan Oromoo malee afaan biroo hin beekan. Kanaaf yeroo ogeeyyii Afaan Oromoo hin beekne isaan quunnaman ogeeyyiin afaan hiikan dirqama ni barbaachisu. Muraasni isaanii immoo naannoo Gambeellaa, Asoosaaf Kamishii irraa kan dhufaniifi akkasuma Aanaa Aayiraa keessa guraagonni hojii daldalaaf dhufanii bakka kana jiraachaa jiran yeroo dhukkubsatan hospitaala kanatti yaalamuuf yeroo isaan dhufan argee jira.

Dhukkubsattoonni bakkeewwan adda addaa irraa dhufan kun immoo gonkumaa kan Afaan Oromoo hin beekne yookaan hin dubbanneetu jiru. Yeroo kana ogeeyyiin fayyaa naannoo kanatti dhalatanii guddatan mana barnoota (Nursing school) kan hospitaalichaatti baratanii kan qacaraman Afaan Oromoo malee afaan amaaraa kan hin beekne, waan jiraniif dhukkubsattoota kanneen iddoowwan jedhaman irraa dhufan, isaanii wajjin quunnamtii taasisuuf yeroo isaan rakkatan argee jira. Dhukkubsattoonni naannoo kan biraa irraa dhufan kun ogeeyyii fayyaa Afaan Oromoo malee afaan biroo hin beekne isaan quunnaman dhukkuba isaaniillee himachuuf ni rakkatu.

Ogeeyyiin afaan hiikan lama jiraachuu isaanii taappeellaa odeeffannoon irratti barreeffamerraa duubisee jira.Ta'uus turtii daawwannaa isaa keessatti yeroo isaan dhukkubsattootaaf afaan hiikan hin agarre. Kanaafuu ogeeyyiin fayyaa akka furmaataatti ogeeyyii fayyaa biroo kanneen afaan dhukkubsattootaa beekaniifi namoota akka carraa dhukkubsattoota biraatti argamaniitti fayyadamuudhaan afaan hiiksisuu isaanii daawwannaadhaan mirkaneessee jira. Kun immoo odeeffannoon darbuu qabu hundi akka hin dabarreefi fedhiin wal'aanamtootaa akka hin eegamne taasiseera.

Kana malees, wal'aanamtoonni sababa afaan walii hubachuu dhabuutiin guyyaa beellama isaanii dabarsanii dhufuudhaan yeroo ogeessa fayyaa wajjin walitti bu'an arguu danda'ee jira. Akka naannoo kanaatti namoonni baratanis ta'e kan hin baranne jiru. Fakkeenyaaf, daawwannaa taasifameen wal'aanamtuun tokko guyyaa doktoorri itti beellame osoo hin ga'iin dhufuudhaan yeroo wal morman argee jira. Wal'aanamtuun kun kan deebiteef tajaajila barbaaduuf osoo hin taane, guyyaa beellama ishee waan adda hin baafanneef adda baafachuuf deebitee dhufte yeroo doktoora kanaa wajjin walmormitu akka argeetti, wiixataafi kibxata adda baafachuu waan hin dandeenyeef deebitee akka dhufte hubatee jira. Isheen guyyoota torbee keessaa kibxata isa jedhamu Facaasaatti hin beektu waan ta'eef adda baafachuu hin dandeenye.

Walumaa galatti, Hospitaala Waliigala Aayiraa keessatti sababa afaaniin walhubachuu dhabuutiin hanqinni odeeffannoo wal'aanamtoota irratti rakkoo hedduu uuma. Rakkoowwan kunneenis tajaajila gaarii ta'e dhabuu, tajaajila godhameefitti gammaduu dhiisuu, ajaja haala dawaa osoo adda hin baafatiin fudhachuun dhukkuba irraa osoo hin fayyiin hafuu, hanga

ajajameen ol fudhachuudhaan balaa du'aatiif saaxilamuu, of eeggannoo taasisuu qaban adda baafachuu dhabuudhaan dhukkuboota daddarboo ta'aan hawaasa hunda waliin ga'uun maatiifi hawaasa miidhuu, Akkasumas beellama osoo adda hin baafatin dursanii yookaan dabarsanii deemuun maallaqaafi yeroo isaanii qisaasessuun miidhamu.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti cuunfaa qorannoo kanaa argannoofi yaada furmaataa ta'a jedhee duraa duubaan kaa'ee jira.

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun fayyadama afaanii quunnamtii Ogeeyyii fayyaafi wal'aanamtoonni Hospitaala Aayiraa taasisan xiinxaluu irratti kan geggeeffameedha. Ka'umsi qorannoo kanaa dhiimmoota garaagaraatiif yeroo hospitaala kanatti deddeebi'u dubbatanii afaaniin wal hubachuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti jiraachuu isaa waan argeefiidha. Quunnamtii afaanii wal'aanamtootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti mul'atu rakkoolee wal'aanamtoota irratti fiduu danda'u qorannoon adda baasuuf gaaffilee bu'uuraa 4 qopheeffatee odeeffannoo gaaffilee kanaan walitti qabate immoo xiinxaluu dhiyeessee jira. Kunis ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni walquunnamtii taasisan keessatti rakkoon dubbatanii walhubachuu dhabuun miidhaa dhukkubsattoota irra gahu hubachuu, akkasumas tajaajila ogeeyyiin fayyaa kennan irraan ga'uufi hariiroo dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa irraan gahuu xiinxaluun kan dhiyeesseedha.

Kana malees, kaayyoon gooroo qorannoo kanaa walquunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoonni hospitaala Aayiraa taasisan:gama fayyadama afaaniitiin xiinxaluudha. Gosti qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa yeroo ta'u, malli qaaccessa isaa immoo mala qaaccessa ibsaati. Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaa yammuu ta'u Maddi ragaalee kennan kun immo dhukkubsattoota hospitaala Aayiraatti wal'aanamuu dhufaniifi ogeeyyii fayyaa hospitaala Aayiraa keessatti argamaniidha. Malli iddattoon ittiin filaman mala miti carraa keessaa mala akkaayyoofi mala hammargee yeroo ta'aan malli akkaayyoo kutaalee dhukkubsattoonni keessatti tajaajilamaniifi ogeeyyii fayyaa iddatteessuuf fayyadamee jira. Mala hammargee immoo dhukkubsattoota iddatteessuuf fayyadamee jira. Haaluma kanaan baayina iddattoota ogeeyyii fayyaa kudhan kan dhukkubsattootaa immoo kudha afuur yeroo ta'aan waliigalatiitti iddattoon filaman digdamii afur. Iddattoota kanneen irraa odeeffannoo funaanuuf afgaaffii hin caaseffamneefi daawwannaatti yeroo dhimma ba'u haaluma kanaan daawwannaa taasisuuf marsaa shan deddeebi'uudhaan odeeffannoo afgaaffiidhaan od-himtoota irraa argate irra deebi'ee ittiin mirkaneeffatee jira.

Odeeffannoon afgaaffii hin caaseffamneefi daawwannaadhaan funaanaman kunneen qaacceffamuuf sadarkaa sadii keessa darbanii jiru. Sadarkaa tokkoffaa keessatti odeeffannoowwan cuunfamanii jiru. Sadarkaa lammaffaa keessatti immoo odeeffannoowwan akkaataa walfakkeenya isaaniin akkasumas gaaffilee bu’uuraa irratti hundaa’uun gurmeeffamuudhaan Sadarkaa sadaffaa keessatti immoo hiikamuun ibsamanii jiru. Boqonnaa afur jalatti odeeffannoowwan od-himtoota irraa funaanaman qaacceffamanii jiru. Haaluma kanaan ggaafilee bu’uuraa qorannoo kanaa keessaa fayyadamni afaanii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoota hospitaala kana keessatti mul’atu kan akkamiiti kan jedhuuf dubbatanii walhubachuu walhubachuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa, afaan walii beekuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa akkasumas jechoota godinaalee garaagaraa keessatti hiika adda addaa qabaniifi jechoota dhokkubsattoota biratti beekamanii ogeeyyii fayyaa biratti immoo hin beekamne ta’uusaanii adda bahee jira. Ergaan fayyadammni afaanii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsataa biratti qabu dhukkubsattoonni waan ogeeyyiin fayyaa itti dubbatan kan birootti hiikkachuufi akkasumas jechootni dhukkubsataan jedhee dhukkuba isaa dhiyeeffatu ogeeyyii fayyaa biratti hiikoo addaa godhachuun walhubachuu dhabuutiin ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattoota tajaajiluuf odeeffannoo wal’aansaaf barbaachisu dhukkubsattoota irraa akka hin arganne waan taasisuuf ogeeyyiin fayyaa tajaajila qulqulluu ta’e kennuu akka hin dandeenye qorannoo kanaan bira gahaamee jira.

Kana malees, dhukkubsattoonniifi ogeeyyiin fayyaa odeeffannoo akka wal hin jijjiirre ni taasisa. Sababa kanaan dhukkubsattoonni dhukkubarraa osoo hin fayyiin hafuu, tajaajila gaarii argachuu dhabuu, tajaajila godhameefiitti gammaduu dhiisuufi hanqina hubannootiin dhukkuboota daddarboo ta’aaniin maatiifi hawaasa naannoo miidhuu danda’uu isaanii qorannoo kanaan hubatamee jira. Ogeeyyin fayyaa hospitaalichaas osoo beekanii haata’u osoo hin beekin karaa fayyadama afaaniitiin olaantummaan warra ogeeyyii fayyaa akka jiru qorannoo kanaan bira ga’aameera.Ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoota gidduutti quunnamtiin gaarii ta’e dhabamuun dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti walitti bu’iinsa uumuun walitti dhufeenyi isaanii akka laafu taasisuun hariiroo isaanii irratti dhiibbaa qabaachuun isaa adda bahee jira.

## 5.2. Argannoo

Qorannoowwan kana irraa argannoowwan argaman akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru. Akka argannoo qorannoo kanaatti quunnamtii afaaniin taasifamu keessatti dubbatanii afaaniin walhubachuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa afaan walii beekuu dhabuu dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa jechoota godinaalee garaagaraa keessatti hiika adda addaa qaban, jechoota hawaasni fayyadamee ogeessatti himatu ogeeyyiin fayyaa haala aadaa hawaasa sana faana beekuu dadhabuu, quunnamtii mallattooleedhaan taasifamaniifi giingummaanfaan bu’aa qorannoo kanaa irraa argamaniiru.

Rakkoon afaaniin walhubachuu dhabuu ogeeyyii fayyaa tajaajila qulqulluu ta’e wal’aanamtootaaf akka hin kennine, odeeffannoo wal’aansaaf barbaachisu dhukkubsattootarraa akka hin arganne sababa ta’uu danda’uu isaa argannoo qorannoo kanaa irraa ni hubatama.

Akka bu’aa qorannoo kanaatti jechoonni ogeeyyiin fayyaa fayyadamanii wal’aanamaatti himan wal’aanamtoota biratti ergaa kan biraa qabaachuufi kanneen wal’aanamtoonni fayyadamanii dubbatan immoo ogeeyyii fayyaa biratti ergaa kan biraa qabaachuu irraan kanka’e walhubannaan dhibuufi wal’aanamtoota irratti immoo rakkoo geessisuu danda’uu isaa bira ga’aameera.

Akka bu’aan qorannoo kanaa agarsiisutti fayyadamni afaanii ogeeyyii fayyaa aangoo ogeeyyii fayyaa kan agarsiisu hagas cimee mul’achuudhaa baatuyuu yeroo wal’aanamtoonni dhukkubsatanii dhaqanitti yeroo jechoonni kabaja hawaasichaa mul’isan biraa dhibuufi wal’aanamtootni miirri dhukkubbii yeroo itti dhaga’aamee jedhu jechoota hin barbaachifne fayyadamanii itti dheekkamuun mul’ateera.

Akka bu’aan qorannoo kanaa agarsiisutti, Hospitaala Waliigala Aayiraa keessatti afaaniin walhubachuu dhabuutiin hanqinni odeeffannoo wal’aanamtoota irratti rakkoo hedduu uuma. Rakkoowwan kunniinis:-tajaajila gaarii argachuu dhabuu, ajaja haala dawaa osoo adda hin baafatin dawaa fudhachuu, gorsa ogeeyyii fayyaa hubachuu dhabuu, guyyaa beellamaa osoo adda hin baafatiin dursanii deemuufi fedhii wal’aanamtootaa eeguu dhabuu fa’a.

Bu’aa qorannoo kanaa irraa hubachuun akka danda’aamuutti, rakkoon quunnamtiin afaanii dhibuun wal’aanamtoota irratti miidhawwan kanneen akka dhukkuba irraa osoo hin fayyiin hafuu, dhukkuba birootiif saaxilamuu, dawaa wajjin walqabatee hanga ajajamanin ol fudhachuun balaa du’aatiif saaxilamuu, dhukkuboota daddarboo ta’aaniif hanqina hubannoorraan hawaasa hunda akka walgahu taasisuu. Akkasumas, wal’aanamtoonni sababa kanaan dafanii waan hin fayineef qabeenya hedduu baasuun miidhamuu danda’u.

Akka bu’aan qorannoo kanaa agarsiisuutti, rakkoon quunnamtii afaanii yookaan dubbatanii walhubachuu dhabuu walitti dhufeenya wal’aanamtootaafi ogeeyyii fayyaa akka laafuufi walitti bu’iinsa gidduu isaaniitti akka uumamu ni taasisa. Akkasumas tajaajilli fayyaa loogii hin qabne akka hin kennamne waan taasisuuf dhukkubsattoota gidduutti garaagarummaa ni uuma.

## 5.3. Yaboo

Rakkoonquunnamtii afaanii yookaan dubbatanii wal hubachuu dhabuutiin dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa gidduutti uumamu miidhaawwan argannoo qorannoo kanaatiin argaman kanneen waan qaqqabsiisaniif qaamoleen rakkoo kanneen furuu danda’aan osoo furmaata kennanii gaarii ta’a. Haaluma kanaan argannoo qorannoo kanaa irratti hundaa’uudhaan yaada rakkoo kanaaf furmaata ta’uu danda’a jedhee akka armaan gadiitti dhiyeessee jira.

Ogeeyyii fayyaa dippiloomaa narsii, digiriis ta’e ispeeshaalistii kan qacaru hospitaaluma kana waan ta’eef ogeeyyii fayyaa afaan naannichaa beekan osoo qacaree gaarii ta’ee mul’ata. Haata’u malee, hospitaalli kun ogeeyyii fayyaa dandeettiifi ga’umsa qaban yoo qacare afaan naannoo itti qacaramanii beekuu dhabuun isaanii rakkoolee argannoo qorannoo kanaatiin mirkanaa’e kanneen fiduu waan danda’uuf rakkoo kana furuuf yeroo qacarrii ogeeyyii fayyaa taasisan osoo afaaniif xiyyeeffannoo kennanii rakkoon kun furmaata argachuu mala. Kana malees bulchiinsi hospitaalichaa osoo ogeeyyii kana afaan naannichaa barsiisee gaarii ta’a. Akkasumas kanneen mallattoodhaan quunnamtii taasisaniif hospitaalli kun utuu nama hiikuuf qacaree gaarii ta’a. Kana malees, ogeeyyiin fayyaa biyya alaatii kanneen akka biyya Jarmaniifi Siwiidinii dhufanii hospitaala kana keessatti dhukkubsattootaaf tajaajila wal’aansa

fayyaa godhaniif bulchiinsi hospitaalichaa ogeeyyii afaan hiikan osoo duukaa qacaranii gaarii ta'ee qoratichatti mul'ata.

Rakkoon quunnamtii afaanii dhukkubsattootaafi ogeeyyii fayyaa afaan walii beekuu dhabuutiin uumamu kana furuuf bulchiinsi hospitaala waliigala Aaayiraa ogeeyyii afaan hiikan qacaruudhaan osoo dhukkubsattootaafi ogeeyyiin afaan hin beekne karaa ogeeyyii kanaatiin quunnamtii afaanii taasisanii rakkoowwan kunneen furamuu ni danda'a ta'a.

Walqunnamtiin afaanii dhabamuun, hiika jechootaatiin uumamuu danda'aan furuuf miidiyaan Oromiyaa osoo jechoota godinaalee garaagaraatti hiika adda addaa qaban kanneen funaanuudhaan miidiyaa irratti beeksisee hawaasni hubannoo argachuu waan danda'uuf rakkoon uumamu salphachuu mala.

Bulchiinsi hospitaala kanaa ogeeyyii fayyaa kanneen godinaalee garaagaraa irraa dhufaniif, osoo jechoota namoonni naannoo sanaa yeroo gara hospitaalaa dhufan heddumminaan fayyadaman bifa leenjiitiin hiikni isaanii kennameefi rakkoowwan kunneen salphachuu malu. Akkasumas ogeeyyii fayyaa godinaalee biroo irraa dhufan jechoota naannoo isaaniitti hiika tokkoon beekamanii bakka birootti immoo hiika kan biraa qabaachuun beekaman osoo bifa leenjiin kennameefi gaarii ta'a.

Bulchiinsi hospitaalichaa rakkoo quunnamtii afaaniitiin dhukkubsattoota irratti qabu kana hubachuudhaan kan ofiisaatii furuu danda'u furuudhaan kan ofiisaatii furuu hin dandeenye immoo qorannoo irratti geggeessuun qaama isa hogganuutti osoo beeksisee dhukkubsattoonni rakkoo kanaan miidhamuu dhiisuu malu.

**Wabii**


Addunyaa Barkeessaa.(2010*). Natoo: Yadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee Mega Printing Press.

__________________(2011**).** *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*.Finfinnee.

Anne,P.(2009). "Living with diabetes with in the frame work of Swedish primary health care and Somalian and professional prospective."

Block,M.(1999). *Issues in Applied Cambridge*:Cambridge University Press.

Bloomfield,L.(1993*). Languagu*.New York:Holt Rinat.

Ciof,Y.(2003). *Language and Sosiety*.Cmbridge.Cambridge university press.

Clark.H.(1996). *Using Language* ,Cambridge:Cambridge University press.

Cohen,G.(2006). *The Development of regional and local languages in Ethiopia's* Federal System in:D.Turton(ed).ethnicFederalism.

Creswell,J.W.(2009). *Research design*:Qualitative and mixed method approaches.(2nd edn).Thousand Oaks,CA: Sage Publishers.

Crystal,D,(1997*). English as aglobal language*.Cambridge:Cambridge University Press.

Dastaa Dassaaleenyi.(2013). *Bu'uura qorannoo*.Finfinnee:Far East Trading PLC.

Davidson,B.(2006).Patterns of communication through interpreters:Adetailed socio linguistics .analysis

Davis, Barbara Gross. (1993). *Tools for Teaching*.San Francisco: Jossey-Bass. .

Emine Kalit (2002) mata-duree "Challenges in health care in multi-ethinic societies communication as barrier of achieving health equity"Hospitaala Yuunivarsiitii Noorweeyi(kan hin maxxanfamne)

Fasold,R.(1984). *The Socio linguistics of Society*.0xford:Basi Blackwell publishers

Fishman,H.(1968). *Sociolinguistics and language problems of Developing countries*.The Hague:Mounton.

_________(1971).*The relationship between micro and macro sociolinguistics in the study of who speak what language to whom and when*. In pride,J.B. and Holmes, J.(2nd ed).socio linguistics,15-32,penguin Books:USA

Flick, U. (2002). *An introduction to qualitative research*.(2nd ed.). London: Sage Publications.

Gammachiis Zawudee .(2016). "Xiinnxala haasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee". Qorannoo digirii 2ffaa (Kan hin maxxanfamiin)

Gudykunst,W.and Kim,Y.(2003). *Communicating with strangers:an approach to intercultural communication.* New York:MasGrawHill

Hablamos,J.(2007). *Demonstration sites http/www.hablamos juntos org/resourses Acceessed 15/11/2014*

Halliday,M.(1994). *An Introduction to Functional Grammer*.(2nd ed).London:Amold ltd.

Hodge,B. and Kress,G.(1993). *Language as Ideology*.*London and New York*:Routledge.

Hoffman,C.(1991). *An Introduction to Bilingualism*.New York:longman

Holmes,D.(1990). *Nursing and Health Care.Victoria University of Willington*:Newzealand.

Holmes,J. (1992). *An Introduction to sociolingustics*. London and New York: Longman

Hudson,R.A. (1980). *Sociolinguistics*.Cambridge:Cambridge University Press.

Heutger,v.(2003).*Law and Languagein the European union. Journal of multilingualism*.7,3:11-37

J ay,T,B.(2003).Psychology of language.New Jersey:Printice Hall.

Kotharii,C,R.(1990). *Research Methodology Method and Technique.(2nd ed).*New Delhi:Newage International puplisher

Kumar,R.(1999). *Research Methodology:Astep by step Guide for Begginners.Addition wisely Longman*:Australian PTY Limitted.

Levy-Brljia,L.(1985). *How Natives Think (transl.lilian A clare,3rd ed).* Princeton: Princeton university press

Little J,S.(2002).*Theories of Human communication*.USA:WadsWorth Group.

Luckman,N.(1999). *Contemporary linguistics analysis.Tronto*:Copp Clark LTD

Lyons,J.(1981*). Language and Linguistics.Cambridge*:Cambridge University press.

Maher,C.(1996). *Language or trial:The plain English guide to legal writing New Dehli:*Universal law publishing co .PVT.Ltd

Martha,D.(1995). *Communication skills.(3rd ed).Oakland.*FA:New Harbinger publications.

Mehal, M. (2003). *Psychological aspects of Natural language our Words, Our Selves.* Austin: University of Texas.

Meetham,(1969). *A.R.Encyclopedea of linguistics:*Information and Control.London pegman Press.

MinisteeraBarnootaaRDFI.(2005). *Barnoota Afaan Oromoo:Kitaaba Barataa Kutaa 9.Kampaalaa-Ugaandaa*:MK publisher ltd.

Mortensen,C.(1994). *Problematic Communication* .Connecticut:Praeger.

Nelsen,B.(2004). *Health Literacy.Washington DC:*The National Acadamic Press.

Neuman.L.W.(2007). *Basic social research.Qualitative and quantitative Approaches(2nd ed).* Bost peason educational Inc.

Paul,S.(2007). *Language Diffirence and Barrier toQuality and safety in Health Care*:The joint commission 10,1007/51106-007-0365-3

Pole,S.(1996). *An Itroduction to Linguistics.New York*:Martin's press.

Qugen,N.(2007*). "Language Barriers Impact The Health Care Quality*".Irvine:Irvine press

Sarantakos,S.(2005*). Social Research. (3rd ed) puplished by palgrave*:MacMillan

Sarbiya,R.(2004). *Hospital often ignore polices on usingqualified Medicin interprates*. Chicago. Nationl press.

Sigband,N.(1981). *Communicting in Bussiness*.USA:ScottForesman and company.

Singh, Y.K.(2006). *Fundamental of research methodology and statistics.* New Delhi:

New Age International (P) Ltd, Publications.

Stockwell,P.(2002). *Sociolinguistics: A Resource book for Students. London and new York*: Routledge.

Timmins,L.(2002). "The Impact of Language Barriers on the Healthcare of latinos in the united states:Review of the literature and guide lines for practice,midwifers and womens Health"

Thomas,W.(2005). *Communication Breakdown For Foreign born language barrier and cultural misunderstanding can cause confussion,Medical errors and death*

Widdowson,H.(1990). *Aspects of Language Teaching.Oxford*:Oxford university press

Winickoff,J.(2006). *Recident Physicians using of professional and non professional interpreters: Anational survey*. JAMA. 296 (9): 1050-3[pub med]

Wolff, E.(2000). *"Languege and society"* In *Heine,B.and Nurse,D.(eds)African langueges*: An Introduction. Cambridge University Press.

## Dabalee A

## Afgaaffii Ogeeyyii Fayyaatiif Dhiyaatan

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanota, Joornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookiloorii Sagantaa Eebba Boodaa**

Kabajamtoota Ogeeyyii fayyaa jalqabarratti yeroo naaf kennitanii odeeffannoo kana naaf kennuu keessaniif baay'een isin galateeffadha.Odeeffannoon keessan qorannoo kanaaf bu'uura waan ta'eef gaaffiin isiniif dhiyeessuuf beekumsaafi muuxannoo keessanirraa deebii keessan akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Odeeffannoo dhuunfaa

Maqaa____________________saala___muuxannoo hojii___Sadarkaabarnootaa__________

Umurii.<20_______,20hanga25______,25hanga30______,30fi isaa ol__________

Afaan dhalootaa____________Afaan 2ffaa___________________

**Afgaaffilee Ogeeyyii fayyaatiif dhiyaatan**

1. Yeroo dhukkubsataaf qorannoo yaala fayyaa gootan akka isin walhin hubanne wantoonni taasisan maal fa'i? kanaan walqabatee mudannoo yoo qabaattan naaf hima?
2. Akkaataa isin waliin dubbii dhukkubsattootaa wajjin taasiftan waan isin dubbattan ergaa barbaachisaa isinii dabarsaa? Yoo hin dabarsu ta'e ergaa akkamii qaba?
3. Fayyadamni afaanii hospitaala kana keessatti mul'atu akkamiin garaagaruummaa aangoo ogeessa fayyaafi dhukkubsataa gidduu jiru agarsiisa?
4. Ogeeyyiin fayyaafi dhukkubsattoonni afaan walii beekuu dhabuun isaanii dhiibbaa akkamii qaba?

4.1. Afaan walii beekuu dhabuun qulqullina tajaajila fayyaa kennitanirratti dhiibbaa maalii geessisuu danda'a? kanaan wal qabatee mudannoo yoo qabaattan osoo naaf ibsitanii?

4.2. Afaan walii beekuu dhabuun hariiroo ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoottaa irratti rakkoo akkamii geessisuu danda'a? kanaan wal qabatee mudannoo yoo qabaattan osoo naaf ibsitanii?

**Dabalee B**

**Afgaaffilee Dhukkubsattootaaf Dhiyaatan**

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanota, Joornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookiloorii Sagantaa Eebba Boodaa**

Kabajamtoota tajaajilamtootaa osoo miirri dhukkubbii isinitti dhaga'aamuu obsaan odeeffannoo kana isinirraa argadhu waan naaf hayyamtaniif galatoomaa. Odeeffannoon keessan qorannoo kanaaf bu'uura waan ta'eef odeeffannoo dhugaa sirrii ta'e akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha**.**

**Odeeffannoo Dhuunfaa**

Maqaa____________________saala__umurii__Sadarkaabarnootaa_________

Ga'ee hojii_____________Afaan dubbatan________________

**Afgaaffilee dhukkubsattootaaf qopha'aan**

1. Yeroo ogeessa fayyatti dhukkuba keessan himattan akka isin walhin hubanne wantoonni taasisan maal fa'i? kanaan walqabatee mudannoo yoo qabaattan naaf himaa
2. Akkaataa isin ogeessa fayyaa wajjin waliin dubbii taasiftan waan himachuu barbaaddan dhiisee hiika biraa kennaa? Yoo hiika biraa ni kenna ta'e sababni isaa maali?
3. Yeroo mana yaalaa dhaqxanii ogeessa fayyaa waliin quunnamtii taasiftan jechoonni olaantummaa ogeeyyii fayyaa calaqqisiisu irraa mul'atu maal fa'i? mudannoos yoo qabaattan naaf himaa?
4. Walquunnamtii afaaniin taasiftan keessatti ogeeyyii fayyaa wajjin afaan walii beekuu dhabuun yookaan walhubachuu dhabuun tajaajila wal'aansa fayyaa isinii kennuu irratti dhiibbaa akkamii qabaa?
   4.1. Isiniif ogeeyyiin fayyaa yoo dubbattanii walhin hubanne rakkoo maaltu isinirra gahuu danda'a?
5. 4.2.Afaan walii beekuu dhabuun hariiroo ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattootaa irratti dhiibbaa maalii geessisuu danda'a?

**Cheekilistii Daawwannaa**

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanota,**

**Joornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookiloorii**

Cheeki liistii daawwannaa walquunnamtii ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattoonni hospitaala Aayiraa taasifamu:qaaccessa gama fayyadama afaaniitiin jedhu irratti godhame.

**Qabxiilee Mirkaneeffanna**

1. Rakkoon dubbatanii wal hubachuu dhabuun ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattootaa maal fa'i?
2. Ogeeyyiin fayyaa dhukkubsattootaaf tajaajila yeroo kennan waliin dubbiin gidduu isaaniitti taasifamu ergaa akkamii qaba?
3. Waliin dubbiin ogeeyyii fayyaafi dhukkubsataa gidduutti mul'atu akkamiin garaagarummaa agarsiisa?
4. Afaaniin walii hubachuu dhabuun tajaajila ogeeyyiin fayyaa kennan irratti rakkoo akkamii uuma?
5. Afaanii walii beekuu dhabuun dhukkubsattoota irratti rakkoo akkamii qaba?
6. Dubbatanii walhubachuu dhabuun hariiroo ogeeyyii fayyaafi dhukkubsattootaa irratti rakkoo akkamii fiduu danda'a?

**Maqaa Ogeeyyii Fayyaa Qorataaf karaa afgaaffii ragaa kennan**

| T/L | Maqaa ogeeyyii fayyaa | Saal | Umurii | Sadarkaa barnootaa | Gahee hojii | Muuxannoo | Guyaa afgaaffiin godhame |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Emmaabeet Daanyee | Dhal | 34 | Doktoora | Ispeeshaalistii | 6 | 14/8/2011 |
| 2 | Geetahuun Daggafaa | Dhii | 32 | Dippiloomaa | Clinical nurse | 11 | 14/8/2011 |
| 3 | Hirphee Shaanqoo | Dhal | 38 | Dippiloomaa | Clinical nursing | 9 | 14/8/2011 |
| 4 | Kennesaa Garbaa | Dhii | 45 | Digirii | HO | 23 | 15/8/2011 |
| 5 | Alamii Fayisaa | Dhal | 34 | Dippiloomaa | Clinical nurse | 8 | 15/8/2011 |
| 6 | Dabalaa Hundee | Dhii | 38 | Dippiloomaa | Faarmaasistii | 9 | 17/8/2011 |
| 7 | Zamzam Kadiir | Dhal | 36 | Digirii (BSC) | Mid wife | 7 | 17/8/2011 |
| 8 | Dammituu Waaqumaa | Dhal | 42 | Dippiloomaa | Midwife | 13 | 21/8/2011 |
| 9 | Haannaa Bayyanaa | Dhal | 31 | Dippiloomaa | Clinical nursing | 8 | 21/8/2011 |
| 10 | Karrasaa Taammiruu | Dhii | 40 | Dippiloomaa | Clinical nurse | 12 | 22/8/2011 |

**Maqaa Dhukkubsattoota Qorataaf Karaa afgaaffii ragaa kennan**

| T.L | Maqaa dhukkubsattoota ragaa kannanii | Saala | Umurii | Sadarkaa barnootaa | Ga'ee hojii | Guyyaa afgaaffiin godhame |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Gabayyoo Damuseee | Dhiira | 36 | Kutaa(7) | Qonnaan bulaa | 14/8/2011 |
| 2 | Hayilee Kabbadaa | Dhiira | 29 | ----- | Qonnaan bulaa | 14/8/2011 |
| 3 | Fayisaa Tamasgeen | Dhiira | 38 | Digirii | Barsiisaa | 14/8/2011 |
| 4 | Muzaamiil Abdallaa | Dhiira | 42 | Kutaa (6) | Daldalaa | 15/8/2011 |
| 5 | Mihiratuu Hambisaa | Dhiira | 34 | Kutaa(10) | Konkolaachisaa | 15/8/2011 |
| 6 | Amantii Tasfaayee | Dhiira | 22 | Kutaa(9) | Barataa | 17/8/2011 |
| 7 | Fufaa Caalii | Dhiira | 28 | Digirii | Barsiisaa | 17/8/2011 |
| 8 | Lalisee Beekumaa | dhalaa | 26 | 10+1 | Kellaa fayyaa | 17/8/2011 |
| 9 | Abarrash Tasammaa | dhalaa | 39 | Kutaa (7) | Qonnaan bultuu | 21/8/2011 |
| 10 | Wayituu Amanuu | dhalaa | 29 | Kutaa(6) | Daldaltuu | 21/8/2011 |
| 11 | Gaaddisee Caalaa | dhalaa | 36 | Kutaa (4) | Qonnaan bultuu | 21/8/2011 |
| 12 | Zannabuu Hambaa | dhalaa | 30 | Kutaa(3) | Qunnaan bultuu | 22/8/2011 |
| 13 | Zamzam Idiriis | dhalaa | 32 | Kutaa(8) | Qonnaan bultuu | 22/8/2011 |
| 14 | Dammanii Hayiluu | dhalaa | 25 | Kutaa (10) | Barattuu | 22/8/2011 |

**Waraqaa mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoonkoo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojiikoo ta’uu isaafi kanaanduras yuuniversitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhiyaatiin ta’uusaa, akkasumas wabiilee qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhadhee wabii keessatti kaa’uukoo nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa___________________________________________

Mallattoo________________________________________________

Guyyaa__________________________________________________

Ani Dr.______________________________________________barataan kun hojiin isaa of ittisuuf dhiyaachuu danda’uu isaa mallattookootiin mirkaneesseera.

Maqaa gorsaa______________________________________________

Mallattoo_________________________________________________

Guyyaa____________________________________________________